# MADAALLII DANDEETTII BARREESSUU BARATTOOTAA DHIMMOOTA ADDA ADDAAF: HAALA MANA BARUMSAA SAQQAA SAD.2FFAA LAK.1

QORATAAN: DABALAA MUL’ATAA

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU ITTIIN GUUTTACHUUDHAAF QOPHAA’EE, YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUMMAA, DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTIIF DHIYAATE.

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUMMAATTI DAMEE
BARNOOTA AFAAAN OROMOO FI OGBARRUU
YUUNIVARSIITII JIMMAA

HAGAYYA,2016/2024
JIMMA

# MADAALLII DANDEETTII BARREESSUU BARATTOOTAA DHIMMOOTA ADDA ADDAAF: HAALA MANA BARUMSAA SAQQAA SAD.2[FFAA] LAK.1

QORATAAN: DABALAA MUL'ATAA

GORSAA: CIMDII WAAQUMAA

GORSAA AANTEE : SOOFIYAA USEEN

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU ITTIIN GUUTTACHUUDHAAF QOPHAA'E, YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUMMAATTI,DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTIIF DHIYAATE.

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUMMAATTI DAMEE

BARNOOTA AFAAAN OROMOO FI OGBARRUU

YUUNIVARSIITII JIMMAA

HAGAYYA,2016/2024

JIMMAA

*Yuunivarsiitii Jimmaa*

*Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa*

*Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi ogbarruu ittiin guuttachuuf Dabalaa Mul'ataa, mata*-duree: *Madaallii Dandeettii Barreessuu Barattootaa Dhimmoota Adda Addaaf: Haala mana barumsaa Saqqaa sadarkaa lammaaffaa lak.1 jedhuutin Magaalaa Saqqaa Coqorsaa mana barumsaa Saqqaa sad.2ffaa lak.1keessatti jedhuun hojjetamee Adeemsa Barbaachisu Guutee Dhihaate.*

***Koree Qormaataa***

*Gorsaa* ______________________________ *Mallattoo* _____________ *Guyyaa* ____________

*Gorsaa Aantee* ___________________________ *Mallattoo* ____________ *Guyyaa* _____________

*Qoraa Keessoo* __________________________ *Mallattoo* ____________ *Guyyaa* ____________

*Goraa Alaa* _____________________________ *Mallattoo* ____________ *Guyyaa* ____________

# IBSA

Waraqaan qorannoo kun dhuunfaa kootiin jalqabaa kaasee hanga xumuraatti ulaagaa inni guutuu qabu guutuudhaan hojjedhee kan xumuramee fi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ___________________________

Mallattoo __________________________

Guyyaa _________________________

## Axereeraa

*Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa Madaallii Dandeettii Barreessuu Barattootaa Dhimmoota Adda Addaa kan akka:**xalayaa barreessuu,himata barreessuu,abbaltii, qormaata,hojii manaa,gabaasa** barreessan keessatti haala mana barumsaa Saqqaa Sad.2ffaa Lak.1 barreeffama barattootaa qaaccessuufi hanqinaalee mul'ataniif yaada furmaataa kaa'uudha.Bakki qorannoon kun itti gaggeeffame magaalaa Saqqaa Coqorsaa mana barumsaa Saqqaa Sad.2ffaa lak. 1 keessatti. Galma ga'iinsa qorannoo kanaatiif mala qorannoo makaa (akkamtaafi hammamtaan) adeemsifamee jira.Ragaaleen barbaachisaa ta'an akka madda tokkoffaatti barruulee barattoonni barreessan yoo ta'u,akka madda lammaffaatti immoo barattootaa fi barsiisota mana barumsichaatti Afaan Oromoo baratanii fi barsiisan irraa meeshaalee bargaaffii fi afgaaffii akkasumas, sakatta'a dookumentiitti dhimma ba'uun odeeffannoon funaanameera. Baay'inni barattoota iddattoo fudhatamanii dhiira 35 fi dubara 49 walii galatti,barattoota 84 irraa odeeffannoon funaanameera.Odeeffannoon funaanames,mala qaaccessa ragaalee lakkoofsaafi jechaan qaacceffamanii dhihaatanii jiru.Argannoon qorannoo kanaarraa argame akka mul'isutti, barattoonni baay'een Afaan Oromootiin yemmuu barreessan dogoggorri adda addaa akka uumamaa tureedha. Kunis dogoggora dhamjechaa,jecha qubeessuu, qubguddeessa,ijaarsa himaafi keeyyataa,sirna tuqaalee, filannoo jechootaa, itti fayyadama seerlugaa,yaada maddisiisuu fi yaada qindeessuu irratti rakkoo akkan qaban hubatamee jira.Kanamalees,barsiisonni sirnaan gochaalee garaagaraa shaakalchiisuu dhabuu,duubdeen kennamu ciccitaa ta'uu,kitaabileen wabii dandeettii afaanii dagaagsu mana barumsa keessa dhabamuu. barattoonni seera barreeffamaa afaan tokkoo beekuu dhabuu, hanqina yaaddeebii,fi kkfa'i kan jiru ta'uun isaa hubatameera.Qorannoo kana keessatti rakkoolee barreeffama barattootarratti mul'atan furuuf qabxiileen qoratichaan kaa'aman barattoonni barreeffama irratti shaakala walitti fufaa osoo taasisanii, barsiisonni hordoffii cimaa osoo godhanii,barsiisonni saayinsii barreessuu barattoota haalaan osoo hubachiisanii,barattoota sad.1ffaa barsiisota barnoota Afaan Oromootin leenji'aniin barnoonni Afaan Oromoo osoo kennamee, yaadni sirreeffamaa (feedback)n barattootaf irra deddeebin osoo kennamee,barattoonni waan barreessan sana gulaaluuf fedhii qabaatanii,shaakalliin gilgaalotaa irra deddeebin kennameefi kan jedhan akka furmaataatti kaa'ameera.*

# Galata

Duraan dursee guyyaa har'aafi carraa barnootaa kanaan kan na ga'e Waaqayyo uumaaf galannifi ulfinni hamma bara baraa haa ta'uuf. Itti aansuun qorannoo kana akkan geggeessu kan gorsa ogummaa naaf kennuu qorannoo koo kana jalqabaa kaasee hanga xumuraatti beekumsaafi yeroo isaanii aarsaa gochuudhaan nuffii tokko malee dogoggoraafi hanqina koo natti himuu sirreessa barbaachisu kan naaf gochaa turan gorsaa koo Chimdii Waaqumaatif galanni koo guddaadha. Akkasumas, fiixaan ba'iinsa qorannichaa keessatti gahee guddaa kan qabanii yaadaan na jajjabeessaa tumsa meeshaaleetin illee kan na waliin turan hiriyoota koo hundaaf galanni koo olaanadha.Akkasumas, sagantaa qorannoo kana yemmuun hordofu deeggarsa kan naaf taasisan barsiisota mana barumsaa Saqqaa sad.2ffaa lak.1 hedduun galateeffadha. Dabalataanis,barnoota kana akkan hordofuuf deeggersa yaadaa tumsa barbaachisu kan naaf taasisan Obboleewwan koo Nuureshii Birhaanuu fi Dinqee Mul'ataatif galanni koo hedduudha.

## Gabaajee fi kottoonfachiiftuu

Mataduree kana jalatti jechoota qorataan qorannoo isaa keessatti yaada ittiin ibsachuuf dhimma itti bahe dubbistoota qorannoo kana dubbisaniif kan dhihaate.

- Hub...............................Hubachiisa
- Sad...............................Sadarkaa
- A/O...............................Afaan Oromoo
- MB-------------------------Mana Barumsaa
- Lak.------------------------Lakkoofsa
- Ykn ------------------------Yookiin

# Table of Contents


Axereeraa ........ ii

Galata ........ iii

Gabaajee fi kottoonfachiiftuu ........ iv

BOQONNAA TOKKO : SEENSA ........ 1

1.1 Seenduubee Qarannichaa ........ 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........ 3

1.3 Gaaffilee Qorannoo ........ 5

1.4 Kaayyoo Qorannichaa ........ 5

1.4.2 Kaayyoo Gooree ........ 5

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 6

1.6 Daangaa Qorannichaa ........ 6

1.7 Hanqina Qorannichaa ........ 7

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE ........ 8

2.1 Sakatta'a Barruulee Yaad-Rimee ........ 8

2.1.1 Maalummaa Barreessuu ........ 8

2.1.2 Faayidaa Barreessuu ........ 10

2.1.3 Barreessuun Dandeettii ulfaataa maaliif jedhame? ........ 11

2.1.4 Amaloota Barreeffama Gaarii ........ 13

2.2 Maalummaa Keeyyataa ........ 14

2.2.1 Caasaalee Keeyyataa ........ 14

2. 2. 2 Amaloota Keeyyataa Gaarii ........ 15

2.3 Yaad-Rimee Dogoggora Barreessuu Keessatti ........ 16

2.3.1 Madda Dogoggoraa barreessuu keessatti ........ 17

2.4 Wantoota barreeffama keessatti dogoggoraaf nama saaxilan ........ 17

2.4.1. Hanqina qubeessuu ........ 18

2.4.2. Hanqina Sirna Tuqaalee ........ 19

2.4.3. Hanqina Qubguddeessaa ........ 19

2.4.4. Hir'ina Shaakalaa ........ 20

2.5 Dandeetti Barreessuu Daree keessatti Barsiisuu ........ 20

2.6. Tooftaalee Dandeettii Barreessuu Madaaluuf Gargaaran ........ 21

2.6.1 Mala Barreessuu To'atamaa ........ 21

2.6.2 Mala Barreessuu Qajeelfamaa ........ 22
2.6.3 Mala Barreessuu Bilisaa (Free Writing) ........ 22
2.7 Sadarkaawwan Adeemsa Barreessuu ........ 23
2.7.1 Adeemsa Barreessuu Duraa ........ 24
2.7.2 Adeemsa Yeroo Barreessuu ........ 25
2.7.3 Adeemsa Barreessuu Boodaa ........ 25
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 27
3.1. Akaakuu Qorannichaa ........ 27
3.2. Madda Ragaalee Qorannichaa ........ 27
3. 3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ........ 28
3.4 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu. ........ 30
3.4.1 Sakatta'a Barruulee ........ 30
3.4.2 Bargaaffii ........ 30
3.4.3 Afgaaffii ........ 31
3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 31
BOQONNAA 4: DHIYEESSAA FI QAACCESSA RAGAALEE ........ 32
4.1.Odeeffannoo Waliigalaa Haala Mana Barumsaa Saqqaa Sadarkaa 2ffaa Lak.1 ........ 32
4.2.1 Qaaccessa Dogoggoraa Xalayaalee Barattootan Barreeffamanii. ........ 34
4.2.2 Shaakala Keeyyata Barreessuu ........ 40
4.2.3 Sakatta'a Barruu (Barulee) Barattootaa Iddattoo Fudhatamanii Ilaalchisee ........ 54
4.3. Qaaccessaa fi Ibsa Ragaalee Madda Garaagaraa Irraa Argaman ........ 56
4.3.1 Qaaccessa Bargaaffii Fi Afgaaffii Barattootaa fi Barsiisotaa Irra Funaanaman. ........ 56
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA ........ 79
5.1. Guduunfaa Qorannichaa ........ 79
5.2 Argannoowwan ........ 79
5.3. Yaada Furmaataa ........ 80
Wabiilee ........ 83
Dabalee A ........ 87
Dabalee B ........ 90
Dabalee "C" ........ 90
Dabalee D ........ 93
Dabalee E ........ 94

Gabateewwan ……………………………………………………………...Fuula


Gabatee 1: Qaaccessa Afaan Barnootaa Ittiin Kennamu Ilaalchisee ................................ 56

Gabatee 2: Haala seera Afaan Oromoo beekanii itti fayyadamuun walqabatee................. 57

Gabatee 3: Haala Shaakallii Gilgaalotaa Barattootaaf Kennamuu Ilaalchisee ..................... 58

Gabatee 5: Gosa Qabiyyee Barnoota Afaan Oromoo ilaalchisee......................................... 63

Gabatee 6: Haala fedhii barattootaa Shaakala Gilgaalotaan Walqabatee ............................ 64

Gabatee 8: Barreeffama Adda Addaa Barreessuu Keessatti Dogoggora umaamu Ilaalchi…65

Gabatee 9: Ulfaatina Dandeetti Barreessuu Ilaalchisee ....................................................... 67

Gabatee 10: Shaakala Dandeettii Barreessuu Gonfachuuf Godhamu Ilaalchisee ................ 69

Gabatee 11: Shaakallii Gochoota Garaagaraa Xiyyeeffannoon Shaakalchiisuu Ilaalchisee 70

Gabatee.12: Kitaabilee Wabii Mana Dubbisaa Keessa Jiruun Walqabatee. ........................ 72

Gabatee 13: Haala Ittiin Duubdeebii Barattootaaf Kennamuun Walqabatee ....................... 73

Gabatee 14: Rakkoolee Irra Deddeebin Keeyyata Barreessuu Keessatti Mul’atan............. 74

# BOQONNAA TOKKO : SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qarannichaa

Dandeettiwwan afaanii gurguddoon dhaggeeffachuu,dubbachuu,dubbisuufi barreessuudha. Dubbachuu fi barreessuun karaa ittiin ergaa dabarfataniidha.Kanaaf,barreessuun dandeettiwwan afaanii ta'ee kan walitti dhufeenya cimsuuf ooluudha.Jiruufi jireenya dhala namaa keessatti barreessuun waan barbaadan tokkoof deebii argachuu fi odeeffannoo yookaan beekumsa qaban tokko qaama biraatiif dabarsuuf oola. Akka Geetaachoo, (2008:7) jedhutti"Barreessuun yaada mataa ofii keessa jiru qubeetti gargaaramuun ergaa dabarsuu" akka ta'e ibseera Garuu waliigaltee uumuuf afaanin kan gitu hinjiru.Haa ta'u malee, barreeffamni tokko qindoomina yaadaa yoo qabaate, ergaa dabarsuu barbaade ifa godhee yoo dabarse waliigaltee uumuu irra darbee guddina afaan tokkoo irratti afaanichi afaan dubbii irraa gara barreeffamaatti cehuun afaanichi akka waalta'uufis ta'ee karoora argatuuf murteessaadha (Cohen, 2000:57). Nunan, (1989) barreessuun sirrii ta'e guddina afaanii fi jijjiirama aadaa keessatti fedhii uummanni dubbii afaaniin guuttachuu hindandeenye furuuf akka gargaaru ibsiti. Baddiluu (1996:52) "Barreessuun dandeettiiwwan afaanii kanneen biroo guddisuu nidanda'a." jedha. Akka yaada armaan olii kanatti dandeettiin barreessuu barreeffamni akkuma dhalli namaa afaan isaatti fayyadamee waliigaltee uumuu danda'u, barreeffamnis namoota alaala jiran gidduutti waliigaltee uumuu danda'uu fi dandeettiiwwan biroofis kallattiidhaanis ta‟e alkallattiin tumsa guddaa kan godhu ta‟uu isaa fi afaan hawaasa tokkoo akka guddatu taasisuu keessatti illee,ga'ee olaanaa akka qabu ibsu .Dandeettiin barreessuu odeeffannoo dabarsuuf, waan haaraa tokko hubachiisuuf yookaan amansiisuuf kan gargaarudha.kanaaf,Barattoonni shaakala dandeettii barreessuu yommuu taasisan caasaa jechootaa fi himootaa filachuun yemmuu itti fayyadaman yaada isaanii karaa fooyyessuu danda'uun yemmuu barreessan dandeettii dubbachuu isaanii akka gabbifatan nigargaara.Akkasumas,dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbisuu isaaniis cimsa.

Barreeffamni Afaan Oromoon yoom?eessatti? akkamitti? kan jedhuuf hanga yoonaatti ifa ta'ee taa'uu yoo baateeyyuu hayyoonni garaagaraa yaada garaagaraa kennaa turaniiru. Akka Gragg (1976) jedhutti , Afaan Oromoo qubeewwan adda addaatiin barreeffamaa akka ture, dubbata. Onesmos Nasiibii fi Aster Gannoo kitaabolee adda addaa qubee Saabaatiin barreeffaman gara Afaan Oromootti kan hiikanii fi ofiifis barreessanii maxxansiisaa turaniiru.

Gadaa Malbaa,(1988:16). namoota biyya alaa Oromiyaa daawataniin wanti hedduun waa’een Afaan Oromoo kan barreeffame keessattuu misiyoononni Awrooppaa hojii baay’ee Arfii Roomaa, Saabaafi kan Arabaa fayyadamuudhaan Afaan Oromoo kan barreessan yoo ta’u, meeshaaleen maxxanfaman kitaaba qulqulluu dabalatee faaruu amantaa fi miti-amantaa, galmee jechootaa, mammaaksa, walaloo, kitaabilee mana barumsaa, seer-lugafi k.kf akka ta’an ni addeessa.Haaluma kanaan turataa as ga’uun Afaan Oromoo afaan barnootaa, afaan hojii, afaan qorannoofi qo’annoo fi afaan wal quunnammtii ammayyaa ta’aa dhufeera.
Hayyuun Hedge,(1988).Namoonni wanti barreessaniif waan itti dhaga’ame, ilaalcha,amantii,fi kkf.ibsachuuf barreeffamatti dhimma bahu.

Akka Wasanee ,(1996:61). jedhutti, “adeemsa afaan barachuu keessatti dandeettiin barreessuu isa tokkoo fi kan bakka guddaa qabuudha.”Akkasumas, dandeettiin barreessuu sadarkaa kamirratti akka argamu, Mercer,N.(1988:171).yoo ibsu,“barattoonni afaan dhalootaa isaaniitiin erga dhaggeeffatanii, dubbatanii, dubbisanii booda barreessuu danda’u.”jedha.Yaada kanarraa wanti hubatamu namni afaanuma afaan ittiin hiikkateyyuu kan inni ittiin barreessuu danda’u dandeettiiwwan afaanii keessaa dhumarratti akka ta’eedha.Afaan barsiisuu keessatti barreessuun kan barsiifamuuf, Ur, (1991) yoo ibsitu, barattoonni ga’uumsaa fi ogummaa afaan ittiin barataa jiran sanaan barreessuu danda'uu argatanii akka barreessaniif.Barreessuun barattoonni akka qaama barreeffamaa hiika qabuufi gammachiisaa ta’e tokko barreessan carraa kennaaf Hedge, (1988). Barreessuun akka afaan shaakalamu kan godhuufi barattoonni walitti dhufeenya akka cimsatan kan taasisuudha. Raimes,A. (1983); McDonough &Shaw,(1993). Akka Byrne, (1980) kaasanitti, barreessuun fudhatama kan argateef addunyaan kun harki caalu karaa barreefamaa waan walarguu fi waanti barreeffame qabatamaan nama harka turuu waan danda'uuf kan dhaggeeffatame caalaa faayidaa qabeessadha.

Kanaafuu,jechoota sirnaan qubeessuu fi fayyadama yaadaa eeguun dandeettii barreessuu barreessaa tokko irraa eegamuudha.Kanaafuu,qorannoon kunis dandeettii barreessuu barattootaa dhimmoota adda addaa irratti xiyyeeffachuun madaallii gaggeessuun hanqina adda bahe irratti yaada furmaataa kaa’uuf gaggeeffame.

Barreessuun Barnoonni ammayyaa osoo hin eegaliin duras,namoonni karaalee barreeffamoota garaagaraa bakka adda addaa jiraataa turan kan walqunnamaa turan karaa barreeffamaa kan akka:xalayaa fa'iin ture. Xalayaan immoo bu’aa barreeffamaa waan ta’eef namoonnis yeroo


qaamaa fi sagaleedhaan walarguu hindadeenye sanattis karaa barreeffamaa hawwii,gadda fi gammachuu isaanii walii ibsaa turaniiru.

Egaa barreessuun meeshaa ta'ee karaa ittiin namoonni yaada isaanii ittiin ibsatan keessaa isa tokko ta'uu isaa nu hubachiisa. Kanaaf, barattoonni mana barumsichaa barreeffama dhimmoota adda addaaf: (xalayaa, iyyata,qormaata,abbaltii…) akka barreessan taasisuun ga'umsa isaanii madaaluun ture.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Afaan guddifachuu keessatti ogummaaleen afaanii keessattuu dandeettiin barreessuu isa murteessadha. Kanaaf, dandeettiin barreessuu dhaloota Afaan Oromoo fayyadamurrattis ta'ee,guddina afaan tokkoo irratti afaanichi akka waalta'uu fi karoora akka argatu taasisuuf ogummaan barreessuu shoora olaanaa qaba. Haaluma kanaan, qorannoon kunis mata duree Madaallii Dandeettii Barreessuu Barattootaa Dhimmoota Adda Addaaf:Haala Mana Barumsaa Saqqaa Sad.2ffaa lak.1 keessatti kan jedhu irratti gaggeeffame. Wantoonni mataduree kana irratti akka xiyyeeffatu isa taasisan keessa inni ijoon barattoonni baay'een isanii rakkoo dandeettii barreessuu waan qabaniif, akka sababa tokkootti ilaaluun akkasumas, muuxannoo qorataa,qorannoo kanaa yeroo barattoonni dandeettii barreessuu dhimmoota adda addaa shaakalan hanqina ga'uumsa barreessuu akka qaban hubachuun danda'ameera.

Xalayichis kanaa gadiitti qabsiifamee waan jiruuf rakkoolee jiran ilaaluun ni danda'ama.



Guyyaa 08/09/016

Xalayaa Hiriyaa

Akkam sirrtai jechaa nagaa kotin egalaa
nagaa kooti dansuun torban darbe dhufen ture
garuu, si arguu hin dandenyee sii f, bilbiluu filee
lakkofsa bilbilaa ke argachuu hin dandenye
Kanaafuu, dhima cimaf, ulanan si barbaadeef,
daftee hatattaman akka na qafabdu dhaamsaa
koo si biraan gaqiuun barbada.

Nagaa Ulassin

Dureessaa Lammii irraa

Qu=- Qubeessuu
St=- Sirna tuqaalee
Qg= Qubqudeessa

Fakkii:1.

Xalayaan armaan olii kun akka ka'umsa qorannoo kanaa ta'ee fudhatame. Barreeffama kana keessatti rakkoo  hedduun ni mul'ata. Isaan keessaa, qubeessuu, qubguddeessa, sirna tuqaalee, caaseffama himaa, qindoominaa himaa, walqabannaa himootaa,akkasumas, ulaagaa  xalayaa tokkoo  eegee qulqullina  gahumsa barreeffamaa kan guute miti.

Akkaataan barreeffama adda addaa barreessanii ergaa ittin darbaa jiru hanqinaalee qindoominaa qubeessuu, itti fayyadama jechootaa, qubguddeessaa, sirna tuqaalee, qindoomina walsimannaa yaadaa waan qabuuf. Kanaaf, barattoonni sadarkaa kam keessa jiran rakkoo dandeettii barreessuu kana keessatti kufanii waan jiranii fi barattoonni mana barumsaa Saqqaa sad.2ffaa lak.tokkos rakkoo kana keessaa isa tokko waan ta'aniif, qaamonni dhimmi kun  ilaalu rakkoowwan barattoota irratti hidda gadfageeffate kana karaa danda'ameen fala  barbaaduun barbaachisaa ta'ee waan argameef. Hayyuun Cohen, (2000).yoo ibsu "Seera barreeffamaa eeguun barruulee adda addaa afaanichaan barreessuuf, ogummaan barreessuu namoota afaanicha fayyadamanii rakkoo barreessuu irraa bilisa ta'uu qabu" jechuun waa'ee dandeettii barreessuu lafa kaa'a.Kanaafuu,qorataan qorannoo kanaas, barattoonni afaanuma kanatti afaan hiikkatanii barnoota sadarkaa tokkoffaa kutaa tokkoo hanga kutaa saddeetiitti ittiin barachaa dhufanii

sadarkaa lammaffaattis rakkoo kanaan danqamuun Afaan Oromootiin barreessuu dadhabuu isaanii kana akka rakkoo cimaatti fudhachuun qorataan akka qoratu isa taasiseera.

Rakkoon kunis dandeettii barreessuu barreeffama seera Afaanii karaa eegeen itti fayyadamuuf qubee, birsagaa, dhamjechaa, gaalee, himaafi keeyyanni barreeffama dhimmoota adda addaa keessatti barreeffamu akkaataa dhaggeeffataan yookaan dubbisaan itti hubachuu danda'uun qindoominaafi waltina Afaanichi barbaaduu kan guutee barraa'e miti. Barreeffamni tokko seera Afaanii eegee barreessuun ergaa ifa ta'e dabarsuufis ta'ee, guddina afaaniitiif gahee guddaa qaba. Hojii hojjatamu akkaataafi wanta darbuu barbaadame qulqullinaan dabarsuuf haalli itti fayyadama afaanii barreeffamaan qopha'u kamiifuu barbaachisaadha. Kanaafuu, qorataan qorannoo kanaa gaaffilee bu'uuraa armaan gadii kana deebisuuf carraaqqii taasiseera.

## 1.3 Gaaffilee Qorannichaa

- Ga'umsi dandeettii barreessuu barattoota Afaan Oromoo mana barumsaa Saqqaa sadarkaa 2ffaa qaban maal fakkaata?
- Barreeffama ga'umsa qabu barreessuu irratti hanqinni barattoota irratti mul'atu maal fa'i?
- Barattoonni rakkoo dandeettii barreessuu qaban keessaa bahuuf hagam carraaqqii taasisu?

## 1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon Gooroo qorannoo kanaa, Madaallii Dandeettii Barreessuu Barattootaa Dhimmoota Adda Addaa mana barumsaa Saqqaa sadarkaa lammaaffaa Afaan Oromoo barreessuurratti qaban adda baasuun ibsuu fi furmaata kaa'uu.

### 1.4.2 Kaayyoo Gooree

- Ga'umsi Dandeettii barreessuu dhimmoota adda addaa barattoota Afaan Oromoo mana barumsaa Saqqaa sadarkaa 2ffaa qaban adda baasuu.
- Barreeffama ga'umsa qabu barreessuu irratti hanqinni barattoota irratti mul'atu maal akka ta'e adda baasuun eeruu.
- Madda rakkoo dandeettii barreessuu barattoota kanaa adda baasuun agarsiisuu.
- Kallattii dandeettii barreessuu barattootaa cimsuu danda'u mala dhahuu

## 1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko haala barbaadameen itti yaadamee gaggeeffameera taanaan qaamolee dhimmichi ilaallatu hundaaf bu'a qabeessa ta'uu danda'a.Barbaachisummaan isaas keessumatti barattoota Afaan Oromootiin barataniif akkasumas , barsiisota Afaan Oromootiin barsiisan addatti gargaaruu dandaa'a.Kanaaf, mata-dureen kunis,Madaallii Dandeettii Barreessuu Barattootaa Dhimmoota Adda Addaaf: Haala mana barumsaa irratti waan xiyyeeffatuuf barattootni Afaan Oromootiin baratan hanqina ga'umsa dandeettii barreessuu guddaa waan qabaniif jecha,kunneenis rakkoolee armaan oliitti ka'e kanarraa adda waan hin taaneef qorataan muuxannoo isaa irraa ka'uun dandeettii barreessuu barattootaa irraa ka'uun qorannoo kana akka gaggeessu kan isa kakaasan keessaa isa tokko.Walumaa-galatti barattoonni dandeetti barreessuu sadarkaa isaanitiin wal madaalu guutanii waan hin argamneef akkasumas, dandeettii barreessuu barreeffamaan ergaa dabarfachuu dadhabuun isaanii rakkoo ulfaataa ta'e waan qabaniif jecha xiyyeeffannoo itti kennuun dandeettii barreessuu isaanii kana madaaluun, barreeffama isaanii qaacceessuun furmaata barbaachisu eeruudhaan kallattii furmaataa kaa'uuf adeemsa qorannoo kanaa keessatti qorataan kun gaaffilee armaan gadii kana deebisuuf carraaqqii taasiseera.

## 1.6 Daangaa Qorannichaa

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa dandeettii barreessuu irratti. Kunis hanqina dandeettii barreessuu bal'inaan barattootarratti kan mul'atu ta'uun isaa beekamaadha. Sababni isaas barreessuun dandeettii baay'ee walxaxaafi ulfaataa waan ta'eef jechuudha.Qorannoon kun sababoota garaagaraa irraa kan ka'e mata duree fi bakkaan kan daangeffameedha.Qorannoon kun kan adeemsifamu bulchiinsa magaalaa Saqqaa Coqorsaa mana barumsaa Saqqaa sadarkaa lammaffaa lak.1 keessatti. Qorataan kuni rakkoo barattoonni mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Saqqaa Afaan Oromootiin barreessuurratti qaban, madda rakkoo kanaa fi miidhaa rakkoon kuni fidu adda baasuun furmaata rakkoo kanaa kaa'uu irratti xiyyeeffata. Kunis, barattootni yeroo barreeffama garaagaraa barreessan fakkeenyaaf, xalayaalee,iyyata,gilgaalota adda addaa shaakalan hanqina dandeettii barreessuu qabaachuun isaanii waan hin oolleef qorannoon kun akka gaggeeffamu ta'ee waan mul'ateef.

## 1.7 Hanqina Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuu keessaatti hanqinni yookiin sodaan wahii mul'achuu mala.Haata'u malee rakkoo dandeettiin barreessuu barattoonni barreeffama dhimmoota adda daddaa irratti qaban kan mana barumsaa tokko qofa irratti qorannoo gochuun furmaata waaraa kennuu hinta'u.Sababni isaa dandeettii waan ta'eef, dandeettii kana madaaluuf osoo manneen barnootaa aanaa tokko keessatti argamanii fi sadarkaa kutaalee gadii waliin kan walqabatu ta'ee gaarii ture.Kanaafuu, qoratichi human qabu irratti hundaa'uun qorannicha hanga qorate sana bu'a qabeessa taasisuuf mana barumsa sadarkaa lammaaffaa Saqqaa lak.1 qofarratti kan daanga'eedha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUULEE

## 2.1 Sakatta’a Barruulee Yaad-Rimee

Dhimma Mataduree tokko irraatti hundoofnee barruu tokkoo sakatta’uun yaada hayyoota garaagaraa fi barreeffamoota adda addaa wabeeffachuun akkasumas d ubbisuudhaan xiinxaluu hubannoo cimsachuu, madaaluu, ibsuu babal’isuun mata-durichaaf deebii kennuu ta'a.Akka hayyuun Chris, (1998:1) ibsutti: Sakatta’a barruulee jechuun waa’ee mataduree qorannoo tokkoo irratti beekumsaafi yaadoliin duraan jiran ciminaafi dadhabina barreeffama ykn qorannoo kanaa maal akka jedhan kan dubbistoota qorannoo ykn barreeffama kanaa biraan itti gahan jechuudha.Sakatta’a barruulee gurmaa’ina ifa ta’e kan xiyyeeffannoo qorannoo tokkootiif deebii kennuudha. Kana jechuun sakatta’a barruulee akkanumaan ibsa tuuta cuunfaalee garagaraa tarreessuu qofa osoo hin ta’in haala qorannoo keetiitiin kan walqabate beektonni adda addaa madaallii isaan qopheessanii dhiyeessan kan itti cuunfanii dhiyeessanidha.Haaluma kanaan sakatta’a barruulee kan agarsiisu: Seenaa keessatti bakka matadureen qorannoo keetii qabu, maddoota garagaraa irraa yaada ijoo qorannoo keetii addaan akka baafattu, akkaataa adeemsa qorannoowwan duraan jiranii irratti hundooftee fedhii kee akka hundeeffattu, sababa qorannoo keetii addaan baafachuuf asiin dura maaltu akka hojjatame addaan baafachuu akka dandeettu ifatti agarsiisa jechuudhaan kaa’a.Yaada waraabame kana irraa wanti hubannu sakatta’a barruulee jechuun daandii qorannoon tokko itti adeemsifamu waan ta’eef qorannoo tokkoof bu’uura ta’uu isaati.Mata-dureen kun maalummaa barreessuu, faayidaa barreessuu fi waantoota barreeffamni tokko ofkeessatti qabachuu qabu qabxiilee muraasa haa ilaalu.

### 2.1.1 Maalummaa Barreessuu

Maalummaa barreessuu ilaalchisee hayyoonni garaagaraa yeroo adda addaatti karaa garaagaraatiin ibsuu yaalaniiru.Maalummaa barreessuu ilaalchisee Ibrahim (2015:40) yummuu ibsu, “Writing is one of the main language skills. It plays a major roles in expressing ones ideas thoughts, opinions, and attitudes.Through writing, people are capable of sharing ideas, feelings, persuading and convincing others.”Jechuudhaan kaa’a.yaada kanarraa wanti hubannu barreessuu jechuun dandeettiiwwan afaanii ijoo ta’an keessaa tokko ta’ee kan namoonni yaada isaanii ittiin wal jijjiiranii fi kan hubannoo, fedhii fi miira isaanii ittiin walii ibsan akkasumas ittiin yaada isaanii wal amansiisan ta’uu isaati.Yaada armaan olii kanatti dabaluun Leki.(1989:1)maalummaa

barreessuu yommuu kaa’u,“barreessuun dandeettiiwwan afaanii jechuun dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu keessaa isa tokko ta’ee karaa ykn tooftaa dhalli namaa yaada ittiin wal jijjiiru ta’uu isaa” ibsa.Akka Moffett (1976:61) jedhutti maalummaa barreessuu akka armaan gadiitti hiika. “Wixineessuu (Crafting)- jechootaafi himoota qindeessuun gara hiika qabeessaatti fiduu, Barreeffama harkaa /hand writing/ jechoota filatamoo waraqaarra kaa’uu. Yaadannoo qabachuu/taking dictation/- jechoota ofii keenyaan fayyadamuudhaan qabsiisa barreessuuf dhiheessuu (authoring)- waan nutti dhaga’ame hawaasaaf dhiheessuu dha” jedha.Akka yaadolee beektonni armaan olii eeran irraa hubachuun danda’amutti barreessuun dandiittiwwan afaanii keessaa isa tokko ta’ee,karaa ittiin yaada ilaalcha,fedhii,hawwii keessoo keenyaa keessa jiru mallattoolee sirnaan walfaana buufnee tarreessuun waliigalteef itti fayyadamnuu fi barreeffamichas. dubbisaa keenya biraan geenyudha .

Barreessuun adeemsa afaanii karaa namni tokko ergaan isaa akka darbu barbaadame jechootaan ijaaree itti ibsuudha. Michael, 2002, p. 30. Akka yaada nama kanatti barreessuun hojii sammuu karaa barreessaan al tokkotti wantoota hedduu to’achuun argisiisudha.

Itti dabaluun Kutmeye,(1976). Waa’ee barreessuu yommuu ibsu, yeroo tokko tokko barattoonni hedduun barreessuu jechuun waraqaa duuwwaa irratti qubeewwan akka bocuutti fudhatu.Barreessuun garuu akkas osoo hin ta’in dandeettiiwwan afaanii jechuun dhaggeeffachuu, dubbachuu, barreessuu fi dubbisuu keessaa isa tokkodha. Barreessuun yeroo tokko tokko hojii barreessuu (Composing) kan dandeettii gaafatuu fi kan yaada qindeessuun, jechaan, himaa fi barreeffamoota babal’aan kaa’u jedhama jechuudhaan ibsa. Yaada kana irraa wanti hubannu, barreessuun adeemsa qubee akka barbaadameetti bocuu osoo hin taane hojii cimaa dandeettii gaafatu kan qindaa’ina yaada jechootaan qindaa’ee akkaataa ergaa dabarsuun taa’uu isaati.Namni tokko dandeettii barreessuu argachuu yookiin gonfachuu kan inni danda’uu yoo shaakala cimaa taasise qofaa akka ta’e ibsa. (Elbow 2000:39). Dandeettiin barreessuu dandeettiiwwan afaanii isaan biroof bu’uuradha.Kanaafuu, dandeettii bu’uura ta’e kana argachuuf shaakala cimaa taasisan malee dandeettii barreessuu guddifachuun hin akka hin danda’amneedha .

## 2.1.2 Faayidaa Barreessuu

Barreessuun daandii walqunnamtii ilmaan namaa ta'ee, jiruufi jireenya dhala namaa keessatti bu'aa guddaa qaba.Barreessuun seenaa yeroo darbee tokko tursiisuuf, dhugaa addunyaa kana keessa jiruu ittiin baasanii mul'isuuf faayidaa olaanaa qaba.Faayidaa barreessuu ilaalchisee Misgaanuu, (2011) yommuu ibsu, faayidaan barreessuu inni guddaan dubbistootaaf ergaa barbaadame ittiin dabarfachuudha.Barreessuun sammuu barattootaa qoruu qofa osoo hin ta'in barattoonni dandeettiiwwan afaanii kanneen birootii fi caaseffama afaanii fi hiika jechoota haaraa akka hubatan gargaara jechuudhaan kaa'a.Yaada kanarraa wanti hubannu, barreessuun dhaamsa (ergaa) ittiin walii dabarsuuf gargaara Akkasumas, baruu barsiisuu keessattis barattootaaf dhimma baay'ee murteessaa ta'eedha.Barreessuun karaa itti odeeffannoon haarawaafi beekumsi waa'ee gosa barnoota biroollee ittiin argamudha Glencoe, (1996:15).Haaluma kanaan, Sesnan, (1997).Waa'ee faaydaa barreessuu yommuu ibsu, Faayidaan barreessuu qo'annoo fi qorannoo hojiilee hawaasummaa fi dinagdee irratti gaggeeffamaniif odeeffanoo karaalee gabatee, taattoofi kaartaatiin galmeessanii ragaalee ittiin funaanuuf,akkasumas gabaasa qorannoo ykn qo'annoo ittiin qindeessuu fi dhiyeessuuf gargaara.

Karaa biraatiin barattoonni adeemsa barachuu keessatti ragaalee barbaachsaa ta'an karaa lakkoofsaatiinis ta'ee karaa jechaatiin ykn fakkiitiin galmeessanii kaa'achuuf gargaara Jechuudhaan kaa'a.Akka yaada hayyuu kanaatti barreessuun hojiilee qorannoo fi qo'annoo keessatti adeemsaa fi bu'aa qorannoo tokkoo ittiin qindeessuu, ragaalee itttiin funaanuu fi gabaasa ittiin dhiyeessuuf, odeeffannoo yeroo tokko ture yeroo biraatiif ittiin galmeessanii tursiisuuf, adeemsa hojii baruu-barsiisuu keessaatti odeeffannoo haarawaa tokko ittiin tursiisuuf,yaada tokko babal'isanii ittiin ibsuuf, sababaa fi bu'aa waan tokko ittiin ibsuuf odeefannoo tokko ittiin xiinxaluuf kan gargaaru ta'uu isaati.

Gama barnoota idilee keessaatti faayidaa barreessuu ilaalchisee Byren,(1988:6) yommuu ibsu, "barreessuun barsiisonni malleen ittiin barsiisan ittiin qopheessuuf gargaara. Gama biraatiin barattoonni afaan keessatti ragaalee adda addaa kanneen qabatamaa ta'an galmeeffatanii ittiin qabachuuf tajaajila. Barreessuun barattoonni daree tokko keessatti dandeettii adda addaa qaban hubannoo wal fakkaataa akka horatan godhuuf gargaara", jechuudhaan kaa'a.

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubannu, barreessuun daree barnootaa keessatti barsiisaas ta'ee barattootaaf faayidaa guddaa akka laatu nu hubachiisa.

Akka waliigalaatti barreessuun qindoomina mallattoolee akka qubee fi sirna tuqaalee ta‟ee namoota yoomessa adda addaa keessa jiraatan yaadaan kan wal quunnamsiisuudha.Barreessuun seenaawwan darban ta'ee, kan gara fuulduraas itti fufiinsaan kan daddarbuu danda'u waan barreefamee taa'eefi. Barreessuun faayidaalee heddu qabu keessaa kanneen akka:Adeemsa baruu barsiisuu ittiin geggeessuuf, qo'annaafi qorannoo ittiin qindeessuu fi dhiheessuuf,odeeffaannoo ittiin funaanuuf,Asoosamaa walaloo fi diraamaa uummanni aadaa seenaa eenyummaa fi duudhaa isaa ittiin baasee mul'isuuf, Akkasumas qormaata barreessuu gabaasa ittiin dhiheessuuf fi ergaa barbaadame tokko dubbisaa keenya biraan ga'uuf gahee olaanaa qaba.

### 2.1.3 Barreessuun Dandeettii ulfaataa maaliif jedhame?

Dandeettiin barreessuu dandeettiiwwan afaanii afran keessaa dandeettii xaxamaafi rakkisaa ta'uu isaa hayyoonni gargaraa yeroo garaagaraatti ibsuu yaalaniiru. White, (1991:10). akka ibsiteti ogummaan barreessuu afaan dhalootatiinis ta'ee afaan 2ffaa yeroo baratamu xiyyeeffannoo guddaa kennamuufii akka qabu heera. Barattoonni afaan dhalootaa isaanitiin dubbachuu dhimma yoo itti bahaniiyyuu yeroo barreesuu shaakalan rakkina kan isaan mudatu ta'uu isaa fi afaan dhalootatiin barreessuun akkuma afaan 2ffatiin barreessuu rakkoolee walfaakkaataniif kan nama saaxilu ta'uu ibsa.Kanaaf,dandeettii barreessuuf barattoonni marti xiyyeeffannoo itti kennuu qabu.

Akka yaada hayyuu Argon, et.al. (2013) kaa'eetti waa'ee rakkisaa ta'uu dandeettii barreessuu qabxiile armaan gadii kanneen tarreessuudhaan yommuu ibsan, Dandeettiiwwan afaanii keessaa tokko kan ta'e barreessuun dandeettii rakkisaadha kan jedhameef rakkoolee armaan gadii keessaa tokko ykn sanaa ol waan qabuufidha. Isaanis: Rakkoolee hanqina barreeffama harkaa ykn barreeffama hin dubbifamnee jedhaman kanneen akka: barreeffama waraqaarratti sarara hin hordofne, barreeffama baay'ee xiqqaatu ykn baay'ee guddatu, barreeffama baay'ee haphatu ykn baay'ee gurraachatu, haala qubeessuu sirrii hin ta'in, barreeffama hin mul'anne, qubeewwaniifi lakkoofsi ittin barreesan boodatti hafaa ta'uu, qubee gurguddaa fi xixiqqaa haala hin barbaachifneen walkeessa makanii barreessuu fi kkf fa'i.Rakkoolee hanqina dandeettii qubeessuu kanneen jedhaman immoo: birsaga sirii ta'een barreessuu dhabuu, ragaa walfakkaataa

jechoota garagaraatiin barreessuu, qubeewwan waljala dabarsuun qubeessuu fi kkf. Rakkina hojii xumuramee maxxansame fuula maxxansaa irraa garagalchuu kanneen jedhaman: rakkoo gabatee irraa garagalchuu, rakkoo  kitaaba ykn maxxansaalee adda addaa iraa garagalchuu, rakkoo unkaalee guutuu, rakkoo bakka duwwaa waraqaa irratti guutanii xumuruu fi kkf fa'i.

Rakkoolee waan haasaan dhiyeessan irraa yaadannoo qabachuu kanneen jedhaman: rakkoo hojmaneefi abbaltii sirriitti barreessuu dhabuu, rakkoo ibsa kennamurraa barreeffamaan qabxiilee ijoo waraqaarratti qabachuu, rakkoo yaadannoo qabachuu keessatti odeeffannoo barbaachisaa ta‟eefi odeeffannoo walitti dhufeeny hin qabne addaan baafachuu dadhabuu, lakkoofsota/ jechoota/ qaamota himaa waljala darban ykn hin barbaachifneen yaadannoo qabachuu fi kkf  fa'i.

Rakkoo qabaachuu seerlugaa, xiinhimaafi gurmaa'ina isaanii ilaalchisee rakkooleen mul'atan: rakkoolee ijaarsa himaa keessatti mul'an, Fkn: hanqina sirna tuqaalee fi qub-guddeessaa, rakkoolee itti fufiinsa caasaa himaa keessati mul'atan,Fkn:xumuramuu dhabuu himootaafi sirrii ta'uu dhabuu xiinhimaa, sirrii ta'uu dhabuu ijaarsa keeyyataa (fkn rakkoo caassaa hima ijoofi himoota gargaartuu) fi kkf barreeffama keessaatti mul'achuu danda'an waan ta'eef barreeffamni dandeettii rakkisaa jedhama."Jechuudhaan kaa'u.Yaada hayyuu armaan olitti tarreeffame kanarraa wanti hubannu, barreessuun mataan isaa dandeettii ogummaa cimaa gaafatu waan ta'eef,ergaa bareeffamaan darbu tokko keessaatti rakkooleen hedduun nu qunnamuu waan danda'aniif yeroo barreessinu of eeggannoo guddaa gochuu akka qabnu nu hubachiisa. Yaada kana deeggaruun Byrne,(1988). waa'ee rakkisaa ta'uu dandeettii barreessuu yommuu ibsitu, barreeffama keessatti sababoota adda addaa irraa kan ka'e rakkooleen garaagaraa uumamuu danda'u. Sababoota kanniin keessaa tokko haala xaxamaa uumama dandeettii barreessuu mataa isaati.Namoota afaan tokkoffaas ta'ee afaan lammaffaatti gargaaramanii barreessaniif sababoonni barreeffama ulfaataafi xaxamaa itti taasisan kanneen akka xiinsammuu, xiinqooqaafi sammuu fa'a, jechuudhaan yaada ishee lafa keessi.Yaanni Bayrne kun kan nu hubachiisu dandeettii barreessuu wanti xaxamaafi ulfaataa taasise keessaa amala uumamaa mataa isaatii.

Kanarratti hayyuun Norrish,J.(1983:63) akkas jedha,"Dandeettiin Barreessuu barataadhuma afaan sanatti dhalatettiyyuu ni ulfaata. Akkasumas baay'een isaanii afaanicha osoo hin gabbifatiin hafu, kun immoo sababa dandeettiin barreessuu uumamaan ulfaataa ta'eef dogoggoraaf baay'ee saaxilamaadha.Barreessuun yeroo barrattoonni akka waa barreessaniif ajajaman sirriitti akka qindeeffataniif barsiisan deeggeruu qaba.

Yommuu barreessinu dhuunfaadhaan waan barreesinuuf dogoggora uumuu dandeenya. Shaakala barreeffama barattootaa keessatti hanqinni baay'een hojii isaanii keessatti yommuu mul'atu ni argama.Fakkeenyaaf: qindoomina dhabuu himaa rakkoo jechoota sirriitti qubeessuu seerluga sirrii ta'e fayyadamuu dhabuutu,mul'ata, Egaa Hima sirrii fi qindaa'aa ta‟een keeyyata barreessuu dandeenyan dandeettii barreessuu haalan gonfachuun ni danda'ama.

## 2.1.4 Amaloota Barreeffama Gaarii

Barreeffamni gaariin tokko ijaaramni himoota barreeffama sanaa dhimma ka'eef sana gabbisee dubbisaa kan hawwatuu fi ergaa guutuu baatee kan deemu yoo ta'eedha. Barreeffamni keeyyata tokkoo gaarii ta'uu kan danda'u qabxiiwwaan inni of keessaatti qabatu kanneen akka:-hima ijoo,himoota gargaartuu fi hima goolabaa ta'ee fi ga'umsa ergaa tokkoo yoo qabaatedha. Akkasumas,seerluga sirriin barreeffamuu,seeraan qubeeffamuu, sirna tuqaalee sirnaan fayyadamuu himoonni seeraan qindaa'uu fi kkf yoo barreeffamee dha. Little.(1991) yaaduma olitti kaafame deeggaruudhaan yommuu ibsu: Amaloonni barreeffama gaarii dubbistoota isaa adda baafachuun barreeffama. Kaayyoon ykn dhaamsi barreeffamichaa kan dubbistootaan wal simu, qulqullina isaa mirkaneeffachuuf Seerluga afaanichaatii fi akkaataa gaarii ta'etti fayyadamuu, caasaa himaa bal'aa ta'etti fayyadamuu, barreeffama qindeessuun tartiiba sirrii ta'een yaada wal qabsiisuu fi keeyyata sirrii ta'etti fayyadamuu, hiika sirriitti ifa gochuuf sirna tuqaaleetti fayyadamuu, hiika sirrii ta'etti fayyadamuu, sirriitti qubeessuufi tarsiimoo bal'aatti fayyadamuun amaloota barreeffama gaarii qabuuti jechuudhaan.

Akka Whroter, (1975:5-7). jedhutti, barreeffamni gaariin qabxiilee armaan gadii of keessaa qaba. Barreeffamni gaariin yaaduudhaan kan argamuudha; jijjiiramaan kan argamuudha; kan yaada ifa ta'e ibsu;kan dubbistoota isaa giddu galeessa godhatu; kan kaayyoo isaa galmaan ga'uudha.Barreessaan dhimmoota dubbisaa ilaallatan sammuutti qabachuu qaba. Fakkeenyaaf, barruun tokko ammam idilee ta'uu akka qabu yaadaa barreessuu, jechoonni akkamii filatamuu akka qaban beekuu, baay'innii fi gadi fageenyi yaadolee ammam dubbisaa akka madaalan xiinxaluu, akkasumas, gosa fakkeenya fudhatamaniifi baay'ina ragaalee filatamanii sirriitti ilaaluutu irraa eegama.Keeyyanni kana malees, haala ittiin beekamuu fi fudhatama guutuu qaban nijiru isaanis akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

## 2.2 Maalummaa Keeyyataa

Ergaa barreeffama tokkoo keessatti qabxiin guddaan ilaalamuu qabu keessaa tokko keeyyata.Hayyoonni yaada keeyyataan walqabatu irratti yaada adda addaa walfakkaatu laatu. Rabbirraa Tarrafaa, (2012:142) maalummaa keeyyataa yoo ibsu "Keeyyanni haala seera qabeessa ta'een walitti qindaa'uu himootaan kan ijaaramu ta'ee,yaada tokko ykn.ergaa tokko kan dabarsuudha"jedha.Haaluma kanaan Geetaachoo, (2008:119). yoo yaada isaa ibsu immoo "keeyyatni walitti qindomina himootaa ta'ee yaada handhuuraa tokko kan dabarsuudha"Jedha.Namoota kanneen keessaa Yohaannis, (1966:277). "keeyyatni tuuta himoota irraa kan ijaarame ta'ee waa'ee dhimma ijoo tokko qofaa kan dubbatu, ibsu, addeessu, amansiisuuf yaalu, seenessu ta'eedha." jedha. Dhaamsi kitaabaas ta'e kan barreefamaa kana irra adda hinta'u.Yaada haayyota kanaa irraa wanti nuti hubannu keeyyanni qindoomina himootaa ta'ee,ergaa dhaamsa tokko kan dabarsuudha. Akkasumaas, barreeffama tokkoof bu'uura ta'uu isaati.

### 2.2.1 Caasaalee Keeyyataa

Akka Geetachoo,(2008:119) jedhutti, caasaalee keeyyataa tajaajila kennan irratti hunda'uun bakkaa sadiitti qooda. Isaanis: Hima ijoo: keeyyata tokko keessatti yaada keeyyatichaa guutummaatti dimshaashaan yaada handhuuraa kan qabatee dha.Yaada kana irraa wantinuti hubannuu himni ijoon haala sirriin bakka galuu qabutti yoo galchine ergaan keenya hin danqamu.Yaaduma kanaan kan walqabatu keeyyata keessatti hima ijoo bakka afuritti (4) qooduun bifa salphaa ta'een dubbisaa barreeffama keenya hubachiisuu dandeenya. Kanas akka armaan gadiitti teessisuun akka danda'amu hayyootni akka Geetaachoo, (2008); Yohannis, (1966)fi Darajjee,(1996) ka'aaniiru.Keeyyata keessaatti himni ijoo jalqaba keeyyataa, dhuma keeyyataa, gidduu keeyyataa, jalqabaa fi dhuma keeyyataatti argamuu danda'a.Himoota calla-Himni callaan yaada dimshaashaan hima ijoo keessa taa'ee fakkeenya, hiika, yaalii,gaaffiifi deebiifi kkf. kennuudhaan akkasumas addeessuudhaan baballisee kan kaa'uu dha.Hima goolabaan- Himni goolabaa yaada dimshaashaa hima ijootiin taa'ee, hima gargaartuun babal'ate sana goolabuuf gargaara.Walumaagalaa keeyyata yaada keenya bakka bu‟ee ergaa nuuf dabarsu tokko barreessuuf caasaalee keeyyataa armaan olitti kaa'aman kanneen hubachuun gaariidha.

### 2. 2. 2 Amaloota Keeyyataa Gaarii

Akka McCrimon, (1963:69). jedhutti, “keeyyatni tokko gaariidha kan jedhamu himootni keeyyatichaa bifa ifa ta'een yoo ijaaramanii dalagaa isaanii sirriitti raawwachuu danda’aniidha. Ijaaramni yookiin qindominni himootaa sun dhimma ka’eef sana gabbisee dubbisaa kan hawwatu ta’uu qaba. Kaayyoon barreeffama keeyyataan qooduun barbaachisuuf dubbisaan akka hubatu gochuu, ergaa qindaa'aa ykn sonaa’aa dhiyyeessuuf waan gargaaruf. Keeyyanni tokko dhiibbaa walfakkaatu akka uumuuf amaloonni qabaachuu qaban: tokkummaa,walta’iinsa qindoomina odeeffannoo,kooyyoo fi guutuummaadha.

#### 2.2.2.1 Tokkummaa

Tokkummaan keeyyata keessatti murteessadha.Sababni isaa ergaa barreeffama tokkoo hubachuu keeyyatichi hima ijoo irraa kaasee hanga goolabaatti tokkummaa yoo hin qabaanne hubachuun waan rakkisuuf. Hayyuun Crimmon, (1963). yoo ibsan Tokkummaan keeyyataa eegamuu yoo baate dubbistoonni kaayyoo barreeffamichaa hubachuu akka hin dandeenye taasisa. Keeyyanni tokko keeyyata gaarii ta’uuf kan yaada tokko qofaa dabarsuu fi caasaa keeyyatichaa (hima ijoo,himoota callaa fi himni goolabaa) tokkummaa qabaachuun mata duree dhiyaate haala gaariin wal harkaa fuudhanii ibsu waan ta’eef. Barruun barreeffame tokko tokkummaa qaba kan jedhamu, yoo keeyyanni barreeffamichaa keessatti dhihaatan hundinuu yaada ijoo barreeffamichaa waliin walqabatanii dhihaataniidha.

#### 2.2.2.2 Walta’iinsa

Walta’iinsa qabaachuun keeyyata tokkoo kan beekamu, himni gargaartuun hima ijoo keeyyata tokkoo yoo ibsan. Haaluma walfakkaatuun, keeyyanni haala armaan oliitiin qindaa’e walduraa duuba isaanii eeganii yoo dhihaataniidha. Broadman fi Frynberg, (2008).Barruu tokko akkaataa dubbistoonni yaada isaanii hubachuu danda’aniin qindaa’uu qaba. Kunis yaadonni barreeffama keessatti dhihaatan walta’iinsa kan qabaniifi haala nama amansiisuun duraa duuba isaanii eeganii qindaa’uu qabu.

#### 2.2.2.3 Qindoomina Odeeffannoo

Keeyyata barreessuu keessaatti himoonni callaa kan yaada ijoo ciminaan karaa ifa ta’een deeggaran ta’uu qabu. kanaaf,himoonni kunniin kan xiyyeeffannoon filatamaniif dhugaa jiru

fakkeenyaan sababa kennuun ibsan ta'uu qabu.Keyyanni tokko xiyyeeffannaa qaba yommuu jedhamu, himoonni callaan hima ijoo keeyyatichaa ibsuuf yoo tarreeffameefi akkaataa walduraaduuba barbaachisummaa isaaniitiin sirriitti yoo tarreeffamaniidha.Haaluma keeyyanni ibsameen barruun xiyeeffannoo qabu tokko keeyyattoonni yaada barreeffamichaa walduraa duuba barbaachisummaa ibsuuf yoo tarreeffamaniidha. Kelly fi Lawton, (2006).

### 2.2.2.4 Kaayyoo

Keeyyanni tokko kan barreeffamu kaayyoo tokko qofa galmaan ga'uuf. Kunis ibsa kennuuf,addeessuuf, seennessuuf,ykn amansiisuuf.Yoo kaayyoowwan kun keeyyata tokko keessaatti walmakanii keeyyatichi xiyyeeffanna dhabe,keeyyatichi rakkoo qaba jechuudha.

### 2.2.2.5 Guutummaa

Barruun guutummaa qabu kan beekamu, ergaa yookiin yaanni barreeffamichi dabarsu dubbisaaf sirriitti akka hubatamu yoo ta'eedha. Kelly,fi Lawton,(2006). guutummaa barreeffamaa yoo ibsu, jechoonniifi himoonni keeyyata, keeyyataafi keeyyatoonni barbaachisoo hintaane, akkasumas, hiika isaanii ifa hin taane keeyyaticha keessatti yookiin barreeffamicha keessa yoo hin jirreedha. Walumaagalatti, keeyyanni yookaan barreeffamni tokko gaariidha kan jedhamu ulaagalee armaan olitti ibsamuu yaalaman yoo of keessatti qabaatedha.

## 2.3 Yaad-Rimee Dogoggora Barreessuu Keessatti

Dogoggorri adeemsa raawwii hojii tokkoo keessaatti haala hin eegamneen kan nama mudachuu danda'uudha.Misgaanuu, (2011) waa'ee dogoggoraa yommuu ibsu, jechi dogoggora jedhu jecha laatiin irraa kan fudhatame yoo ta'u hiikni isaas rakkachuu, burjaaja'uu, karaarraa maqanii baduudha, jechuun kaa'a. Yaada kanarraa wanti hubannu, dogoggoruu jechuun daandii sirrii gadhiisanii faallaasaa deemuu akka ta'e nutti agarsiisa. Dogoggorri barattotaan uumamu barsiisotaaf baay'ee barbaachisaadha. Sababni isaas barnoonni barattootaa sadarka inni irra ga'e safaruuf waan gargaaruuf.Monika,(2015:120).Yaada kanarraa wanti hubatamu dogoggoruun barattootaa barsiisotaaf qajeelfama gaarii akka ta'eedha.Dogoggora barattootaan uumamuuf barsiisonni wanti gochuu qaban bakka dogoggorri itti uumame sanirratti xiyyeeffatanii barattootaaf gargaarsa kennuu qabu.Norrish,(1982:6). illee yaaduma kana cimsuun akkana jedha; dogoggorri barattoonni uuman ofuma isaatiinuu barnoota isaaniif ta'a jechuudhaan ibsa.

Yaanni hayyoota kanniinii kan nu hubachiisu dogoggoruun adeemsa baruu barsiisuu keessatti kan hin hafne ta'ee, barattoonni dogaggora isaanii irraa kan baratan ta'uu isaa nu hubachiisa.

### 2.3.1 Madda Dogoggoraa barreessuu keessatti

Dogoggorri gama  dandeettii barreessuu keessatti kan uumamuu fi kan hin hafneedha. Kanaafuu, maddi dogoggoraa Afaan barachuu keessatti karaa adda addaatiin uumamuu akka danda'uu fi kan hin hafne ta'uu isaa hayyoonni adda addaa karaa garaagaraatiin ibsaniiru.Akka Brown, (1987). jedhutti, maddi dogoggoraa sadii akka jiru ibsa . Isaanis

1,Afaan dhalootaa Afaan lammaffaa irratti dhiibbaa yoo godhu.
2,Afaan lammaffaa afaan tokkoffaa irratti dhiibbaa yoo godhu.
3,Akkaataa galumsa barnootaa, kana jechuun haala barsiisaan itti barsiisufi haala kitaaba irraa baratanii irraa madda jechuudhan kaa'a.Akka Yaada hayyuu kanaatti, haalli itti fayyadama afaan barachuu fi barsiisuu dogoggora uumamaniif madda ta'uu akka danda'aniidha. Brown,(1993) fi Richards, (1974).Yaada kana cimsuun yommuu ibsan, haalli barachuu mataanisaa dogoggoraaf madda ta'uu danda'a; kana jechuun fakkeenyaaf haalli barsiisaan ittiin barsiisuu haalli dhihaannaa qabiyyee barnootichaa fi k.k.f dogoggoraaf karaa banuu danda'u jechuun kaa'an. John Norrish, (1983)illee haaluma yaadawwan olii fakkaatuun yommuu ibsu, Maddeen dogoggoraa sadiitu jiru. Isaanis (1).Dhibaa'ummaa (dantaa dhabummaa),(2).Itti makamuu ykn jidduu seenuu afaan tokkoffaa fi (3). Jijjirraa jecha jechaan afaan tokkoffaa irraa gara afaan lammaffaatti godhamu irraa madda jechuudhaan ibsa.Yaada hayyoota kanaarraa wanti hubatamu barnoota Afaanii barachuus ta'ee barsiissuu keessaatti akkasumas, walkeessa makamuu afaanotaa,xiyyeeffannoo kennuu dhabuu namootaa fi haala jijjiirraa jechaa afaanirraa gara afaanitti godhamuun akka ta'eedha.

## 2.4 Wantoota barreeffama keessatti dogoggoraaf nama saaxilan

Barreessuun dandeettiwwan afaanii arfan keessaa baay'ee ulfaata fi walxaxaa ta'uun isaa beekamaadha. Kunis, barreeffamoonni hedduun haala barbaadameen ergaa dabarsuu dhabuu isaaniitu mul'ata waan ta'eef.Sababni isaas barreessuun adeemsaa barreessaa fi dubbisaa walitti fiduu waan ta'eef of eeggannoo barbaada.Haaluma kanaan Keh,(1996). yommuu ibsu, Namoonni walqunnamtii barreeffamaan godhan keessatti ergaan fudhatan ykn dabarsan akka qulqulluu fi ifa ta'u barbaadu.

Fedhii isaanii kana galmaan ga'achuuf immoo barreeffamni ergaa ittiin wal jijjiiran kun ifaa fi qulqullina kan qabu akka ta'u barbaadu. Haata'u malee wantoonni barreeffamni tokko qulqullinaan akka hin barreeffamne dhiibbaa itti godhuun barreeffama keessatti dogoggoraaf nama saaxilan heddutu jiru. Fkn. Hanqinni qubeessuu, hanqinni sirna tuqaalee, hanqinni qubguddeessaa fi k.k.f qulqullina barreeffamaa irratti dhiibbaa fiduu danda'u jedha. Yaada olii kanarraa wanti hubatamu, barreeffamni meeshaa ittiin walqunnaman waan ta'eef kan qulqullina barbaadudha.Haata'umalee,wantoonni qulqullina kana faallessanii dogoggora uumuu danda'an kanneen akka hanqina qubeessuu, hanqina qubguddeessaatifi hanqina sirna tuqaalee, kkf mul'achuu akka danda'antu ibsame.

## 2.4.1. Hanqina qubeessuu

Qubeessun dandeettiiwwan barreessuu gonfatamuu qaban keessaa isa tokkoo fi dhimma xiyyeeffannoo guddaa barbaadudha.Sadarkaa birsagaa irraa eegalee,jechootaa, himoota, keeyyataafi barruu tokkoo barreessuu keessatti, jechoonni walitti qinda'anii ergaa barreeffamichaa dabarsan seeraan hin qubeeffamne taanaan ergaa barreeffamichaarratti dhiibbaa fida. Jecha sirrii ta'e barreessuun sagaleewwan walitti dhufanii jecha hawaasa afaanicha dubbatu biratti fudhatama qabuu fi hiika kennu ta'uu qaba. Kanaafuu, qubeessuun dandeettii jechoota sirrii ta'an uumuufi tartiiba qubeewwan sagalee fudhatama qaban bakka bu'uu danda'an maddisiisuun walitti qindeessanii barreessuudha.Qubeessuu ilaalchusee hayyuun Byrne, (1988). jedhamu yommuu ibsitu, "dandeettii barreessuu horachuu keessatti qabxiin ijoo ta'e tokko qubeessuu danda'uudha"jetti.Gama biraatiin hayyuun Brown,(1997). dhimmuma qubeessuu kana yommuu ibsu, rakkoowwan qubeessuu keessatti nama mudachuu danda'an jalaa bahuuf jechoota qubeessuuf yeroo baay'ee nama rakkisan adda baasuun galmeessaa deemuu fi yeroo barreeffama barreessinu kan itti fayyadamnu kuusaa jechootaa qopheeffachuun barbaachisaa ta'a. Qubeessuu fooyyeffachuuf tooftaan biraa dogoggora ofii beekuun sirreeffachuu irratti xiyyeeffachuudha jedhu.Yaada armaan olii irraa wanti hubannu,barreessaa gaarii ta'uuf gosa jechoota rakkisoo namaa hinqabamne addaan baafachuufi dogoggora ofii sirreeffachuuf qophaa'aa ta'uun barbaachisaa akka ta'eedha.

Waa'ee hanqina qubeessuu barattootarratti mul'atuu ilaalchisee hayyuun Mc.Crimmon, (1963:491). yommuu ibsu,barattoonni hanqina qubeessuu qaban waa'ee qubeessuu ilaalchisee qabxilee akka faayidaa qubeessuu hubannoo dhabuu, qubeessuun ni ulfaata jedhanii yaaduu,

hanqina qubeessuu fooyyeffachuun hin danda’amu jedhanii yaaduu fi rakkoo qubeessuu kana foyyeffachuuf human guddaa fi yeroo dheeraa nama gaafata jedhanii of amansiisu.Barattoonni kunniin karaa hawaasummaatiinis ta’ee gama addunyaa barnootaatinis miidhamoodha. Hanqinni qubeessuu kun rakkoo ulfaataa miti. Namni tokko yoo itti yaade yeroo gabaabaa keessatti salphamatti hubachuu kan danda’uudha, jechuun kaa’a. Yaada armaan olii irraa wanti hubannu barattoonni sirriitti qubeessuu irratti hubannoon qaban dadhabaa waan ta’eef fooyyeffachuu irratti rakkoon akka jiruufi yoo itti yaadanii hubannoo gaarii horatan garuu fooyyeffachuuf salphaa akka ta‟eedha

## 2.4.2. Hanqina Sirna Tuqaalee

Barreeffama tokko dubbifnee ergaa guutuu hubachuuf, sirna tuqaalee fayyadamna.Sirni tuqaalee mallattoolee barreeffama keessa galuun hiika barreeffamaa tokkoo ifa taasisaniidha.Osoo sirna tuqaaleetti fayyadamuu dhiisnee walumatti fufnee barreessinee yaadni tokko eessaa kaa’ee eessatti akka xumuramuu fi yaadonni kun akka waliin deemanii fi kkf beekuun rakkisaa ta’a.Akka hayyuun,Glazier,1991).faayidaa sirna tuqaalee ibsu,“Akkuma mallattooleen tiraafikii daandiirratti konkolaataan tokko akka deemuufi akka dhaabbatu taasisan,tokkoon tokkoo tuqaalees barreeffama keessatti dubbistootni itti fufanii akka dubbisaniifi iddoo dhaabbachuu qabanitti akka dhaabbatan taasisa”jedha. Yaadni kun sirna tuqaalee barreeffama keessatti bu’aa guddaa qabaachuusaa mul’isa.

Barreeffama kamiyuu dubbisnee dhaamsa isaa sirritti hubachuuf akkasumas barreeffama ergaa guutuu dabarsu tokko barreesinee namootaan waliigaluuf hubannoo itti fayyadama sirna tuqaalee qabaachuun barbaachisaadha. Sababni isaas waliigaltee barreeffaman godhamu keessatti gahee hoggansaa kan taphatu sirna tuqaalee waan ta’eef jechuudha.Kanaaf barreeffama ga’umsa qabu dhaamsa guutuu dabarsu barreessuuf sirna tuqaalee seeraan itti fayyadamuun baay’ee barbaachisaa akka ta’e hubachuun gaariidha .

## 2.4.3. Hanqina Qubguddeessaa

Hanqinni Qubguddeessaa barreeffama ga’umsa qabu barreessuu keessatti wantoota dhiibbaa fidan keessaa isa tokko.Qubguddeessi barreeffama keessatti faayidaa hedduu qaba.Faayidaalee qubguddeessaa ilaalchisee Ibrahim, (2015). yommuu ibsu, Qubguddeessi hima keessatti jecha jalqabarratti barreeffama.

Akkasumas jalqaba maqaalee sabaa fi sablammii, maqaalee dhuunfaa, maqaalee dhaabbata mootummaatii fi dhuunfaa, maqaalee biyyaa, maqaalee ardii fi k.k.f irratti barreeffama jechuudhaan kaa'a. Egaa maqaaleen olitti kaafaman kunniin qubee guddaan hin jalqaban taanaan barreeffamichi barreeffama ga'umsa qabu ta'uuf hanqina qaba jechuudha.Walvord, (1980). Waa'ee qubguddeessaa yommuu ibsu."Capitalization is the writing of aword with its first letter in upper case and the remaining letters in lower case" jechuudhaan kaa'a.Yaada kana irraa wanti hubatamu qubguddeessa jechuun qubee bakka barbaachisaa ta'etti jalqabarra ta'ee guddatee barreeffamu kan warren hafan jalatti xixiqqaatanii barreeffaman ta'uu saati.Kun kan nutti agarsiisu qubeen guddaan bakka galuu qabutti guddatee barreeffamee hin gallee taanaan ga'umsa qabaachuu barrefffamichaa irratti dhiibbaa kan fidu ta'uu isaati.

### 2.4.4. Hir'ina Shaakalaa

Dandeettin gocha ogummaa waan ta'eef gocha kana irra deddeebiin shaakaluu nama gaafata. Kanaafuu, barreessuun dhimma altokkoon fooyya'u osoo hin ta'in dhimma shaakala barbaaduudha.Hayyuun Hallfi Birkerts,(1991).akka ibsanitti, barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa tokkodha. Dandeettiin kunis akkuma dandeettiiwwan biroo yoo irra deddeebi'anii shaakalan fooyyeffachuun ni danda'ama.Barreessuun dandeettii ta'uusaatiif dandeettin kun immoo akkuma dandeettii atileetiksii yoo irra deddeebi'anii shaakalan gabbifachuun kan danda'amu ta'uusaati. Kanaafuu, barattoonni dandeettii barreessuu kanaan rakkatan malli salphaa ta'e irra deddeebi'anii yaaluu ( shaakaluu) gonfachuu akka danda'amu ni hubatama.

## 2.5 Dandeetti Barreessuu Daree keessatti Barsiisuu

Barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa baay'ee cimaa fi walxaaxaa kan ta'ee fi dandeettiwwan afaanii arfan keessaa dandeetti dhumarratti argamuudha.Kanaafuu,barattootoonni dandeetti kana haalan akka hubataniif barsiisoonni isaanii gama gargaaruu fi qajeelchuurratti cimanii hojjachuu qabu.Kunis; adeemsa barreessuutiinis ta'ee barreeffama qophaa'e tokko akka hordofan gochuun hedduu barbaachisa. Nunan, (1990). haalli gorsuufi jajjabeessuu barsiisotni barattootaaf godhan gama lamaaninuu yoo ta'eyyuu, irra caalaa gama adeemsa barreeffamaatiin ta'uu qaba jetti.Dandeettii barreessuutin barattoonni dandeettii isaanii akka gabbifataniif Raimes, (1983),tooftaalee dandeettii barreessuu itti barsiisan kallattii adda addaatiin kaa'a. Fakkeenyaaf,barreessuu barsiisuudhaaf karoorri barbaachisaadha jedha.

Barreessuu daree keessatti barsiisuuf tooftaalee adda addaa fakkeenyaaf, tooftaalee fakkii fi dubbisatti gargaaramuu, tooftaalee barreeffama qabatamaa tokko barsiisuu, tooftaalee barreeffama tokko itti barsiisanii fi tooftaalee barreeffama barattootaaf yaad-deebii itti kennan beekuu fi itti fayyadamuun, dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuurratti gahee olaana akka qabu hayyoonni bifa garaagaraan ibsuun kaa'anii jiru.

## 2.6. Tooftaalee Dandeettii Barreessuu Madaaluuf Gargaaran

Akka beektonni garaagaraa ibsanitti tooftaalee dandeettii barreessuu madaaluuf nu gargaaran bakka sadiitti akka qoodamu Adrian Doff, (1988) akka armaan gadiitti ibsee kaa'a.Namni kun tooftaalee barreessuu barsiisuu kanas: barreeffama to'annaa, barreeffama qajeelfama irratti hundaa'ee fi barreeffama walabaa jechuun qoqqoodee kaa'e.

### 2.6.1 Mala Barreessuu To'atamaa

Akaakuu gochaalee dandeettii barreessuu akkasii keessatti barsiisaan hojii barreessuu barattootaa kana guutummaa guutuutti kan to'atu yoo ta'u barattoonni barreeffama dogoggora hin qabne akka qopheessaniif kan yaalii godhuudha. Barattoonni barreeffamoota gaggabaaboo sadarkaa himaaf isaa olii akka shaakalan taasisuudha. Gilgaalonni ykn gochaaleen barattoonni sadarkaa kanatti shaakala taasisuun dandeettii barreesuu isanii akka gabbatu taasisan kanneen akka bakka duwwaa guutuu, himoota walitti qabsiisuu,fi kan kana fakkaatan ta'uu danda'a.Kanaafuu,malli to,annoon barreessuun kun kan xiyyeeffatu baay'inaan to'annoo barsiisaan kan gaggeeffamuudha. Kunis barsiisaan waan to'atuuf barattoonni dogoggora irraa bilisa ta'uu danda'u.Sababii kanaaf barattoonni garri caaalaan carraa dogoggara itti hojjatan hinargatanu.Barattoonni shaakala barreessuu akka shaakalan yoo barbaanne mala to'annoo kanatti fayyadamuudhaan ajaja ifa ta'e kennuun gargaaruun barbaachisaadha.

Akka hayyuu Raimes (1983:95). jedhutti barreeffama barattoonni kee barreessan hundi gosa haala to'annaan barreessan yoo ta'e,qabiyyee fi unka irrattti gargaarsi godhamuufii qaba. Akka armaan olii kanaatti to'annoon barreessuun amala dhaabbattaa afaanii irratti ta'uusaarratti hundaa'a.Sababni isaa barattoonni akka seerluga fi jechoota filatamootti haala qabatamaa fi mijaawaa ta'een fayyadamaniif jajjabeessuudha.

Akkasumas, gareewwan jechootaa,gaaleewwan dabalatee hanga sadarkaa ciroo salphaatti haala sirrii ta'een barattoota qajeelchuu fi sirreessuun akka danda'amu sadarkaa itti hojjatamu ta'uusaa nama hubachiisa.Akka yaada Raimes, (1983:6). itti, barreeffamni to'annaa barattoota sadarkaa tokkoffaaf dhihaachuu qaba jechuun kaa'a.

## 2.6.2 Mala Barreessuu Qajeelfamaa

Gochaaleen sadarkaa kanatti barattootaan raawwataman kan hanga ta'e barsiisaan kallattiin isaan agarsiisuudha.Tooftaaleen kun keeyyata barreessuu kan ofkeessatti qabatu ta'uu danda'a. Sadarkaa kanatti xiyyeeffannoon barattoonni akka dogoggora hin uumne gochuu haa ta'u malee, dogoggorri barattoonni uuman jiraachuu danda'a jedhamee yaadama.Sadarkaa kanatti barattoonni hiikaa fi qindoomina waa barreessuu irratti xiyyeeffatanii hojjetu.Maloonni gilgaala sadarkaa kanatti hojiirra oolan kanneen akka waliin dubbii jalqabamee xumuruu, barreeffama wal fakkaatu qopheessuu, fikkf. Barreeffamni qajeelfama irratti hundaa'e ammoo barattoota giddu galeessa sadarkaa lammaffaaf yookiin kutaa 9-12ffaatiif kan dhihaatudha.Malli qajeelfamaan barreessuu kun hanga carraa kan kennuu fi barsiisaadhan kan qajeelfamuudha. Qajeelfamaan barreessuun mala to'annoon barreessuuu irratti nimul'ata. Kunis fakkeenyi barattootaaf kennamee akka barreessan kan taaasifamuudha. Malli qajeelfamaan barreessuu akka to'annoon barreessuu dogoggora irraa walaba miti. Yaadni armaan olii kun kan hubatamu barattoonni ajaja irratti hundaa'anii yemmuu barreessan yookiin shaakalan dogoggora irraaa bilisa waan hin taaneef barsiisaan duukaa bu'ee deeggarsa barbaachisu gochuufi qaba. Haala kanaan gargaarsi barsiisaa yeroo duukaa deemu rakkoon dandeettii barreessuu barattootaa hir'ataa kan deemu ta'uu isaati.

## 2.6.3 Mala Barreessuu Bilisaa (Free Writing)

Sadarkaa kanatti kan raawwatamu barattoonni mata duree barbaadan irratti walaba ta'anii barreeffama mataa isaanii itti qopheessanidha.To'annaan barsiisaan sadarkaa kanatti gaggeessu cimee kan mul'atu miti.Maloonni gosa gochaalee dandeettii barreessuu kana keessatti hojiirra oolan kanneen akka: xalayaa barreessuu, barreeffama gaggabaaboo fikkf.Akkasumas, barreeffamni walabaa/bilisaa barattoota sadarkaa olaanaa jechuun qoqqoodee kaa'uuf yaala. Haata'u malee, haala qoqqooddii isaa kanaan inni tokko isa tokko keessatti hin argamu jechuu akka hintaanes ni ibsa.Garuu,Atkins,Hailom, &Nura,(1996:153).barreeffama qajeelfamarratti

hundaa’e kana, kutaa 9-10 fi kan isa walabaa ammoo kutaa 11-12 yookin isaa oliif jedhaniiti kaa’u.Akka yaada armaan olii kanneenitti tooftaaleen barreessuu kun akkaataa haala ulfaatina isaaniitiin qoqqooduuf yaalaniiru.Tooftaan kunis Kaayyoo tokko galmaan ga’uuf. Kanaaf, barattoonni haala kanaan sadarkaa sadarkaan yoo baratan, barreeffama gahaa tokko qopheessuu akka danda’an ni hubatama.Barreeffamni gahaa kunis ammoo, qunnamtiin yaadaa cimaa ta’e barreessaa fi dubbisaa yookin dhaggeeffataa jidduu yoo jiraatedha.

Walumaagalatti barsiisaan tokko tooftaalee barreessuu garaagaraatti fayyadamee yoo barsiise bu’aa buusuu akka danda’u hubachuun ni danda’ama.

## 2.7 Sadarkaawwan Adeemsa Barreessuu

Barreessuun adeemsa mataa isaa danda’e qaba.Kanaaf, ga’umsa kanaa horachuuf adeemsa isaa beekuu barbaachisaadha.Barreeffama tokko haala gaariin barreessuu fi wanta barreessuu barbaanne akka feenetti barreessuu danda’uuf adeemsa isaa beekuun barbaachisaadha. Hayyuun, Raimes,(1983).barreeffama ga’umsa qabu barreessuu keessatti barsiisonnis ta’e barattoonni gonfatanii bahuu qabu. Barsiisaan gosa barnoota inni barsiisu irratti barattootaaf haala bu’a-qabeessummaa ta’een kan ittiin barsiisuudha. Haaluma walfakkaatuun, dandeettii barreessuu shaakalsiisuufis barsiisonni afaanii tooftaalee adda addaa fayyadamuun barattoonnisaanii kutaa barnootaa keessatti ta’e kutaa barnootaan alatti akka shaakalan gochuu qaban. Atkins,j.et.al.(1998) yaanni kun qabatamaatti kan nutti agarsiisu, barattootni dandeettii barreessuu isaanii kana horachuuf shaakalli walirraa hin cinne akka godhan barsiisonni tooftaalee adda addaa fayyadamuun ga’ee isaanii taphachuu akka qabaniidha.Yaada kanarraa kan hubannu dandeettii barreessuu barattoonni akka gonfataniif barsiisonni afaanii xiyyeeffannoo guddaa kennaanii akka hojjatan ibsa.Malli kun barattoonni guutummaa guutuutti bilisa ta’anii akka barreessan kan gargaaruudha.

Akka Hedge (1983:11) ibsetti dandeettiin barreessuu kun kan argamu erga barattoonni cimsanii shaakalanii booda. Kanaaf, barattoonni dandeettii barreessuu akka cimsataniif barreessuu walabaan shaakala walirraa hincinne akka taasisan hubanna.Barreeffama gaarii barattoonni barreessuu akka danda’aniif dandeettiifi muuxannoo isaan qaban duraan dursanii beekuun barbaachisaadha. Raimes (1983:103) akka Hayyuu kanaatti barattoonni hojii barreessuu osoo hin jalqabin yaada sammuu isaanii keessa jiru cimsachuuf gareen mari’achuu qabu.

Dabalataan yemmuu ibsu, barreeffamni gareen shaakalamu fakkeenya hojii barreeffama sirriiti.Sababiinsaa barattoonni garee xixiqqaa uumuun waliin hojjatu.Akkasumas dareen sirrii dhumatti bakka barreessuu itti baratan fakkaataa dhufa. Jecha hayyuu kanarraa kan hubatamu gareedhaan shaakallii barreessuu kallattii adda adddaatiin yaadni burquu kan danda'u ta'uusaati.

Kanaaf, barattoonni waliin ta'anii yoo shaakalan yookiinn marii'atan bu'aa guddaa akka qabu hubanna.Sadarkaa shaakala kamirrattuu bu'aan gareen waliin mari'achuu irraa argamu adeemsa barreessuutiif kan fayyadu akka ta'eedha. Kunis barreessuun garee akka barattoonni waliirraa muuxannoo fudhatanu taasisa. Kanaafuu, haalli walabaan barreessuuu mallee kaan caalaa gaarii ta'uusaati.

## 2.7.1 Adeemsa Barreessuu Duraa

Barreessuun duraa sadarkaa jalqabaa kan ragaalee fi ibsoonni gadi fageenyaan keessatti walitti qabamanii fi bakka itti waraqaan qophaa'uuf karoorfameedha.Kanaaf, bakki xiyyeeffannoo guddaan itti kennamuu qabu barreessuu duraa ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha. karaa biraatiin immoo hojiin jalqabaa kan ittiin eegalamuudha. Garaagarummaan jiraatus barreessuun duraa jechuun akka waliigalaatti, adeemsa barreessuu keessatti sadarkaa jalqabaati. Innis, barreessuu eegaluu dura gochaawwan garaagaraa kan itti geggeeffamuudha. Matadurree irratti barreessuuf filanne tokkorratti osoo barreessuu hin eegalin dura, odeeffannoo funaanamuufi karoorsuun barbaachisaadha. Sadarkaa kana keessatti yaadni irratti barreeffamu tokko ni madda. Yaadni maddisiifames, dhimmaafi kaayyoo barreeffama yaadame sanaa wajjin deemuufi dhiisuun isaa ni madaalama. Dhimma kanarratti hayyuun Donoughfi Shaw, (1993:181). Namni adeemsa barreessuu keessatti jalqabarratti yaada isaa barreessuu yaala; itti aansee immoo duraa duuba eegee kan sirrii hin taane haquun fooyyessa jedhu.Yommuu barreessinu, waan tokkorratti yaada tartiibessuun kan danda'amu, odeeffannoo funaanuun marii geggeessuufi yaada waljijjiiruun gocha barreessuu raawwachuun ni danda'ama.

Qabiyyee barreeffama keenyaarratti hundaa'uudhaan yaada walta'iinsa qabu qindeessuun barbaachisaa ta'a.Jalqabarratti yommuu barreeffama keenya qopheessinu yaada qindaa'aa ta'e qopheessuun nu rakkisuu danda'a.Haata'umalee, sadarkaa kanatti fooyyessuuf baay'ee dhama'uun barbaachisaa miti. Kanaaf, sadarkaa kanatti barreessuu waanuma sammuu keenya keessa jiru odeeffannoo qabnu irratti hundaa'uudhaan karoorsuu qabna.

Haaluma walfakkaatuun, Donoughfi Shaw,(1993) akka ibsanitti, sadarkaan barreessuun duraa keessati barreessaan waanuma yaade yookiin itti dhaga'ame tokko waraqaarra kaa'uudhaan karoorsuu qaba. Akkasumas, yeroo barreessuuf karoorfatu, yaada maddisiisuun barreeffama isaa galmaan gahuuf sadarkaa adeemsa barreessuutti akka ce'u taasisa.

### 2.7.2 Adeemsa Yeroo Barreessuu

Sadarkaan adeemsa barreessuu inni lammaffaa, mataduree barreeffamichaa jalatti yaada karoorsine bifa barreeffamaatiin bal'inaan ibsuudha.Muuxannoo fi odeeffannoo qabnurratti hundaa'uudhaan sadarkaa barreeffamaa eegnee waraqaarratti barreessuudha. Bittinger,J.et.al,(1993) akka ibsaniitti, sadarkaan yeroo barreessuu bakka itti barattootni waan hubatan tokko haala gaarii ta'een barreessuuf itti yaadanidha. Haayyuun Richards,(1990:190). yaada kana yoo cimsu akkana jedhee ibsa, "Yeroon barreessuu bakka itti yaada jalqabaa waraqaarra keenyu jedha. Sadarkaa kanatti barattootni rakkoo sirna tuqaalee, seerlugaa, jechoota filachuu, qubeessuu fi qubguddeessuu isaan mudatan furuuf baay'ee muddamuu hin qaban jedha.

Sadarkaa kanatti barattootni yaada sammuu isaanii keessa jiru waraqaarratti kaa'uu malee dogoggoroota qubeessuu, sirna tuqaalee, qubguddeessaa, jechoota filachuufi seerluga sirreessuuf baay'ee dhiphachuu hin qaban.Walumaagalatti, adeemsa wayitii barreessuu kana keessatti, barattootni yaada tooriin kaa'an walitti fiduudhaan gara himaatti olguddisanii, hima immoo gara keeyyataatti, dhumarrattis gara barreeffama guutuutti olguddisanii barreessu.Barattootni yeroo akkas irradeddeebi'anii yaada walitti qabanii barreessan waan dagatanillee yaadachuun barreeffamasaaniitti dabaluu danda'u.

### 2.7.3 Adeemsa Barreessuu Boodaa

Raawwii hojii barreeffama ofii tokkoo irra deddeebi'anii sirriitti dubbisanii fooyyessuun, adeemsa barreessuu keessatti isa guddaadha.Kunis barreeffama keenya akka madaallu nu taasisa.Barreeffama tokko keessa deebi'anii fooyyessuun wantoota hedduu of keessatti qabata. Wantoonni kunniinis: barreeffamicha keessatti yaadni hin barbaachifne yoo jiraate, keesssaa haquu, kan baay'ee murteessaa ta'ee keessaa hafe itti dabaluu.Kanamalees, sadarkaa kanatti barreeffamicha keessa deebi'anii dubbisuun dogoggoroota hedduu barreeffama keessa jiru akka fooyyeessinuuf nama gargaara. Kanaafuu, gulaaluu barbaachisa.

Akka Keh, (1990). ibsetti barreeffama tokko keessa deebi’anii fooyyessuun wantoota hedduu of keessatti qabata. Wantoonni kunniinis: barreeffamicha keessatti yaadni hinbarbaachifne yoo jiraate, keesssaa haquu, kan baay’ee murteessaa ta’ee keessaa hafe itti dabaluu, yaada tokko iddoo tokkoo kutanii yookiin haqanii iddoo biroo galchuu fa’idha.Dabalataanis, sadarkaa kanatti barreeffamicha keessa deebi’anii dubbisuudhaan dogoggoroota akka caasaa himaa, jechoota hiikni isaanii ifa hintaanee, qubeessuufi sirna tuqaalee sirreessuu barbaachisa.Akkasumas, sadarkaa kanatti, barreeffamicha ergaa guutuu dabarsuu fi dhiisuusaa ilaalama. Kana malees, akkaataa barreeffamichi sun dubbistootaaf itti dhiyaachuu qabu sadarkaa kanatti ilaalamuu isaa nu hubachiisa

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti qabxiileen hammataman akaakuu qorannichaa, madda ragaalee, meeshaalee funaansa ragaalee, iddattoo, mala iddatteessuu fi malleen qaaccessa ragaalee akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

## 3.1. Akaakuu Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa qaaccessa madaallii dandeettii barreessuu barattootaa dhimmoota adda addaaf:Haala mana barumsaa Saqqaa Sadarkaa 2ffaa lak.1 qaaccessuudha.Qorannoo kana galmaan gahuuf gosa qorannoo mala lammanii (mala akkamtaa fi mala ammamtaa) fayyadamuun barbaachisaa ta'a .Qorannoo makaa ilaalchisee Denscombe(2007:108) “Mixed research is the one that use both qualitative methods,” jedha. Qorannoo gaggeessuuf qorataan malleen akkamtaafi ammamtaa walitti makuun madaallii dandeettii barreessuu barattoota Afaan Oromoo sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa-12ffaa madaaluu irratti kan xiyyeeffatu waan ta’eef,barattoonni barruuwwan barreessuu (keeyyata barreessuu) fi dabtara yaadannoo isaanii dubbisuun hanqinni maalii akka jiru adda baasuuf ragaan walitti qabame gosoota qorannoo makaatiin kan qaacceffamedha. Kunis qorannoon safarataa ragaaleen lakkoofsaan safaramuu danda’an kanneen akka baay’ina barattoota barruu sirrii barreessuu danda’anii,baay’ina barattootaa barruu dogoggora qabu barreessanii gabatee keessatti daataa fi parsantiin waan taa’eef haala adda addaatiin ragaan gabatee keessa jiru immoo himootan qindaa’ee ibsamuun waan barbaachiseef.

## 3.2. Madda Ragaalee Qorannichaa

Qorannoo kanaaf akka madda ragaatti haala lamaan yaadamuun filatameera.Isaanis madda ragaa tokkoffaa barruu (xalayaa) fi akka madda ragaa lammaffaatti immoo barattootaa fi barsiisota mana barumichaa fi barruuwwan (barulee) barattootaa irraa odeeffannoo funaanameen qaacceffameera.Qorannoon kun kan adeemsifame manneen barnootaa magaalaa Saqqaatti argaman keessaa mana barumsaa Saqqaa sadarkaa 2ffaa lak.1keessatti kan xiyyeeffateedha.

### 3. 3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Iddattoon kan filatamu kaayyoo qorannoo tokkoo  irraa ka'ee qaama kamtu osoo filatamee odeeffannoo barbaadamu sirriitti kennuu dandaa'a? yaada jedhuu hubannoo keessa galchuun  filatama. Kanaafuu, odeeffannoo barbaachisu akkaataa barbaadameen argachuuf qaamota kallattiin mata dureen qorannichaa ilaallatu filachuun  galma ga'iinsa qorannoo sanaaf murteessadha. Iddattoon tokko kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun karaa garaagaraatin filachuun ni danda'ama.Kunis carraa, mit-carraa fi lamaanuu walitti makuun ta'a. Addunyaa, (2011).Kanaaf,qorataan kaayyoo qorannoo isaa irratti hundaa'uun mala iddatteessuu mit-carraa (purposive sampling) keessaa mala iddattoo akkayyootti dhimma bahee jira. Akka hayyuun Berg,(2001).jedhutti iddatteessuun kun qorataan tokko beekumsa dhimichaarratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata, akkayyoo kan jedhameefis akka kaayyoo qorannichaatti deebistoota filachuu waan ta'eef jechuun ibsa. Sababni isaa iddattoon filatame kaayyoo qoratichaarratti waan hundaa'uf akka kaayyoo qorannichaatti ykn qoratichaatti  odkennitoota filachuu waan ta'eefi. Iddattoon miti-carraa  carraadhaan osoo hintaane,namoota iddattoo keessatti hammatamuu qaban ilaalchisee murtiin qorataan kan kennamuu fi kan qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu akka ilaallatudha.Haaluma kanaan,barattoota mana barumsaa Saqqaa sadarkaa lammaffaa kutaa 9ffaa-12ffaa mala iddatteessuu miti carraa fayyadamuudhaan  barattootaa tooftaa iddatteessuu akkayyoo irratti hundaa'uun  barattoota dhi 35 fi du 49 id 84 filachuun danda'ameera. Kanaafuu, iddatteessuun gocha garee ykn namoota hedduu keessaa iddattoo filachuu yoo ta'u, tilmaama waa'ee namoota sanaa murtee tokko irra gahuuf akkasumas, odeeffannoo haaraa hin beekamne tokko argachuuf kan gaggeeffamuudha.

Haaluma kanaan,baay'inni barattoota mana barumsichaa keessatti kutaa 9ffaa-12ffaa barataa jiran kutaa fi baay'ina isaanii yoo ilaallu,

| Kutaa | Dhi | Du | Id | Baay'ina daree | Baay'ina Daree iddattoo fudhatame | Baay'ina Barattota iddattoo fudhatamanii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 9ffa | 94 | 101 | 195 | 4 | 2 | 12 |
| 10 ffa | 196 | 234 | 430 | 8 | 4 | 24 |
| 11 ffa | 192 | 257 | 449 | 8 | 4 | 24 |
| 12 ffa | 166 | 216 | 382 | 7 | 4 | 24 |
| 9-12ffa | 648 | 808 | 1456 | 27 | 14 | 84 |

Waliigalatti baay'inni barattootaa dhiira 648 dubara 808 ida'ama 1456 yoo ta'an,dareewwan 27tti qoodamanii baratu.Kanaafis,kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun dareewwan barnootaa 27 jiran keessaa mala iddattoo carraa salphaa fayyadamuun daree barnootaa 14 filatameera.Kunis baay'ina barataa fi daree irraa kan ka'e kaayyoo qorannichaa barattoota iddattoo filatamaniif ibsuun haala qabxii isaanitiin daree tokko keessaa barattoota ciccimoo 2,g/galeessa 2 fi barattoota suuteeyyii ta'an immoo 2 waliigala daree tokko keessaa barattoota 6 akka filataman taasifameera.Akka waliigalaatti dareewwan 14 keessaa barattoonni dhiirri 35 fi dubarri 49 ida 84 akka iddattootti filatamaniiru.

Gama biraatin immoo barsiisota akka iddattootti fudhataman barsiisota m/barumsichaatti barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa -12 ffaa barsiisaniidha.Malli kun argamsaa ta'ee, barsiisota mana barumsichaa keessaatti daree barnootaa iddattoo fudhataman galanii Afaan Oromoo barsiisan afur (**4**) fudhachuudhan gaafannoo irratti deebii akka kennan ta'eera.Dabalataan kun hojii baruu barsiisuu kana keessatti waa'ee dandeettiwwan barreessuu barattootaa dandeettii afaanii fi hojii barattoonni waan kanarratti agarsiisan ibsuuf odeeffannoo bal'aa qabaatu jedhamee kan yaadamu ijoon barsiisota kana waan ta'eef.

## 3.4 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu.

Meeshaaleen funaansa ragaalee hojii qorannoo keessatti kanneen bu’uura ta’aniidha.Kanaaf,meeshaaleen qorannoo kanaaf barbaachisan itti yaadamee filatameera. Kunis haala kamiin mata-duree qorannoo kanaarratti odeeffannoon mijataa fi qabatamaa funaanuun danda'ama kan jedhu xiinxaluun ture.

Qorannoo kana keessatti meeshaaleen ragaa qorannoo kanaa walitti qabuuf qorataan itti gargaarame,barruuwwan barreessisiisuu, bargaaffii barsiisotaa fi barattootaa, af-gaaffii barsiisotaa fi dabtara yaadannoo isaanii sakatta’uun hanqina jiru adda baasuun ragaan walitti kan qabameedha. Kanaafuu,ragaalee qabatamaa fi amanamaa argachuuf qorataan meeshaalee funaansa ragaalee akka armaan gadiitti fayyadameera.

### 3.4.1 Sakatta’a Barruulee

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti meeshaalee ragaan itti funaanamu keessaa tokko sakatta’a barruuwwaniiti. Akka Dastaan (2013) ibsutti, “Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootti nama tajaajilan hedduutu jiru. Isaan keessaa kanneen akka kitaabotaa, xalayaalee, galaalcha, barruulee adda addaa, ajandaa, qaboo yaa’ii fi kanneen kana fakkaatan ta’uu danda’u” jedha. Akka yaada kanaa oliitti qorannoo tokkoof barruuwwan adda addaa barreeffamee jiru akka madda ragaatti kan nama gargaaran ta’uu nama hubachiisa.Kanaaf, madaallii dandeettii barreessuu barattoota Afaan Oromoo sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa-12ffaa mana barumsaa Saqqaa lak.1 barruuwwan irrawwatamtoota qorannoo kanaa kanneen ta’an barruu barreessisiisuun akkasumas,barulee barattootaa mana barumsa kanaa fudhachuun barreeffama barattootaa madaaluun akka qaacceffamu taasisuun danda’ameera.

### 3.4.2 Bargaaffii

Bargaaffiin Odeeffannoo qabatamaa argachuuf bifa barreeffamaan qophaa’ee irraawwatamtoota qorannichaa kanneen ta’aniif gaaffiileen madaallii dandeettii barreessuu barattootaa mana bumsichaa bu’uureeffate barattoota baay'inni isaanii 84 ta’eef gaaffilee 15 akkasumas, gaaffilee kaayyoo qorannichaa bu’uureeffatan al tokkotti odeeffannoo bilisaa argachuun waan danda’amuuf haala bar-gaaffitiin,barsiiisotaaf immoo gaaffilee shan (5) qophaa’ee raabsamuun

odeeffannoo bal’aa argachuun danda’ameera. Haaluma kanaan bargaaffiidhan odeeffannoowwan argamani boqonnaa afur jalatti madaaluun qaacceffamaniiru.

### 3.4.3 Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaa yeroo dheeraa tajaajilaa turullee, kan qorataan odkennitoota isaa waliin fuulaa fuulatti walquunnamuun odeeffannoo barbaadu argachuuf gaaffii afaanin kan dhiyeessudha.Afgaaffii keessatti qorataan gaaffii gaaffatu haala hirmaattotaa galuu danda’uun ibsuufi hirmaattonnis bakka gaaffiin gaafataman hin galleeffitti carraa gaafatanii walhubachuu waan qabaniif meeshaa filatamaadha. Kunis qorataas ta’ee odkennitoonni bakka walhubachuu hin dandeenyetti irra deebi’anii walhubachiisuuf lammanuu carraa qabu. Qorataan qorannoo kanaas barsiisota mana barumsaa Saqqaa sad. 2ffaa lak.1keessatti Afaan Oromoo barsiisan mala argamtaan fudhataman fayyadamuun rakkoowwan barattoonni dandeettii barreessuurratti qaban akka ibsaniif afgaaffii dhuunfadhaan gaaffiilee shan (5) dhiheessefi jira. Ragaa qorannoo isaa milkeessuu danda’u qoratichi funaanuun xiinxalee dhiheessee jira.Odeeffannoo amanamaa fi dhugaa ta’e argachuuf afgaaffiin meeshaalee odeeffannoo ittiin funaamu keessaa isa tokko yoo ta’u odeeffannoon argames qaaccessuun danda’ameera.

## 3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaaleen funaanaman mala isaaniif ta’uun qaaccefamuun barbaachisaadha. Malli ragaa qaaccessuu fi hiikuu odeeffannoo mata duree qorannoo kanaarratti ittiin adeemsifamu, mala ammamtaafi akkamtaati.Malli ammamtaa odeeffannoo argame sana lakkoofsaan eeruu yookiin haala ittiin ibsamuu danda’u dhiheessuudha.Kunis, gabatee dhibbantaan kaa’uun xiinxaluun kan geggeeffamu yommuu ta'u malli akkamtaa immoo odeeffaannoo argame sana jechootaan ibsuudha. Kunis, kanneen jechaan taa’an xiinxaluun waantota dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo dhimmoota adda addaa haala mana barumsaa Saqqaa meeshaalee ragaa garaagaraatiin funaaname akka adeemsa sirrii ta’utti waliin walbira qabaa xiinxaluun jechaan ibsi kan itti kennameedha.Sababni malli kun filatameef,odeeffannoo qorannoo kanaa tooftaa mala makaa yoo hiikame caalaatti ifaafi qabatamaa ta’a jedhamee waan amanamuufidha.Haaluma kanarratti hundaa’uun qorataan malleen kanneenitti dhimma bahuun odeeffannoowwan argaman kana boqonnaa arfaffaa keessatti qaacceffamaniiru.

# BOQONNAA 4: DHIYEESSAA FI QAACCESSA RAGAALEE

## 4.1.Odeeffannoo Waliigalaa Haala Mana Barumsaa Saqqaa Sadarkaa 2ffaa Lak.1

Qorannoon kun magaalaa Saqqaa Coqorsaa mana barumsaa Saqqaa sadarkaa 2ffaa lak.1 keessatti qaaccessa mata-duree Madaallii Dandeettii Barreessuu Barattootaa Dhimmoota Adda Addaaf: Haala Mana Barumsaa Saqqaa Sadarkaa2ffaa lak.1 gaggeessuu irratti xiyyeeffate.Akka ragaan m/barumsichaa mul'isutti baay'inni barattootaa dhi 648 dha 808 ida 1456 yammuu ta'an, daree barnootaa 27 keessatti faca'anii baratu. Barattoota kanneen keesaa akka iddattootti dhi 35 dha 49 Ida 84 ta'an yemmuu filataman kunis, adeemsa fi kaayyoo qorannichaa irraatti hundaa'uun qorataan iddatteessuu mit-carraatti dhimma baheera.Iddatteessuun mit-carraa akkuma maqaa isaa irraa hubannu odkennitoonni kan filataman carraadhaan osoo hin taane, kaayyoo qorqnnichaa irratti hundaa'uun kan filatamaniidha.Iddatteessuu kaayyoo irratti hundaa'uun iddattoo filachuun akaakuu iddatteessuu mit-carraa keessaa tokko ta'ee, kan qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessu ilaallata. Berg,(2001). Akkanatti ibsa;iddatteessuun kun qorataan tokko beekumsa dhimmichaarratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata, akkayyoo kan jedhameefis "akka kaayyoo qorannichaatti deebistoota filachuu waan taa'eef" jechuun ibsa.Kanaaf, qorataan manneen barnootaa akka aanaatti jiran hunda isaanii irratti qorannoo geggeessuuf humnaa fi yeroo qoratichaa waliin waan hindeemneef manneen barnootaa magaalaa Saqqaa jiran keessaa mana barumsaa Saqqaa sad.2ffaa lak.1 filachuun danda'ameera.Sababni isaa manni barumsaa kun akka aanaatti mana barumsaa sd.2ffaa keessaa isa jalqabaati.Akkasumas, baay'ina barataa fi muuxannoo hojii barnootaa waggaa dheeraa waan qabuuf kana bu'uura godhachuun qorataan mana barumsaa kana filachuu danda'eera.Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti qaaccessa ragaalee maddaawwan garaagaraa irraa meshaalee funaansa ragaalee, mala qorannoo jalatti ibsamanitti dhimma bahuun dhiyaaten qaacceffameera.Kanaafuu, barattoonni mana barumsaa Saqqaa sad.2ffaa lak.1barnoota Afaan Oroomoon baratan yeroo barreeffama barreessan dogoggora uuman ilaalchisee odeeffannoo funaanaman qaacceffamaniiru.Dogoggorri kunis kan qaacceffame caasaalee afaanii isa xiqqaa irraa kaasee jechuun dhamjecha,qubeessuu,sirna tuqaalee,qubguddeessa, seerluga,ijaarsa himaa fi keeyyata fa'aa irratti hundaa'uun yoo ta'u hanqinni mul'atees addaan bahee gabateewwan armaan gadii keessa taa'ee jira.

Kunis barattoota fi barsiisota iddattoo ta'aniif haala bargaaffii, afgaaffii,xalayaa barreeffamaa akka isaan keeyyata barreessan gochuuni fi dabtara barattootaa fayyadamuun odeeffannoon funaanameera. Odeeffannoon funaaname erga qaacceffamee booda argannoowwan odeeffannoo kanarraa argamanii fi yaadni furmaataa kutaa itti aanu keessatti dhiyaataniiru.


## 4.2. Qaaccessa Xalayaalee (Barruulee) Barattootaan Barreeffamee.

Xalayaa barreessuu: Kaayyoon qorannoo kanaa dandeettii barreessuu barattootaa dhimmoota adda addaaf: Haala mana barumsaa Saqqaa sadarkaa 2ffaa lak.1 madaaludha. Kanaafuu barattoonni xalayaa akka barreessan gochuun ga'umsa dandeettii barreessuu isaanii qaaccessuun madaaludha.Waa'ee xalayaa ilaalchisee Robert, (2004:03), Xalayaan dubbistoonni osoo ibsa nurraa hin barbaadiin ergaa keenya akka dabarfannu, yaada keenya akka fudhatan karaa ittiin amansiifannuu fi tarkaanfii nuti barbaannu akka fudhatan karaa ittiin taasifnuudha jechuun ibsa. Dandeettii barreessuu keessatti barreeffamni kee ifaa fi sirrii yoo barreessite namoota alaala jiraniin sirriitti walqunnamteetta jechuun ni danda'ama. Kanaaf,Dandeetti barreessuu gaarii qabaachuun immoo jireenya namaa keessatti akka furtuu milkaa'ina tokkootti fudhatamuu danda'a.Garuu waanti barreessite sirriitti qulqullina hin qabu yoo ta'e,xalayaan barreeffame namoota barreeffameef sanaaf bu'aa hin qabu jechuudha. Hayyuun Keh,(1996) yommuu ibsu, Namoonni walqunnamtii barreeffamaan godhan keessatti ergaan fudhatan ykn dabarsan akka qulqulluu fi ifa ta'u barbaadu jedha. Kanaafuu,dubbisaa fi barreessan yaadaan waliigaluu baannaan kaayyon barreeffamichaa galma hin geenye jechuudha.

Dandeettii barreessuu gosa barnoota hundaa keessatti ogummaa hedduu barbaachisu waan ta'eef, jireenya dhuunfaa keenya keessatti meeshaa walqunnamtiif barbaachisuudha. Xalayaan karaa ittiin barreessanii fi dubbisaan ittin waldubbisaniidha. Haaluma kanaan, madaallii dandeettii barreessuu barattootaa kanaaf akka madda ragaatti qorataan qorannoo kanaa xalayaa (barruu) barattoota akka iddattootti fudhataman baay'ina 84 ta'an barreessisiisuun ga'umsa dandeettii barreessuu barattootaa kanaa madaalera.

## 4.2.1 Qaaccessa Dogoggoraa Xalayaalee Barattootan Barreeffamanii.

**1. Xalayaa**: Barreeffama barataa ‘A’mata-duree xalayaa Hiriyaa jedhuun barreeffame.



Guyyaa 08/09/016

Xalayaa Hiriyaa

Akam jirta? jechaa naaga kotin egalaa
naga kooti ansuun torban darbe dhufen ture
garuu, si arguu hin dandenye siif, bilbiluufilee
lakkofsa bilbilaa ke argachuu hin dandenye
kanaafuu, dhima cimaf wanan si barbaadeef.
daftee hatattaman akka na qaqabdu dhaamsaa
koo si biraan gaa'uun barbada.

Nagaa waajjin

Dureessaa Lammii irraa

Qu:- Qubeessuu
St:- Sirna tuqaalee
Qq = Qubqudeessa

Xalayaa 1ffaa

Barreeffama harkaa armaan olii akkuma jirutti yeroo barraa’u/ garagalu/

guyyaa _____________

**Xalayaa Hiriyaaa**

*Akam jirta jechaa naaga kotin egalaa*

*naga kooti ansuun torban darbe dhufen ture*

*garuu,si arguu hin dandenye siif bilbiluufilee*

*lakkofsa bilbilaa ke argachuu hin dandenye*

*kanaafuu,dhima cimaf wanan si barbaadeef*

*daftee hatattaman akka na qaqabdu dhaamsaa*

*koo si biraan gaa’uun barbada.*Jechuun barreesse

*Nagaa waajjin*

*Dureessaa Lammii irraa*

Gama biraatiin immoo haalli dogoggora dandeettii barreessuu gabatee kanaa gadii keessatti qaacceffameera.Gabatee armaan olii kana yoo ilaalle, Xalayaa kana keessattii odeeffannoo xalayaan dhuunfaa tokko qabaachuu qabu hedduu isaa akka itti hir'atu hubachuun ni danda'ama


| T.L | Barreeffama dogoggora barattoonni barreessan | Yeroo sirraa'ee barreeffamu | Seeran ala itti dabalamuu ykn iraa cituu Qubeewwanii |
|---|---|---|---|
| 1 | Akam ,naaga,egalaa,naga,ansuun, dhufen,dandenye,bilbiluufilee, lakkofsa,ke,dhima,cimaf,wanan, hatattaman,qaqabdu ,dhaamsaa,gaa'uun | Akkam,nagaa,eegala,nagaa, aansuun dhufeen, dandeenye, bilbiluuf illee,lakkoofsa, kee, dhimma,cimaaf,waanan,hatattam aan,qaqqabdu,dhaamsa,ga'uu | /-k/, /a/, /e/, /a/, /a/,/e/,/e/,/l/, /o/,/,/e/,/m/,/a/, /a/,/a/,/q/,/a/,/a / |
| | Yaada dogoggoraan barreeffame. | Yeroo Sirraa'ee Barreeffamu | Hanqina keessatti mul'ate. |
| | Akam jirtu jechaa | Akkam jirtu? Jechaa | (?) |
| | naaga kotin egalaa | Nagaa kootin eegala. | / N/, (.) |
| | naga kooti ansuun | Nagaa kootti aansuun, | /N/ /,/ |
| | torban darbe dhufen ture | torban darbe dhufeen ture. | (.) |
| | garuu,si arguu hin dandenye | garuu,si arguu hin dandeenye. | (.) |
| | siif bilbiluufilee lakkofsa bilbilaa ke argachuu hin dandenye | Siif bilbiluufillee ,lakkoofsa bilbilaa kee argachuu hin dandeenye. | /S/ ,(.) |

Barreeffama xalayaa armaan olii kana yoo madaalamu, unka xalayaan dhuunfaa tokko qabaachuu qabu hedduu isaa akka itti hir'atu.Kunis:jalqabarratti teessoo nama erguu,teessoo nama ergamuuf, akkasumas,ibsa xalayaa barreeffameerratti, xumura (cuunfaa yaada barreeffamee) fi cufaa irratti odeeffannoon quubsaa ta'e xalayaan kun akka ofirraa hin qabne

qaacceffameera.Akkasumas, qubeewwan dogoggoraan dabalaman yookiin irraa hir’achuun (bakka hinbarbaachisnetti dabalamuun yookiin hir’achuun) dogoggorri jechoota garaagaraa uumamee jira.Tartiiba lakkoofsa tokkoffaa keessatti dhamsagoonni hedduun dogoggoraan qubeeffamanii jiru.Jecha ‘Akam’ jedhu keessatti dhamsagni |k| jabaachuu osoo qabuu laafee jechicha wanta jedhamuu barbaadame irraa maqsuun hiika akka dhabu yookiin yaadicha hubachuuf akka rakkisu taasisee jira.Itti aansuun dhamsagoonni |a| fi |e| /a/,/l/,/o/,/q/e/, bakka hin barbaachisnetti dabalamuu yookiin bakka barbaachisutti irraa cituun jechoonni yookiin yaadonni barbaadaman hafuun yaadonni biraa akka uumamu ta’ee jira. Akka Geetaachoon (2009, ff.26-28) jedhutti qubee dubbachiiftuu dabaluu ilaalchisee dubbachiiftuun yoo dabalame hiika duraan qabu ni jijjiira.” Jedha.Haala kanaan dhaamsagoonni seera malee dabalamuun yookiin irraa hir’ifamuun jechoonni hiika duraan qaban akka dhaban ta’eera. Egaa barattoonni dogoggora uumamuuf dhimmaa fi fedhii dhabuun isaanii qorannoo kanaa kan mirkanaa’edha.

Dogoggorri biraa immoo sirna tuqaalee fi qubguddeessan kan walqabatu immoo yaadonni (himoonni) mallattoo gaaffiitiin barraa’uu qabanii osoo itti hin fayyadamiin hafee jira.Haaluma kanaan himni *Akam jirta* jedhu kun hima gaaffii waan ta’eef dhuma irratti mallattoo gaaffiitin *Akkam jirta?* jedhamee barraa’uu qaba ture. Akkasumas,himoonni mallattoo tuqaatiin xumuramuu qaban hedduun isaanii osoo itti hin fayyadamiin hafee jira.Hima *Akam jirta jechaa naaga kotin egalaa* jedhu keessatti ta’uu kan qabu *Akkam jirta? jechaa nagaa kootin eegala*. jedhamee dhuma himichaarratti mallattoon tuqaan erga kaa’amee booda himni itti aanu immoo jechi jalqaba irra jiru qubguddeessan katabamuu qaba. Kunis, jechaa *naga koti ansuun torban darbe dhufen ture* jedhu keesatti jechoonni *jechaa fi naga* jedhu *Jechaa fi Nagaa* jedhamee qubguddeessan barraa’u qabu turan. Haaluma walfakkaatuun himoonni xalayaa kana keessa jiran sirna tuqaalee garaagaraatin osoo hingoolabamiin hafanii jiru. Waliigalatti, barreeffama xalayaa barattoonni kun barreessan yoo ilaalle akkaataa fi bifa unka xalayaa dhuunfaa armaan olii kana kan guutee barreeffamee fi ergaa barbaadame jecha sirrii ta’een kan barreeffame miti.Kana jechuun odeeffannoo xalayaan dhuunfaa tokko qaba hunda ofirraa kan hin qabnee fi dogoggora qubeessuu fi yaada rarra’aan kan barreeffameedha.Kanaafuu barattoonni kun irra deebi’uun maalummaa xalayaa dhuunfaa baruu fi dogoggora barreeffamaa uumamu irraa of qusachuu qabu.

**2. Xalayaa**: Barreeffama barataa 'B' mata-duree xalayaa jaalalaa jedhu agarsiisu.



Guyyaa 8/10/2016

Xalayaa Jaalalaa

Duran dursa haa ga'u nagan koo kan jalalafi
kabajaa egaa akkume arman oliti ibsamuuf
yaalame dhima jaalala keenya sana
kan duraan waliin haasoofne matin kee
si lollan adan kunne sana an si dhise
osoo in taane rako maatin giddu galaniin
yeroof addaa cite ture amma garuu
Jaalali kee waan nati cimeef ganna
kana yeroo barnooni dhaabbate
wal argine waa,ee Jalala keenya
waliin hasofne jedhen yaada

Nagaa wajjin

Wayyeessa Guutu

Qu:- Qubeessuu
St:- Sirna tuqaalee
Qq = Qubqudeessa

Xalayaa 2ffaa

*Guyyaa_________*

***Xalayaa Jaalalaa***

*Duran dursa haa ga'u nagan koo kan jalalafi kabajaa egaa akkuma arman oliti ibsamuuf yaalame dhima jaalala keenya sanakan duraan waliin haasoofne matin kee si lollan adan kunne sana an si dhise osoo in taane rako maatin giddu galaniin yeroof addaa cite ture amma garuu Jaalali kee waan nati cimeef ganna kana yeroo barnooni dhaabbate wal argine waa,ee Jalala keenya waliin hasofne jedhen yaada" jechuun katabee jira.*


*Nagaa wajjin*

*Wayyeessa Guutu*

Akkaataa odeeffannoo xalayaa barataa armaan olii kun ibsutti qubeewwan dubbifamtoonni fi dubbachiiftonni hir'ifamuun barreeffamicha hiika akka dhabu ta'ee jira.Tartiiba bo'oo tokkoffaarraa eegalee hanga bo'oo dhumaatti haala walfakkaatun mul'ata. Fakkeenyaaf arman oliti *dhima matin si lollan adan dhise rako*… akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, qubeewwan dubbifamtoonni fi dubbachiiftonni irraa cituun ykn osoo hin barbaadamiin dabalamuun barreeffamicha akka hiika hin'arganne taasisaniiru. Fakkeenya bo'oo sadaffaa irratti qubeen /d/ fi /a/ hir'isuun *addaan* ta'uu kan malu *adan* kan jedhutti jijjiiramuun jecha hiika dhabeessa akka ta'e nama hubachiisa. Kana malees,dhamsagoonni /i/fi /e/irraa cituun *dhiisee* ta'uu kan malu *dhise* kan jedhutti jijjiiramuun hiika *addaan harkisuu ykn diriirsuutti* jijjiiree jira. Egaa qubeewwan dubbifamtoonni fi dubbachiistonni armaan olitti bakka hin malletti dabalaman ykn hir'ifaman yaadni barbaadame hafee akkasumas, yaadni dogoggoraa biraa uumamuun barreeffamichi hiika dhabeessa ta'uusaa agarsiisa.Walumaa galatti odeeffannoo dalataaf afgaaffii barsiisota irraa argameen akka ibsanitti dogoggoroota kanaaf sababa kan ta'e inni ijoon jedhu mana barumsaa sadarkaa 1ffaatti seeraan qubeessuu barsiifamuu dhabamuu barattootaa akka ta'e odkennitoota yaada isaanii kennanii jiru.

**3. Xalayaa:** Barreeffama barataa 'C' mata-duree xalayaa maatii jedhu agarsiisu.

.



Guyyaa 8/8/016

Xalayaa maatii

Nagaa koo Hunda dursee isin ha qaqabu
Maati hundi nagaadha abban koo hati koo obboleewan koo
hundu nagaadha Ati nagaa kooti. waaqayyof haa galatu
nagaakoo Firoota koo Hunduma biran naf Gaha
Nagaa kooti danse dhimma waliin hasofne Sana waa'ee
Gaa'ila koo bara dhufu barnoota koo xumure achuma fudha
wan ta'ef akka qaphoftan isin jedha.
haga ijan walarginuti nagaan turaa.

Nagaa waliin

ilma kessan Turaa Qalbessa irraa

Qu :- Qubeessuu
St :- Sirna tuqaalee
Qq :- Qubqudeessa.

Fakkii 3ffaa

Odeeffannoo xalayaa barattootaa armaan olitti barreeffamee irraa akkuma xalayaa lak.1 fi 2ffaa haalli dogoggoraa walfakkaataa yoo ta’u qubeewwan dubbiffamaa fi dubbachiiftun hir’ifamuun jechoonni hedduun hiika dhabuun ergaan xalayichaa akka rarra’uu fi hubachuuf illee akka rakkisu xalayoota sadan armaan oliitti barreeffame irraa hubachuun danda’amee jira. Haaluma kanaan jechoonni xalayicha keessatti barreeffamanii jiran keessaa *Nagaa koo Hunda dursee isin ha qaqaqbu* Hima kana keessatti jechi *Nagaa* jedhu dhamjecha mathima mul’istuu kan taate –n maxxanfachuu qaba.Kanaaf,*Nagaan koo* jedhamee barreeffamee gaariidha.Jechi Hunda sababa hima gidduu jiruuf qubee jalqabaa qubguddeeessan barreeffamuu hinqabu.Akkasumas, jedhu maqibsa baay’inaa waan ta’eef,Kan biraa himuma kana keessatti *ha qaqabu* gaalee jedhu kana keessatti *ha* kan jedhu sagalee dheeraa waan qabuuf, *haa* jedhamee barreeffamuu qaba. *qaqaba* kan jedhus sagalee jabaa waan ta’eef immoo *qaqqaba* jeddamee barraa’uu qaba ture. Akkasumas, dhumarrattis sirna tuqaalee mallattoo tuqaatiin (.) goolabamuu qaba.

Walumaagalatti barattoota mana barumsichaa akka iddattootti fudhataman xalayaaleen isaanii dogoggora qubeessuu dabalatee hanqina sirna tuqaalees kan baay'inaan kan keessatti mul'atu ta'uu qorannoo kanaan mirkanaa'era.

### 4.2.2 Shaakala Keeyyata Barreessuu

Matadureewwan gaditti siif kennameen keeyyata tokkoo hanga lamaa kan hin caalle barreessi.


1. Seenaa namoota gumaacha guddina Afaan Oromootif godhaan
2. Faayidaa nyaataa
3. Gosoota afoolaa keessaa mammaaksa hiika isaa waliin barreessi
4. Bu'aa hojii qonnaa
5. Faayidaa barnootaa

Keeyyanni qindoomina garee jechoota adda addaa ta'ee, tuuta himootaa irraa kan ijaaramuudha. Keeyyanni haala gaariin barreeffame tokko ergaa guutuu akka dabarsu taasisa. Himoonni ergaa hedduu qabatanii waliin ijaaraman keeyyata jedhama. Keeyyanni seera afaan tokkoo keessatti adeemsa ittiin barreeffamu qaba. Haaluma kanaan Geetaachoo, (2008:119).yoo yaada isaa ibsu "keeyyatni walitti qindomina himootaa ta'ee yaada handhuuraa tokko kan dabarsuudha"jedha. Kanaafuu, keeyyanni xiiyyeeffannoon isaa yaada mata duree ijoo qabate sana qofa kan addeessee ibsuudha. Keeyyanni hima ijoo irratti hunda'ee barreeffama. Himni ijoon kun jalqaba keeyyataa, gidduufi xumura keeyyata tokkoo keessatti dhufuu ni dandaa'a. Keeyyanni hima ijoo tokkittii qabaata. Sababni isaa keeyyanni tokko waa'ee mata duree tokko qofa waan dubbatuuf.

Akkasumas,keeyyanni tokko caasaalee garaagaraa irraa kan ijaaramuudha.kanneen keessaa Yohaannis,(1966:277). "Keeyyanni qindoomina garee himoota adda addaa ta'ee ciroo hirkataa fi ofdanda'aa ofkeessatti qabata.Akkasumas keeyyanni caasaalee keeyyata ijaaran sadii of keessaa qaba. Qindoominni kunneen keeyyanni gaariin tokko akka ijaaramuu fi ergaa guutuu akka dabarsu taasisa.Himoonni ergaa hedduu qabaatanii haala afaan hawaaasichaa eegeen waliin ijaaraman, keeyyata jedhama. Kanaaf haaluma kanaa oliin ibsameen keeyyata gaarii yaada guutuu qabateen keeyyata gaarii tokko barreessi.

**1. Keeyyata baratâa 'A'n barraa'e**.

- Mata duree keeyyatichaa: Bu'aa hojii qonnaa jedhu irratti.



Guyyaa 12/08/2015

1.Qaaccessa Qormaata Barreeffama Gabaabaa Shakala barreessuu mata-duree siif kenname keessaa filachuun keeyyata tokko barreessi.

1.Seenaa namoota gumaacha guddina Afaan Oromootif godhaan 2.Jijjiirama qilleensaa

3.Faayidaa barnootaa 4.Gosoota afoolaa keessaa mammaaksa hiika isaa waliin barreessi

5.Faayidaa nyaataa

**Sadarkaa barnootaa:kutaa______ daree______ koorniyaa______ umurii______**

1.Mata duree Bu'aa hojii qonnaa

**Ibsa 1ffaa:** Barreeffama armaan olii akka dubbifamuuf akkuma jirutti yeroo barraa'u. .

*Namoonii Jiraachudhaf hojii hojaachuu qabuu Fkn qonnan bulaan qotee yoo omishuu baatee wan nyaatuu wan hin qabneef Jirachuun ittiita'aa Hojiin wabii jireenyaa wan ta'eef namnii hundii ciminaan hojaatee jirachuu qaba Hojii hojaachuun barbachisadhaa yeemuu jedhamee hojjii ofi isaa hangaa nutii harkaa kenyaa maraannee miti*

Qaaccessa dogoggoraa keeyyata baratataa ‘A’tin armaan gaditti barraa’e fi yaada sirreeffamaa .

| t.l | Yaada dogoggoraa | Yaada sirrii | Gosa dogoggora sagaleewwanii |
|---|---|---|---|
| 1 | Namoonii | Namoonni | Jabaachuu hafuu sagalee /n/ fi seeraan ala dabalamuu sagalee /i/ |
| 2 | Jiraachudhaf | jiraachuudhaaf | Himakeessatti‘J’n seeran ala qubguddeessan barraa’uu fi hafuu sagaleewwan /u/ fi /a/ |
| 3 | Hojaachuu | hojjachuu | Jabaachuu dhabuu sagalee /j/ fi seera malee dabalamuu sagalee /a/ |
| 4 | qabuu,qonnan,omishuu, wan,ittii,ta’aa,hojaatee jirachuu,barbachisadhaa yeemuu,hojjii,oFi,nutii, kenyaa.maraannee,mitii | qabu,qonnaan,oomishuu, waan,itti,ta’a,hojjatee, jiraachuu,barbaachisaadha, yemmuu,hojii,ofii, nuti,keenya,marannee,miti. | Dabalamuu sagalee /u/,hafuu sagaleewwan /a/, /o/,/a/,… |

Barreeffama armaan olii kana keessatti barattoonni mata duree tokko filachuun keeyyata akka barreessan taasifameera. Haaluma kanaan barreeffama barattootaa kana keessatti dogoggorri qubeewwanii hedduu kanneen akka: qubeewwan seera malee dheeraachuun,gababbachuun,jabaachuunii,laaffisuun fi dogoggora qubguddeessaa akkasumas dogoggorri sirna tuqaalee qaacceessa taasifame irraa adda baheera. Egaan dhamsagoonni armaan olitti dabalaman yaadni barbaadame hafuu fi barreeffamichi hiika dhabeessa ta’uusaa namatti agarsiisa. Haata’u malee,barattoonni barreeffama barreessan keessatti dogoggora uumamuuf xiyyeeffannoo kennuu dhabuun isaanii qorannoo kanaan kan mirkanaa’edha. Fakkeenyaaf Shaakala keeyyata armaan olitti barreeffame yoo ilaalle‘*Namoonni jiraachudhaaf”* ta’uu kan qabu *Namoonii Jiraachudhaf* jechuun dogoggora qubee fi qubguddeessaa uumamee jira.Kanaaf, jechi *Namoonii* jedhu jecha *Namoonni* jedhu nuuf hin kennu,hiikanis garaagara. Fakkeenya keeyyata armaan olii kana keessatti dogoggorri hedduun akka mul'atu hubachuun ni danda'ama. Egaa barreeffama isaanii keessatti dogoggorri, sagaleeleen gabaabbachuu malan dheeratanii, kanneen dheerachuu malan gabaabbatanii akkasumas sagaleeleen jabaachuu malan laafaanii kanneen laafuu qaba immoo jabaatanii barreeffamanii jiru.

Jechoonni dhamsagni isaanii gabaabbachuu osoo qabanii hin gabaabbatin kan hafan akka armaan gadiitti qaacceffamuun rakkooleen mul'atan adda bahanii jiru.Haaluma kanaan jecha '*Namoonii'* jedhu keessatti kan barbaadame jecha ' *Namoonni'* jedhuudha.Kan qubeeffamee jiru garuu 'Namoonii' kan jedhu yoo ta'u, rakkoo kanas kan fide dubbifamaan /n/n jabaachuu osoo qabuu laafuu fi dabalamuu dubbachiiftun /i/ irraa kan ka'eedha.


Bo'oo 2ffaa keessattis dogoggorri dhamjecha '*-dhaf'* jedhu kun jecha kana keessatti ta'uu kan qabu …'-dhaaf' akka galumsa kanaatti kan barbaadame jiraachudhaaf' kan jedhuudha. Dogoggorri kun kan uumames qabata dubbachiistuun /a/'n waan gabaabbateef. Kanaaf /a/ dheeressuun '*-dhaaf'* kan jedhu ta'a. Dogoggorri qubeessuu kun immoo hiika jechichaa jijjiiruus waan danda'uuf ofeeggannoo gochuun gaarii ta'a. Haaluma walfakkaatuun,jechoonni kanneen akka *hojaachuu,qabuu,qonnan,omishuu, wan,ittii,ta'aa, ta'eeF','namnii', 'hundii','hojaatee, 'jirachuu','barbachisadhaa', yeemuu, jedhamee, hojjii, oFiisaa, hangaa, nutii, harkaa, kenyaa, maraannee,mitii…'* jedhamanis rakkoo walfakkaataa qabu.Jechoonni seera malee dheeratanii, gabaabbatanii, jabaatanii fi laafaanii waan jiraniif, akkasumas,xummurri jechaa illee qubguddeessaan barraa'uun isaanii akka seera barreeffama Afaan Oromootti fudhatamas ta'ee ergaa dabarsuu irratti hanqina guddaa kan qabuufi dhuma irratti jechi *maraannee* (nama sammuun qixaan hinhojjanne) jedhutti hiika waan kennuuf yaada barbaadame waliin kan hindeemne ta'uu isaa hubanna.Kanaaf, hima kana keessatti jedhamuu kan barbaadame *marannee* (hojii malee callisanii taa'uu) kan jedhu ture. Garuu jechoonni kun lamaan hiikaan baay'ee walii irraa fagoo fi hiika adda addaa kan qabaniidha.Akkasumas,ergaan yaadichaas maal akka ta'e ifaa miti , rarra'aadha.

Kana malees, dogoggorootni sirna tuqaalee kan akka:

- Sirna tuqaalee /sarara 1ffaa keessatti dhuma jecha '*qabuu'*,sarara 2ffaa jecha 'Fkn' biratti,sarara 3ffaa jecha '*ta'aa'jedhu* akkasumas sarara 5ffaa jecha'*qaba*'jedhuu fi sarara dhumaa jecha'*mitii'* jedhu booda tuqaan dhabamuu.
- Kana malees bo'oo 3ffaa jecha'*qabneeF*'jedhuu fi bo'oo 4ffaa jecha'*ta'eeF*'jedhu booda mallattoon qoodduu dhabamuu.Qindoominni yaada keeyyata barreffamee kan hin jirree fi yaadichi kan hin goolabamne ta'uu isaa mul'isa.

**2 .Keeyyata baratаа ‘B’ n barraa’e**.

- Mata duree keeyyatichaa: **Bu’aa nyaataa** jedhu.



Ibsa: 2ffaa

Barreeffama armaan olii harkaan barraa’e gara kompiyuuteratti yemmuu jijjiiramee barraa’u.

> *Nyaanni guddina qaamafi dhibee ittisuufi humanaargachu gargaarakanneen guddina qaamaaf gargaaran foon killee qurxummii faadha Gamabirootiin kanneen dhukkuba namarraaittisan maangoo burtukaanarfuufi kaarotii fai kanneen human namaa kennan, immoo dama mosee daabboo shonkooraa faadha kanaafuunyaata ga’aa ta’e soorachhuu Jireenya namaaf murreessaadha.*Jechuun barreesse.

Qaaccessa dogoggoraa keeyyata barataa ‘B’tin armaan gaditti barraa’efi yaada sirreeffamaa .

**Qubeessuu**: Qubeessuun sirna qubeen jechoota keessatti ittiin tarreeffamaniidha. Qubeessuun qubee walbira naquu qofaan jecha sirrii ta’e barreessuun hindanda’amu. Jechi barreeffamuu qabu tokko sirriitti hin qubeeffamne yoo ta’e, ergaa barreeffama tokkoo miidhuu bira darbee kallattii hiikaa jijjiiruu danda’a. Kanaafuu,jecha sirrii ta’e fudhatama qabuu fi hiika kennu ta’uu qaba. Qubeessuu ilaalchisee hayyuun Mc.Crimmon, (1963:491). yommuu ibsu,barattoonni hanqina

qubeessuu qaban waa’ee qubeessuu ilaalchisee qabxilee akka faayidaa qubeessuu hubannoo dhabuu, qubeessuun ni ulfaata jedhanii yaaduu, hanqina qubeessuu fooyyeffachuun hin danda’amu jedhanii yaaduu fi rakkoo qubeessuu kana foyyeffachuuf human guddaa fi yeroo dheeraa nama gaafata jedhanii of amansiisudha.Barattoonni kunniin karaa hawaasummaatiinis ta’ee gama addunyaa barnootaatinis miidhamoodha. Hanqinni qubeessuu kunis ulfaataa waan hin taanef yoo itti yaadame haala salphamatti hubachuu kan danda’uudha, jechuun kaa’a.Kanaafuu, qaaccessa barreeffama armaan olii kanarraa akka hubatamutti dogoggora qubeessuu barattoota kanneenii keessatti gama adda addaatiin mul’ate haala kanaa gadiitiin qaacceffamaniiru.

**Dogoggora dheeressuu fi gabaabsuu**:- Hanqinoota mul’atan kanneen keessaa inni tokko,sagalee dubbachiiftuu tokko bakka dheerachuu qabutti gabaabsuufi iddoo gabaabbachuu qabutti dheeressuudha. Kanas haala kanaa gadiitin madaaluun danda’ameera. Fkn‘*Nyaanni guddina qaama fi dhibee ittisuu fi humna argachuu gargaara*’jechoonni as keessatti tuqaman kunneen barreeffama armaan olii kana keessaa kan fudhatame yoo ta’u, gaalee jalqabaa ’ *Nyaanni guddina qaama*’jedhu keessatti dubbachiiftuun jecha qaama jedhu keessatti ‘aa’ n lama walitti aantee dhufuu/dheereesssuu osoo qabuu/ gabaabsuun jechi ergaan akka darbu barbaadame dhiisee hiika gara biroo akka qabaatu yookaan yaadicha hubachuun akka rakkisu taasisee jira.Akkasumas,*’argachuu’* biratti akkaataa himichi ergaa guutuu qabaachuu danda’utti dhamjecha …*f* biraa hambisuun ergichi akka rarra’u taasisee jira.Jechoota lammaffaa keessattis‘*rafuu’,’kaarotii’‘faadha*’kunneenis dubbachiiftonni jechoota ‘*rafuu’,’kaarotii’* dheeraachuu osoo qabanii gabaabbachuun hiika jechoonni hima keeessatti qaban hanqisee yookiin hiika jijjiirree jira. Fkn *rafuu* jechi jedhu ‘*ciisuu’* yoo ta’u akkaataa hiika jechaa hima keessatti barbaadame ‘*raafuu’* ture. Gama biraatin immoo jechoonni ‘*shonkooraa’* jecha kana keessatti dubbachiiftuun /a/n tokkoon barreeffamuu osoo qabuu lama taatee barreeffamuun dogoggora jechaa hima keessatti uumee jira.Kanaafuu *shonkoora* jechuun barraa’uu qaba. Qubeen dubbachiiftuu yoo dheeratu sagaleen waan dheeratuuf jecha gabaabaa dheeressa.Kanaaf, Afaan Oromoo keessatti uumama jechootaa jijjiiruu keessatti qubee dubbachiifftuun gahee murteessaa qabdi.Afaan Oromoo keessatti qubeen dubbachiiftuu akkuma yeroo dheeratu dogoggorri uumamu gabaabbachuudhaanis dogoggorri ni uumama.


**Dogoggora Jabeessuu fi laaffisuu**:- Qubee dubbifamaan Afaan Oromoo keessatti sagalee dubbiifamaa mataa isaa of danda’e hin qabu.

Barreeffama keessatti jechoota uumuu keessatti qubee dubbachiiftuu waliin gahee walqixa qaba.Kanaafuu,yeroo jechoonni barreeffaman qubee dubbifamaa seeran ala jabeessuudhaan yookiin laaffisuudhaan dogoggorri ni uumama.Fakkeenya kana fudhannee ilaaluun ni danda'ama.'Kanneen humna namaa kennaan immoo *dama mosee daabboo shonkooraa faadha'*.Hima kana keessatti kan mul'atu immoo jecha '*dama'* jedhu keessatti dubbifamaa'm'gidduu irratti jabaachuu kan qabu laaffissuudhaan barreessuun jechi hiika dhabeessa ta'ee akka uumamu taasisee jira. Jechi '*dama*'jedhu Afaan Oromoo keessatti hiika waan qabu hinfakkaatu. Dubbifamaan gosa tokko lama ta'ee walitti aanee kan barreeffamu yoo ta'ee sagalee jabaatu uumama; tokko yoo ta'e immoo sagalee laafaatu uumama, (Geetaachoo 2011). Akkasumas, '*Jireenya namaaf murreessaadha'* jedhu keessatti dhaamsagni /r/ *irra* butaan barraa'uu osoo qabuu irra darbamuun qubeen 'rr'jabaatee barreeffamuu fi dhamsaga /t/'n irra darbamee waan barreeffameef hiika dhabee jira.Kanaafuu, jechi'*murreessaadha*'jedhu kun Afaan Oromoo keessatti hiika kan hin qabneedha. Jechi kun ergaa qabaachuu qabu dhiisee ergaa gara biraa akka qabaatu yookiin dhabu kan isa taasise dubbifamaan gidduu jecha kanaa irra butamuu osoo qabuu jabaatee barreeffamuu isaati.

Seera dhamsagoota afaanichaa beekuu dhabuunis hanqina akkanaatiif akka nama saaxilu beekamaadha. Dheerachuufi gabaabachuu dhamsagootaa qofa osoo hintaane jabaachuufi laafuunis barreeffama tokko keessatti dogoggora jechaa waan uumuuf, seera afaanichaa eegee ta'uu akka qabu yaadni armaan olii kun nu hubachiisa.

**3. Keeyyata barat
aa ‘C’ n barraa’e**.

- Mata duree keeyyatichaa:  Mammaaksa mammaaksan hiikuu



Ibsa 3ffaa: Barreeffama armaan olii   akka dubbifamuuf akkuma jirutti yoo barraa’e.

1. *Dhirsaa fi Niitti laga tokko Waraabuu.=Yaadanis Bifaanis Amalaanis wal Fakkatuu jechuudha.*
2. *Iji baduus bakkii ija hin badduu. =Wanta Dhoksuus baaduus hin dandeenye.*
3. *Osoo wal biraa jiruu wal hin agaruu jetee ijjii ijaan. =Dangeefamoo ykn yaadda adda addaa kan qaban jechuudha.*
4. *Akka malee ijeettanni maal lafti dabaan kun jedhuu. =Baddi tokko ofii dalagonni qamaa biraa maqaa xureessuu jechuudha.*
5. *Badduu baddii malee saree ijaa hin dhiqaan.=*

Qaaccessa dogoggora barreeffama keeyyata barataa ‘C’tin armaan gaditti barraa’e fi qaacceffafama taasifame.

Dogoggora Qubguddeessaa:- Qubguddeessi  Akka Getaachoon (2003) jedhutti,”qubguddeessi Afaan Oromoo keessatti jalqaba himaatti, maqaalee dhuunfaa yookiin waamamsaa fi ka’uumsa keeyyataa akka fakkeenyaatti fudhachuun ni danda’ama”yaada jedhu kaa’a.

Haata'u malee, barreeffama barattoota kanneenii keessatti qubguddeessa, haala kanaan dhimma itti bahuu dhabuun ni mul'ata.Kunis, hima kana keessatti dogoggora qubguddeessaa bakka himni qubee xiqqaan barraa'uu osoo qabuu hedduun isaa qubee guddaan barraa'ee jira. Kun immoo seera itti fayyadama qubguddeessaa beekuu dhabuu barattootaa agarsiisa.Haaluma kanaan hima kana keessatti *"Dhirsaa fi Niitti lagaa tokko Waraabuu*" deebii mammaaksa kanaas yoo ilaalle immoo "*Bifaanis Amalaanis wal Fakkatuu jedhuudha*" jechuun barreessee jira.Hima kana keessatti jechi' *Niitti'* jedhu qubee xiqqaadhaan osoo barreeffamuu qabuu qubee guddaadhaan barreeffameera, kana malees, jechoonni *Bifaanis,Amalaanis,wal Fakkatuu* jedhan qubee xiqqaadhaan osoo barreeffamuu qabanii qubee guddaadhaan barreeffamanii jiru.Kanaafuu, akka maqaatti osoo hintaane akka jecha hima gidduu jiruutti barreeffamuu qabu. Fakkeenyoota kanneeniifi kanneen kana fakkaatan keessatti, jechoonni himni ittiin hin eegalle, kanneen gidduu himaa keessa jiran, osoo maqaa dhuunfaa hintaane, qubee guddaan taa'anii jiru. Hanqinoonni kunneenis, jechoonni maqaa dhuunfaa hintaane gidduu himaa keessatti qubee guddaan barraa'uu,hima qubee xiqqaan eegaluudhakan mu'atu ta'uu isaa namatti agarsiisa. Kanaafuu,seerri qubguddeessaa kan barreessaan tokko waa'ee seerichaa beekuun of eeggannoon dhimma itti bahuu qabu malee, kan akkuma itti fakkaatutti itti fayyadamu miti.


**Dogoggora Dhamjecha Hirkataa**:- Caasaa afaanii keesatti dhamjechoonni kanneen tajaajila caaslugaatif oolanii fi kanneen garee jechaa jijjiiruu danda'aniidha.Kunis qaama jechaatti fufamuun hiika jechaa kanneen jijjiiraniidha. Akkasumas, Dhamjechi ofdanda'aa yookaan hirkataa ta'ee dhaabbachuu danda'a. Caasaa Afaan Oromoo keessatti sadarkaa qubeessuu irraa jalqabee birsaga, jecha,gaalee ,himaa fi keeyyanni qaama caasaa afaanii keessatti xiqqaa irraa gara guddaatti qindoominni caasaa afaanii gahee guddaa qaba. Caasaa kana jalatti 'dhamjechi' qaama xiqqaa afaanii kan hiikaa fi tajaajila caaslugaaf dhaabbateedha. Afaan Oromoo keessatti akkuma dhamjechi hirkataan jiru, ofdanda'aniis jira,(Addunyaa,2011).Kana irraa waanti hubannu barreeffama keessatti akkuma dhamjechoonni ofdanda'anii dhaabbatanii jiran, kanneen hirkatanii barreeffamanis jiraachuu isaaniiti.Kanaafuu, caasaa afaanii keessatti sadarkaa dhamjechaa irraa hanga barreeffama barruutti caaseffamni afaanii walqabatee kan deemu ta'uu isaati. Keeyyata armaan olitti barreeffame ilaalchisee akkaataa itti fayyadama dhamjechaa irratti haala armaan gadii kanaan qaaccessuun danda'ameera.

1.'*Baddi tokko oFi dalagonni'* Yaada barreeffame kana keessatti 'd*alagonni*' kan jedhu keessatti dhamjechi '*-onni'* jedhu danuu waan agarsiisuf '*Baddi tokko oFi'* kan jedhu waliin wal hinsimu.

Kanaaf, jechoonni kun ergaa tokko dabarsuuf hima tokko keessatti caaseffamni seerluga isaanii wal hinsimatu. Kanaaf, ta'uu kan qabu '*Badii tokko ofii dalaganii'* kan jedhutti sirrachuu qaba.Fakkeenyi biraa immoo *'Iji baduus bakkii ija hin baddu'* .Hima kana keessatti jechoonni '*hin'* jedhu jecha itti aanee dhufutti maxxantee galuu qabdi malee qophaa dhaabbachuu hinqabdu.Yeroo sirraa'u '*Ijji baddus bakki ijaa hinbadu'* kan jedhutti sirraa'uu qaba.Kanaafuu, dhamjechi qaama jechaatti gara duraatiin yookaan gara boodaatiin maxxananii galuun tajaajila caaslugaa adda addaatiif ooluu qabu.


## 4. Qaaccessa madaallii dogoggora sirna tuqaaleetin uumaman

- Mata duree keeyyatichaa: Faayidaa Nyaataa .




Ibsa: 4ffaa

5.Mata duree:- Faayidaa Barnootaa . Keeyyata barataa ‘E’ dhaan barraa’e.


Guyyaa 12/08/2015

1.Qaaccessa Qormaata Barreeffama Gabaabaa Shakala barreessuu mata-duree siif kenname keessaa filachuun keeyyata tokko barreessi.

1.Seenaa namoota gumaacha guddina Afaan Oromootif godhaan 2.Jijjiirama qilleensaa

3.Faayidaa barnootaa 4.Gosoota afoolaa keessaa mammaaksa hiika isaa waliin barreessi

5.Faayidaa nyaataa

Sadarkaa barnootaa: kutaa 10 daree B koorniyaa du umurii 17.

1.Mata duree Faayidaa Barnootaa

Barnooti faayidaa guddaa qaba. Lammiin baratee jireenyaa dhunfaa isaas ta'ee, kan maatii akasumas, kan namoota nannoo fi biyyaa faayyeessuu keessatti gaee guddaa taphata. Haaluma kanaan barnooti faayidaa mirgaa fi dirqama of beekuu barmaatilee duubaatti hafoo hambisuu-saayinsii fi teknoolojii fayyadamuu-waan biyyaaf ta'uu yaaduu, kakkoo hawaasaa fuduu fi kkf keessatti bu'aa guddaa qaba. Kanaafuu barumsi jiruuf jireenyaa dhalatu namaattiif faayidaa guddaa qabaa.

kallattii adda addaatiin mul’atee jira.Qoodduun hima keessatti jechoota yookaan gaaleewwan tarree galanii hiriiran adda baasuuf, guyyaa barreesuuf,ciroowwan caasaan walhingitne adda baasuuf, walqabsiistota hima walqabsiisan booda, seensistoota hima walqabsiisan boodas akka galuu qabu hayyoonni adda addaa ni addeessu (Adduuyaa,2014 ,Geetachoo, 2003). Haa ta’u malee, barreeffamni barattootaa qaacceffame kanneen keessatti, qooddutti haala kanaan dhimma bahuu dhabuun mul’atee jira. Kanas, fakkeenyota armaan gadii irraa hubachuun nidanda’ama.Ibsa 4ffaa jalatti *Kanneen guddina qaamaaf gargaaran foon killee qurxummii faadha’* Hima kana keessatti akka taa’ee jirutti,yemmuu qaacceffamu, qoodduun ceesistuu kanneen jechoota ‘*foon’ ‘killee’ ‘qurxummii’faadha* jedhuu fi gama birootin kanneen dhukkuba namarraa ittisan *maaangoo burtukaana raafuu fi kaarota fa’i* gidduu qoodduun osoo hingaliin hafuun jechoonni walitti fufamuun daangaa tokko malee haala itti fufiinsa qabuun mallattoo qoodduu malee barraa’ee jira.Kanaaf, himni tokko dirqamatti sirna tuqaaleen barraa’uu waan qabuuf,yaadonni armaan gadii kun haala kanaan kanneen, dhukkuba namarraa ittisan: *maaangoo, burtukaana, raafuu fi kaarota fa’i*. jechuun qoodduun osoo barreessanii gaarii

ture.Akkasumas,ibsa 5ffa jalatti immoo Haaluma kanaan *barnoonni faayidaa mirgaati* jedhu keessatti osoo Haaluma kanaan, barnoonni faayidaa mirgaati.Jechuun mallattoo qoodduu sirnaan fayyadamuun barraa'ee himni kun hidhata inni hima isa dura jiru waliin qabu ifatti mul'isuf, yaada dabalataa ibsuuf akka ta'e fi walqabsiistuun erga galtee booda iddoo haara galfannaa qabaachuun yaadicha caalmaatti ifa taasisuuf gargaara.Haata'u malee, hima kana keessatti, jechoota olii keessaattis qoodduun osoo galuu qabuu galuu hafuun dubbisaan yaadota kanneen gama isaan walitti hidhata qabaniin walitti fidaa fi adda baasaa dubbisee ergaa hubachuu qabu akka hubatu taasisuu akka danda'u nama hubachiisa. Barreeffama barattoota qaacceffame keessatti sirna tuqaalee tajaajila kennuu qabuuf osoo hin oolin hafuu fi wanta inni bakka bu'eef hubachuuf illee rakkisaa ta'uu isaati.

**Dogoggora Tuqlamee (:)** Tuqlameen iddoo galuu qabutti galchuun barbaachisaadha. Tuqlameen, hima keessatti, wantoota tarreeffamanii dhufan dura galuun tarreeffamni akka jiru mul'isa. Kana malees, sa'aatiifi daqiiqaa addaan baasuuf oola (Getachew ,2003:160). Haata'u malee, barreeffama kanneenii keessatti tuqlameen iddoo tajaajila akkanaa kennuu qabutti, osoo hingalin hafee jira. Fakkeenya '*Kanneen guddina qaamaaf gargaraan*'erga jedhamee barreeffameen booda ibsi waanta kanaa kennamaa jiraachuu isaatiif tuqlameen seenee' (:) yaanni sana booda dhufu ibsa bal'aa waan ta'eef itti fufee deema. Kanaafuu, tuq-lameen tajaajila akkanaatiif osoo hin tajaajiliin hafee jira.


**Mallattoo Waraabbii (" ")** Yaada nama biroo akkuma namni sun jedhetti osoo irraa hin hanbisiin yookiin itti hindabaliin yaada sana akkuma jirutti barreeffamaan nifudhanna yoo ta'e, jecha yookiin hima nama dubbateefi barreessee mallattoo waraabbii keessa galchina. Kanaafuu, yaada namootaa akka jiruun fudhatame, mallattoo waraabbii keessa galuu osoo qabuu, hingalin hafuun, hanqina mul'ateedha. Kunis, fakkeenya armaan gadii kanneen barreeffama keessaa kallattiin fudhatame ibsamee jira. *Osoo wal biraa jiruu wal hin agaruu jetee ijjii ijaan*. Yaada armaan olitti barreeffame keessatti '*Osoo wal biraa jiruu wal hin agaruu'* erga jedhamee booda yaadi dubbataa kun akkuma jiruun mallattoo waraabbii keessa gala. *"Osoo wal biraa jiruu wal hin agaruu"* Kanaafuu, yaadichi yaada dubbataatiin gargar bahee mallattoo waraabbitiin ibsama.Kana gochuu dhabuun immoo, ergaa barreeffamichaa qixa sirrii ta'een dubbisaan akka hin hubanne gochuu danda'a. Rakkooleen akkanaa kunneenis, seera itti fayyadama sirna tuqaalee

irratti hubannaa dhabuufi xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu irraa madda.Rokkoon kun barreeffama Afaan Ormoo hedduu keessatti waan mul'atuuf akka salphaatti ilaalamuu hin qabu.

**Mallattoo Gaaffii (?)** Mallattoon gaaffii hima keessatti gaaffii gaafachuuf, yaada shakkii kan barreessaan itti hinamanne agarsiisuuf oola. Kun ta'ee utuu jiruu, barreeffama qaacceffame keessatti, itti fayyadama mallattoo gaaffiitiin walqabatee, hanqinoonni mul'atan nijiru. Hanqinoonni himoota kana keessatti mul'atan dhumarratti mallattoo gaaffii galchuu dhabuudha. Mallattoon gaaffii hima deebii barbaadu kan agarsiisudha.Himoonni kunis, kanneen deebii barbaadan waan ta'aniif,dhumarratti mallattoo gaafiitiin taa'uu qaba ture.

6. Mata duree:-Seenaa namoota guddina Afaan Oromoo keessatti gumaacha godhan.

Keeyyata barataa F'tin


Seenaa Asteer Gannoo
Asteer Gannoo biIsummaa keessatti kan dhalatte
mootii limmuu innaarittii xaatiin gabrummaatti yoo taatu booda gannu
Bara 1886 tti doonin Xaaliyaanin bidiruu ishiin gurguramte.
Sana biyya arabaatti geeffamtee turte itt feramtee, gurguraat
ishii geessan achitti namni barnoota fabee baasedhiis Ertiraa
an gaggeeffamuu ishii. fudhate wangeelaa. imisuu kanis hidhoota
baratee, oneeessmoos nasiib battalummatti Asteer ismana barumsaa kanatti
sabiale afaan oromoo akka gabduu barie. asteer kennaa sammuutti
afaan oromoo akka gopheesitu dirfamni kennamaaf. Gaamee gechoota
akunis hiixaa fakuu haaraa malaaka gungummuu kan bara 1893
maxxan gamormat. Raasidaa irra oole.

Ibsa: 6ffaa

6.Dogoggora garaagaraa qaaccessa keeyyata barattootaa keessatti mul'ate.

Barreeffama armaan olii kana gara akka dubbifamuuf jijjiiramee yeroo barreeffamu

> *Asteer gannoo bilsummaa keessatti kan dhalatte yoo ta'u booda garuu mootii limmuuinnaatti yaatiin gabrummaatti gurguramte. Bara 1886 tti doonin Xaaliyaanin bidiruu ishiin itt te'amtee gurguraaf gara biyya arabaatti geeffamtee turte qabee baaseachiis Ertiraa ishii geessan achitti namni barnoota wangeelaa imkuulu kaniswidnotaan gaggeeffamuu ishii fudhate Astee is mana barumsaa kanatti baratee oneees moos nasiib battalummatti asteer kennaa sammuutti jaalale asaan oromoo akka qabduu bare.ishiitti galmee jechoota asn oromoo akka qopheesitu dirqamni kennamaaf.Galmeen Jechootaa kunis hiikaa kakuu haaraa macaafa qulqulluu kan bara 1893 maxxanfamerrati faayidaa irra oole*.jechuun barraa'era.

Barreeffama armaan olii kana keessatti dogoggorri hedduun kan keessaatti mu'latuyemmuu ta'u,akka fakeenyatti jalqaba himichaarratti maqaan namaa yeroo hunda qubguddeessan barraa'a.Haata'u malee barreeffama kana keessatti '*Asteer gannoo'* kan jedhu gannoo kan jedhu qubee 'g'xiqqaan barraa'ee argama.Kanaafuu,ta'uu kan qabu '*Gannoo' j*edhamee barreeffamuu qaba. Haaluma walfakkaatun limmuu kan jedhu *Limmuu,araba* kan jedhu *Arabaatti* jedhamee qubguddeessan barraa'uu qaba.Akkasumas,jechoonni dogoggora qubeessuu qaban hedduun isaanii barreeffama armaan olii kana keessatti baay'inaan ni argamu. Fkn,*bilsummaa*,kan jedhu *bilisummaatti, limmuuinnaatiyaatiin,imkuuluu,oneees moos nasiib asteer*,… jechoonni kun walduraa duubaan yoo sirreeffamu *Limmuu Innaariyaatti,Imkulluutti,Onees Moos Nasiibitti,Asteeritti* jedhamee osoo barreeffamee yaada barreeaffamaa sirriitti hubachuun ni danda'ama. Garuu faallaa kanaa yoo ta'e dubbisaan ergaa barreeffamichaa osoo hinhubatiin hafa jechuudha.Kana malee,himoonni keeyyata kana keessa jiran hedduun isaanii sirna tuqaalee malee barreeffamuun isaanii ni mul'atu.Kunis: *Asteer gannoo bilsummaa keessatti kan dhalatte yoo ta'u* himni jedhu ciroo hirkataa waan ta'eef qoodduun gaalee *yoo ta'u,jedhutti aanee* galuu qaba.Akkasumas,himni *Bara 1886 tti doonin Xaaliyaanin bidiruu ishiin itt te'amtee gurguraaf gara biyya arabaatti geeffamtee turte qabee baaseachiis Ertiraa ishii geessan* jedhu dhumarratti *tuqaan* goolabamuu qaba.

### 4.2.3 Sakatta’a Barruu (Barulee) Barattootaa Iddattoo Fudhatamanii Ilaalchisee

Qorataan hojii qorannoo kanaa keessaatti wantoota akka madda ragaatti itti fayyadame keessaa tokko dabtara barattootaa mana barumsa kanaa madaaludha. Qorataan qorannoo kanaatis barattoota mana barumsaa Saqqaa sadarkaa2ffaa lak.1 kutaa 9_12ffaa Afaan Oromoo baratan keessaa barulee barattoota iddattoo fudhatamanii afurii akka madda ragaatti fudhachuudhaan qaaccessuun madaalee jira.Haaluma kanaan qorataan kun qabxiileen irratti xyyeeffatee qaaccesse keessaa akkaataa qubeessuu, dhamjechaa, seerlugaa,akkaataa itti fayyadama sirna tuqaaleetii fi qub-guddeessaa, akkasumas,haala ijaarsa himootaa fi keeyyataa irratti hundaa’udhaani. Haaluma kanaan qorataan barulee barattoota muraasaa haala armaan gadii kanaan qaaccesee jira. Akka fakkeenyaatti yoo ilaalie.

**Fakkeenya 1ffaa** kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa12ffaa boqonnaa 1ffaa gilgaala3ffaa jalatti**.**

**Ajaja:** gaaffii "A"Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa jedhu fudhatee jira**.**

**A. Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebii kenni jedhu jalatti**

1. <u>Wal-qunnamtii dhala namaatiif gahee guddaa kan taphatu maali?</u> Gaaffii kanaaf deebii kenname yoo ilaallu kan armaan gadii kana fakkaata. Himni barataan kun barreesse akkuma jirutti yommuu kaa’amu,

“*meeshaa waalqunnamtif waan Hundaraa, ollu afaanidha mallatoowwan Gargaraa amma afaan hin gaa'aan.mallatton kun ammaa Afaanin erga hin dabarsuu,kanaafu afaan waa hunda caala” jechuudhaan barreesse.* Akkuma mul’atu barreeffama barataa kanaa dubbisanii hubachuun baay’isee rakkisaadha. Sababni isaas hanqina hedduu waan qabuuf jechuudha. Kunis jalqaba qubeen himichi ittiin eegale qubee xiqqaadha, jechoota hedduu keessattis sagaleewwan seeraan ala jabaachuun, laaffisuun, dheereessuu fi gabaabbachuun hiika sirrii jechoonni qaban jijjiiraniiru.Gama biraatiin immoo sirna tuqaalee bakka hinbarbaachfnetti fayyadameera. Dhumarrattis tuqaa hin qabu.Barreeffama barataa kanaa keessatti hanqinni biraa kan mul’atu hanqina qubguddeessati.Qubeen "h,g,fi a"bakka hin barbaachifnetti qubguddeessaan barreeffamaniiru. Akkasumas, qubeen ‘m fi k’ qubguddeessaan barreeffamuu osoo qabuu qubee xixiqqaan barreffameera.Hanqinaaleen kunniin akka waliigalaatti yommuu ilaalaman qulqullina

barreeffama hima kanaa faalleessaniiru (Ergaa darbuu qabu hambisee jira).Himni olitti akka fakkeenyaatti fudhatame kun haala barreeffama sirrii fi ergaa dabarsuun yommuu barreeffamu,

**A. Ajaja** gaaffii 1ffaa jalatti kenname yeroo sirreeffamee barreeffamu.

1. *Dhala namaa wal-quunnamsiisuuf afaan, mallattoon, raadiyoon, bilbilli, interneetiin,xalayaafi wkf gahee guddaa yoo taphatan, isaan keessaa hundarra kan caalu afaani. Sababni isaa,mallattoon amma afaanii ergaa tokko guutuu hintaasisu.Yeroodhaa yeroottis fooyya'iinsa hinagarsiisu. Meeshaaleen sabqunnamtii kanneen asitti caqafamanis, afaan keessaa dhibnaan bu'aa buusuu hindanda'an. Afaan garuu yeroodhaa, yerootti guddachaa kan deemu, waan darbe isa ammaatiin waliin walqabsiisee isa boriitiif qopheessuu kan danda'uu fi walquunnamtii milkaa'iina gonfachiisuurratti dorgomaa kan hinqabne* jedhamee yoo barreeffame gaariidha.

Haaluma walfakkaatuun barreeffamni barattoota hafaniitis hanqinaalee akka kanaa hedduu ofkeessaa akka qaban qaaccessa godhameen mirkaneessuun danda'ameera.Walumaagalatti qaaccessa dabtara barattootaa kana irraa wanti hubannu,barattoonni qorannoon kun irratti gaggeeffame kunniin barreeffama ga'umsa qabu barreessuu irratti hanqina guddaa akka qabaniidha.

**Fakkeenya 2ffaa** kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa boqonnaa 8 gilgaala 3ffaa jalatti

**Ajaja gaaffii** "A" gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Dubbisa dhiyaate dubbisuun deebii gaaffiwwanii barreeffamaan akka dhiyeessanu godhi.
2.HIV/AIDSiin akkamiin namarraa namatti daddarba? Deebii dabtara barataa kanaarra jiru yoo ilaallu;

"*dhukkubni Hiv /eedsi kara walqunnamti saala daanga mallee Haadharra ilmotti meesha qara qaban fayyadamu dhukubsata kana irraa dhiiga fudhachu kkf dadarbuu danda'a"*jechuun deebii kennee jira.Akka waliigalaatti hanqina dandeettii barreessuu barataa kanaa yommuu ilaalamu ergaa darbuu qabu qixa barbaadameen osoo hindarbiin hafee jira.Deebiin hima barataa armaan olii akka fakkeenyaatti fudhatame kun yaada sirrii ta'een yommuu barreeffamu,

A. Deebii Ajaja gaaffii 2ffaa yeroo sirraa'ee barreeffamu.

- *Gudeeddii too'annaa malee raawwatamu,*

- *dhiiga haadha dhukkuba kana qabdu irraa dhalatti darbu,*
- *dhiiga nama dhukkuba kana qabu fudhachuu fi sibiila qara qabu adda addaa kan namni dhukkuba kana qabu ittiin fayyadametti fayyadamuudhaan dhukkubni HIV/AIDS'n kun haala salphaadhan dhukkubsataa dhukkuba kana qabu irraa gara isa fayyaatti darba* jechuun osoo barraa'ee gaarii ture.

## 4.3. Qaaccessaa fi Ibsa Ragaalee Madda Garaagaraa Irraa Argaman

### 4.3.1 Qaaccessa Bargaaffii Fi Afgaaffii Barattootaa fi Barsiisotaa Irraa argame.

Mata duree Madaallii Dandeettii Barreessuu dhimmoota adda addaa barattotaa Afaan Oromoo baratan ilaalchisee meeshaalee bargaaffi fi afgaaffitiin odeeffannoowwan odkennitoota irraa argaman as jalatti qaacceffamaniiru.Odkennitoonnis gaaffiiwwan, dhiyaate irratti hundaa'uudhaan yaadasaanii bilisa ta'uun ibsaniiru.Gaaffiileen od-kennitootaaf akka armaan gadiitti dhihaatera.

#### 4.3.1.1 Gosa Afaan Barnootaa Ittiin Baratamu Ilaalchise .

Gabatee 1: Qaaccessa Afaan Barnootaa Ittiin Kennamu Ilaalchisee

| Gaaffii | Haala (Baay'ina barattootaa) filannoo barnootichaa | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Afaan Oromoo | | Amaariffaa | | Ingiliffaa | | Kan biroo | | Ida'ama | |
| Barnoota sadarkaa 1ffaa kutaa 1ffaa-8ffaatti afaan kamiin baratte? | Lak. | % | Lak. | % | Lak. | % | Lak. | % | Lak. | % |
| | 84 | 100% | --- | --- | --- | --- | --- | --- | 84 | 100% |

Gabatee 1ffaa: Afaan barnotaa kutaa 1-8 ittiin baratame ilaalchisee akka gabateen armaan olii agarsiisutti barattoonni akka iddattootti fudhataman barattoonni 84(%100) ta'an kutaa gadiidhaa qabanii hanga kutaa 8ffaa xumuranitti Afaan Oromootin barataa akka as gahan gabateen armaan olii kun ni agarsiisa.Haaluma kanaan barattoonni iddattoo fudhataman hundi (guutuummaa guutuutti) afaan dhalootaa (mather tongue) barataa akka dhufaniidha.Ragaaleen afgaaffiin kennames yoo ilaalamu yaadicha ni mirkaneessa. Fakkeenyaaf, odkennitoonni yaada garaagaraan ibsanis yaadni isaan kaa'an, barattoonni kutaa tokkoo qabanii hanga kutaa amma keessa jiraniitti Afaan Oromoo baratanii akka as ga'aniidha.Kunis manni barumsaa akka magaalatti ta'ee manneen barnootaa naannoo kanaatti afaan barnoonni ittiin kennamu baay'inaan

Afaan Oromoo qofa akka ta'e dubbatu. Walumaagalatti barattoonni iddattoo fudhataman hundi akka ragaan gabatee olii irraa agarsiisutti hanga kutaa salgaffaa gahanitti Afaan Oromoo qofa baratanii akka dhufan ragaan odkennitoota irraa argame ni mirkaneessu.

#### 4.3.1.2. Seera Afaanii Beekuu Fi Ga'umsaan fayyadamuu Ilaalchisee

Gabatee 2: Haala seera Afaan Oromoo beekanii itti fayyadamuun walqabatee.

| Gaaffii | Filannoo kenname | Baay'ina iddattoo | |
|---|---|---|---|
| | | Lak. | % |
| Beekumsa Seera afaanii Ilaalchisee Afaan Oromootin barreessuun hagam cima ? | Baay'ee Cimaa | -- | |
| | Cimaa | 29 | 34.5 |
| | Salphaa | 55 | 65.5 |
| | Baay'ee salphaa | -- | |
| | Ida'ama | 84 | 100% |

Gabatee 2ffaa: keessatti barattoonni seera afaanichaa eeganii barreessun hagam akka itti ulfaatuu fi salphatu kan mataa isaanii gabatee armaan olii kana keessatti agarsiisanii jiru.
Haaluma kanaan iddattoo fudhatame keessaa barattoonni 29 (%34.5) ta'an baay'ee akka itti cimu yoo dubbatan kanneen 55 (%65.5) ta'an immoo seera afaanichaa eeganii barreeffama Afaan Oromootin barreessuun akka salphaa ta'etti yaada isaanii ibsanii jiru. Kanaaf, barattoota jiran keessaa %65.5 ta'an seera afaanichaa eeganii barreessuun akka hin rakkisne ibsu. Haa ta'u malee, barreessuun akkuma dubbatanitti yaaduun,seera Afaan Oromoos callisanii qubeewwan waal faana hiriirsisuun waan barreessan itti fakkaachuu irraan kan ka'e seera afaanii salphisanii ilaaluu isaanii ta'uu nama hubaachiisa.Garuu, Afaan Oromoo keessatti sagaleeleen dubbii Afaan Oromoo amala garaagaraa qabaachuun isaa beekamaadha. Kunis, amala gabaabbachuu, dheerachuu, laafuu, jabaachuu,irra butamuu hudhaa fi haala fayyadama qubguddeessaa,seera birsagaa,sirna tuqaalee akkasumas, haala fayyadama seerlugaa kan mataa isaatii waan qabuuf,Afaan Oromootin barreessuun baay'ee ulfaataa ta'uu isaa akka hin hubanne namatti agarsiisa.Kanarraa kan ka'e Afaan Oromoon barreessuuf xiyyeeffannoo hin kennan.

Rakkoon dandeettii barreessuu afaan lammaffaarratti qofa osoo hintaane afaan dhalootaarrattis mul'achuu akka danda'u hayyoonni nihimu.(Norrish,1983; Hedge,1988).Yaadni hayyoota kanaa barattoonni Afaan lammaffaa qofa osoo hintaane afaan dhalootaa afaan ittiin hiikkataniitillee ulfaatinni dandeettii barreessuu akka jiru ibsu.Walumaagalatti ulfaatina dandeettii barreessuu dabalatee barattoonni seera afaan tokkoo  irratti hubannoo ga'aa dhabuun isaanii haala gabatee armaan olii kanaarra hubachuun ni danda'ama. Mata duree kanaan walqabatee gaaffii dabalataa yeroo qaacceeffamu kunis,uumamuu kan danda'e deeggarsii fi hordoffiin ga'aa maatii fi barsiisota isaanii bira laafaa ta'uu akkasumas, daree keessattis barsiisoonni hanqina yeroo irraa kan ka'ees haala kitaaba barataa waliin deemuu malee dhimmoota seera afaanii, amaloota afaanii fi caasaa afaanin walqabatu irratti xiyyeeffannoo barbaachisu akka hinkennine himu. Kanaafuu, beekumsi hubannoo seera afaanii isaan  qaban rakkoolee kanneeniif isaan saaxiluu akka danda'e dubbatu.

### 4.3.1.3. Haala Shaakala gilgaalotaa barattootaaf kennamuun Walqabatee

Gabatee 3: Haala Shaakallii Gilgaalotaa Barattootaaf Kennamuu  Ilaalchisee

| Gaaffii | Gosoota shaakallii gilgaalotaa. | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Gosoota gilgaalotaa ilaalchisee irra deddeebin kan isiniif kennamukami? | Dandeettiwwan afaan arfaniin kan waalqabatu | | Gabaasa,Falmii dhiheessuu | | Ogbarruuwwan Shaakala barreeffamaan dhiheessuu | | Shaakala Caaslugaan kan walqabatu dhiheessuu | | Marii,garee gaggeessuun gabaasa isaa dhiheessuu | |
| | 6 | % 7 | 2 | %2.38 | 14 | % 16.7 | 44 | %52.38 | 18 | %21.43 |

Gabatee 3ffa Dandeettii barreessuu cimsuu keessatti shaakala gilgaalaa walitti fufaa ta'e hojjechuun murteessadha. Haaluma kanaan walqabtee Shaakala barreessuu keessatti akkaataa gilgaalonni irra deddeebin daree keessatti kennamuun walqabatee yoo ibsan barattoonni 6(%7) Dandeettiwwan afaan arfaniin kan waalqabatu jechuun ibsaniiru.Gama biraatin immoo barattoonni 2(%2.38) Gabaasa Falmii dhiheessuu jechuun kaa'aniiru.Akkasumas, barattoonni 14 (%16.7) Ogbarruuwwan Shaakala barreeffamaan dhiheessuu yoo jedhn gama biraan immoo

barattoonni 44(%52.38) ta'an immoo Shaakala Caaslugaan kan walqabatu dhiheessitu nuuf kannama jechuun yoo ibsan dhumarratti immoo barattoonni 18(%21.43) ta'an Marii garee gaggeessuun gabaasa isaa dhiheessuu yaada jedhuun odeeffannoo isaanii gabatee armaan olii kanarraatti kennanii jiru.Gosoota gilgaalotaa irra deddeebin barattootaf kennamu ilaalchisee walduraa duubaan yoo ilaalle gilgaala caaslugaa, marii garee, gilgaalaa shaakala ogbarruu, dandeettiwwan afaan arfaniin kan waalqabatu fi falmii gaggeessun akka kennamu qaaccessa ragaalee armaan olii kun ni agarsiisa.Ga'umsa dandeettii barreessuu barattootaa cimsuu keessatti gosti shaakala gilgaalotaa barattootaaf kennamu murteessadha. Haa ta'u malee , barattoonni mana barumsichaa gilgaalonni isaan irra deddeebin dalagan baay'inaan gilgaala caaslugaan walqabatuu fi darbee darbee gilgaalli kennamu marii garee akka ta'e ragaaleen kun ni ibsu.Kun barsiisoonnis ta'ee barattoonni yeroo baay'ee gilgaala shaakallin isaanii barreeffaama dheeraan walqabatu osoo hindalagamiin kan irra darbamu yookiin muraasa qofa akka hojjatan odeeffannoon gabatee armaan olii kun ni agarsiisa.Haa ta'u malee,shaakala barreeffamaa gilgaalota kanneen biroo baay'ee osoo hinshaakaliin yookiin hinhojjetiin barsiisonnis ta'ee barattoonni gilgaalota biroo caaslugaan ala kanneen biroo baay'ee muraasa ta'e barattootaf akka kennaniidha.Kanneen akka: shaakala ogbarruu, dandeettiwwan afaan arfaniin kan waalqabatu fi falmii gaggeessun sababa barreeffamni galgaalota kanaa hanga sadarkaa keeyyataatti deemuu danda'uuf jecha barsiisonnis yeroo dhabuu yookiin nuffuun akka irra darban agarsiisa.

Dabalees, odkennitoonni yaada dhimma kanaan kan walqabatu yeroo kennan akkas jechuun himu:"Gilgaalota barreeffama dheeraatin walqabatan yemmuu barattootaaf kenninee shaakalchiifnu gilgaalichi kan barattoota kakaasu miti waan osoo hinhojjatiin irra darbina," jechuun dubbatu. Kanneen biroos yeroon walqabatee wayiitiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa torbee keessatti tokkittii waan taateef akka irra darban sababa dhiyeessu. Gama biraatin immoo qabiyyeewwan kitaaba keessa jiran hunda barsiifnee fixuu waan qabnuuf yeroo waliin deemuuf jecha dhiisna jechuun himu.Yaada armaan olitti ka'e kanarraa waanti hubatamu barsiisonni gilgaala barattoota isaanitti hintolle yookiin hin kakaasne akka irra darbantu hubatama.Akkasumas, barsiisonni yeroo kitaabichaaf ramadame ilaalcha keessa galchuun gilgaalota dandeettii barreessuu barattoota shaakalchiisan dhiisanii akka irra darbuu qaban ibsu.Haalli barreessuu shaakalchiisuu garuu tooftaa garaagaraan ta'uu akka malu hayyoonni

himanii jiru. Fakkeenyaaf, yeroo barreessuu barattoota shaakalchiisan tooftaalee garaagaraa fayyadamuun daree keessaafi daree alatti ta’uu akka danda’u ni ibsama.(Raimes,1983).
Akka waliigalaatti yoo ilaalamu,gilgaalonni barattootaaf karoorfamee kitaaba isaaniirra taa’ee jirutti kennamaafii akka hinjirredha.Hayyoonni akka jedhanitti garuu,dandeettii barreessuu gabbifachuuf irra deddeebi’anii shaakaluun akka barbaachisuudha.(Raimes,1983;Elbow,2000). Dandeettin barreessuu kun akkuma olitti tuqame shaakala cimaa akka barbaadu beekamaadha.

Gabaabumatti,gilgaalota dandeettii barreessuu barattoota shaakalchiisan yeroo yeroon kennuu dhiisuun biratti bal’inaan akka mul’atu ragaa kanarraa sirriitti beekuun danda’amee jira.

### 4.3.1.4. Haala Ulfaatina Dandeettii Barreessuu Dhimmoota Adda Addaa Ilaalchisee.

Gabatee 4: Ulfaatina Dandeettii Barreessuu Dhimmoota Adda Addaa Keessatti.

| Dhimmoota Adda Addaa Barreessuu Keessatti Mata Dureewwan Armaan Gadii Keessaa Ni Ulfaata Kan Jettu Kami? | Sadarkaa ulfaatina barreeffamaa | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | A | % | B | % | C | % | I | % |
| Qormaata barreeffamaa | 41 | 48.8 | 29 | 34.5 | 14 | 16.7 | 84 | 100% |
| Xalayaa barreessuu | 11 | 13 | 16 | 19 | 57 | 68 | 84 | 100% |
| Abbaltiiwwan garaagaraa barreessuu | 25 | 29.7 | 33 | 39 | 26 | 31 | 84 | 100% |
| Gilgaala kitaaba irraa /hojii manaa/ | 2 | 2.38 | 6 | 7.14 | 76 | 90.47 | 84 | 100% |

Hub: A,B fi C Safartuu sadarkaa ulfaatina barreeffamaa kan agarsiisu.

Akka ragaan gabatee kanarraa agarsiisutti sadarkaa ulfaatinaa dhimmoota adda addaa dandeetti barreessuu keessaa barattoonni 41 (% 48.8) ta’an rakkoo cimaa sadarkaa tokkoffaatti isaan mudatu qormaata barreeffamaa yemmuu jedhan kanneen 29 (%34.5) ta’an immoo rakkoo kana akka sadarkaa lammaffaatti yoo fudhatan akkasums,barattoonni 14(%16.7) ta’an immoo rakkoo kana akka sadarkaa sadaffaatti fudhatanii jiru.Kanaaf,qormaanni barreeffamaa harka caalaan

barattoota 41(%48.8) ta’an akka rakkoo cimaa sadarkaa 1ffaatti isaan mudatu ta’uu sodaa qaban ragaan olii kun yoo agarsiisu, barattoonni 29 (%34.5 ta’an immoo ulfaatina dandeettii barreessuu hanga ta’e akka hinrakkisnee fi barattoonni 14(%16.7) ta’a immoo ulfaatina isaa kana xiqqeessanii ilaaluu isaanii hubanna.

Xalayaa barreessuu irrattis barattoonni 11(%13) ta’an rakkoon kun ciminaan kan isaan mudatu yoo dubbatan, kanneen 16(%19) ta’anis rakkicha akka sadarkaa lammaffaatti isaan mudatu ta’uu ibsuun barattoonni 57(%68) ta’an immoo akka rakkoo sad.sadaffaatti ilaaluun kaawwatanii jiru. Dhimmi kun ulfaatina sadarkaatin yoo ilaalamu barattoota 11 irraa kan hafe kanneen kaan akka sadarkaaa 2ffaa fi harki caalmaan isaanii %68 ta’an sadarkaa 3ffaa jalatti ibsaniiru. Kanaafuu,xalayaa barreessun barattoota biratti akka salphatu ibsuu isaanii ragaan gabatee kanarraa ni agarsiisa.Haata’u malee jaalala xalayaa barreessuu qaban irraa kan ka’e barattoonni hedduun isaanii sadarkaa 3ffaa jalatti ibsuun xalayaa barreessuun akka salphaa ta’eetti hubatanii jiru.Garuu dhugaan jiru barattoonni xalayaa barreessan keessatti hanqinni dandeettii barreessuu akka mul’ataa ture beekamaadha..

Abbaltiiwwan garaagaraa barreessuu: Abbaltiiwwan garaagaraa barreessuu shaakaluun walqabatee yaada jiru yemmuu ibsan barattoonni 25 (%29.7) ta’an rakkoo cimaa sadarkaa tokkoffaatti isaan mudatu yemmuu ta’u,kanneen 33(%39) ta’an immoo rakkoo kana akka sadarkaa lammaffaatti yoo fudhatan,barattoonni 26(%31) ta’an rakkoo kana akka sadarkaa sadaffaatti fudhatanii jiru.Haala walduraa duubaan yoo ilaallee akkaataa raabsa lakkoofsatin sadarkaa 1-3ffaatti baay’inni isaanii kan walirraa fagaatu miti.Garuu haala dandeettitiin yoo ilaalaman kan walcaalaniidha.Haaluma kanaan barattoonni abbaltii yeroo barreessan kutaan alatti ykn mana isaanitti waan barreessaniif hiriyoota isaanii yookiin qaama biraa barreessisiisanii dhufu ykn yeroo irratti fudhatanii hojjatanii waan dhufanuuf sadarkaa 2ffaa fi sad.3ffaa jalatti harka caalmaan of ibsanii jiru.

Gilgaala kitaaba irraa /hojii manaa/’n walqabatee haala rakkoo barreeffama irratti qabaniin yoo sadarkeeffatan barattoonni 2(%2.38) sad.tokkoffaa yoo jedhan barattoonni 6(%7.14) immoo sadarkaa lammaffaa jedhanii jiru.Akkasumas,barattoonni 76(%90.47) immoo akka rakkoo sad.sadaffaatti isaan mudatu ta’uu kaawwatanii jiru.Haaluma kanaan, barattoonni hanqinni ga’umsa isaanii walhaacaalu malee rakkoo dandeettii barreessuu isaanii yoo ilaalle barattoonni 76(%90.47) hedduun isaanii gilgaala kitaaba irraa hojjachuun (shaakaluun) baay’ee kan itti

salphatu ta’uu isaanii fi gilgaala kana yeroo hedduu irra deddeebin waan hojjataniif amaleeffachuu irraa kan ka’e barattoonni %90. ta’an akka salphaa ta’e agarsiisuu isaanii hubanna.Kunis barsiisota isaanii biraa gilgaalli kan kennamu muuxannoo jiru waliin walqabsiisnee yoo ilaallu yeroo baay’ee gilgaala caaslugaan walqabatu waan ta’eef gilgaalli kitaaba irraa kennamuuf akka itti salphachuu danda’uu ragaan gabatee 5ffaa kun ni agarsiisa.

Odeeffannoo afgaaffiin barsiisota irraa argame bandeetti barreessuu barattootaa keessatti barreeffama ga’umsa qabu barreessuun walqabatee wantoonni akka hanqinaatti mul’atu qormaata barreeffamaati. Kunis hojiin qormaata barreeffamaa barreessuu yoo barattootaaf kennamu barattoonni baay’een isaanii osoo deebii hinguutin waraqaa duwwaa deebisu. Gama biraatiin immoo waan barattoonni barreessan baay’een isaa adda baasanii sororsuuf akka isaan rakkisu dubbatu.Kanis qormaanni barreeffamaa barattootatti akka baay’ee itti ulfaatu himu. Isa dogoggoraafi sirrii adda baasanii sororsuuf barsiisonni ni rakkatu.Kanaaf, nus barsiisonni qormaata barreeffamaarra gaaffii sasalphaa kan akka:gaaffii filannoo,walitti firoomsii ,dhugaaf sobaa akkasumas, bakka duwwaa guutii …fa’i kenninaaf jechuun yaada isaanii ibsanii jiru.Yaadonni odkennitoonni kennan kunniin yoo qaacceeffamu odeeffannoo gabatee 5ffaa kenname waliin hidhata guddaa akka qabu mul’isa. Kanumarraa ka’uun barattootatti barreessuun akka itti ulfaatu fi fedhii hinqaban dubbatu. Kun immoo akka deebii isaan kennanirraa hubatamutti hojiin barreessuu waan itti ulfaatuuf hojjechuu akka hinbarbaanne fi barsiisonni isaaniis hojii waa barreessuu akka hinkennineef barbaadu jechuudha. Kun haala kanaan barattoonni nuffuu irraa kan ka’e waa barreessuu hanga irraa baqachuutti geessa.Kana malees, Abbaltiiwwan garaagaraa fi xalayaa barreessuu ilaalchisee barattoota iddattoo fudhataman akka itti cimu sadarkaa 1-3 keessa akkaataa ulfaatina isaatin ibsanii jiru.

#### 4.3.1.5. Qabiyyee Barnoota Afaan Oromoo Xiyyeeffannoon Kennamu Ilaalchisee.

Gabatee 5: Gosa Qabiyyee Barnoota Afaan Oromoo ilaalchisee.

| Gaaffii | Gosoota qabiyyee barsiifamuu | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| Qabiyyeewwan Barnoota Afaan Oromoo Maal Irratti Kan Bu'uureffateedha ? | Dandeettiwwan afaanii arfan dubbachuu, dhaggeeffachuu, dubbisuu fi barreessuu | | Seerlugaa fi hiika jechootaa | | Ida'ama | |
| | 15 | %18 | 69 | %82 | 84 | %100 |

Gabatee 5ffaa armaan olii kannarraa kan nu hubachiisu barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisan qabiyyee dandeettiwwan afaanii gurguddoo arfan irratti hundaa'anii barsiisu kanneen jedhan barattoota 15(%18)yemmuu ta'an barattoonni 69(%82) immoo qabiyyee seerlugaa fi hiika jechootaa irratti hundaa'anii akka afaan barsiisaa jiran yaada isaanii gabatee armaan olii kanarra kaa'anii jiru. Odeeffannoo kanarraa akka hubatamutti qabiyyee barnoota afaanii irra caalaatti seerlugaa fi hiika jechootaa irratti xiyyeeffachuun barsiisaa akka jiranii fi dandeettiwwan afaanii immoo akka irra ce'aa jiran namatti agarsiisa.Halli kun dandeettiin barreessuu barattootaa akka gadi bu'uuf sababa ta'uu danda'a, Dabalata Afgaaffii fudhatame irraa akka hubatamutti dandeettiwwan afaanii barattoonni sadarkaa 1ffatti baratu jedhamee waan yaadamuuf sadarkaa 2ffaatti immoo seerlugaa fi hiika jechootaa irratti akka xiyyeeffatamu dubbatu. Kaanis akka ibsanitti dandeettiwwan afaanii irratti yeroo baay'ee hinxiyyeeffannu jedhu.Sababni isaas, barnoota qabiyyee seerlugaa irratti xiyyeeffate barachuus ta'ee barsiisuun kaan caalaa mijataa waan ta'eef,qabiyyeewwan kitaaba barataa keessaa kan akka:birsagaa,tishoo, ciroo, gaalee,gareewwan jechootaa, hennaa, hima, keeyyata,..barsiifna jechuun himu.Kun immoo beekumsa caasaa afaanitii yoo ta'e malee,dandeettii barreessuu barattootaa cimsuuf akka hin oolle ifatti mul'ata. Haa ta'u malee,yeroo baay'ee manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa keessatti barnoota Afaan Oromoo kanneen barsiisan barsiisota gosa barnoota birootin leenji'aniidha. Kun immoo barattoonni barnoota isaanii sadarkaa 1ffaa keessatti dandeettiwwan afaanii akka hin dagaagfanneef sababa isa ijoodha.

### 4.3.1.6. Fedhii Barattootaa Shaakala Gilgaalotaa Hojjachuuf Qabani.

Gabatee 6: Haala fedhii barattootaa Shaakala Gilgaalotaan Walqabatee

| Gaaffii | Gosoota shaakallii barreessuun walqabatanii | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Shaakallii Gilgaalotaa (activit)'n walqabatee dandeettii barreessuu keetii daran fooyyeessuuf isa kam feeta (jaalatta)? | Xalayaa barreessuu | | Dandeettiwwan afaani arfan dalaguu | | Abbaltiiwwan garaagaraa | | Seerlugaa fi hiika jechootaa | |
| | Lak. | % | Lak. | % | Lak. | % | Lak. | % |
| | 17 | 20 | 3 | 3.6 | 26 | 31 | 38 | 45 |

Akkuma odeeffannoon gabatee 6ffaa agarsiisutti dhimmoota adda addaa keessatti barattoonni gilgaalota shaakaluun walqabatee fedhii xalayaa barreessuu kanneen jedhan barattoota 17( %20) fedhii yoo qabaatan Dandeettiwwan afaan arfan dalaguu barattoonni jedhan 3(%3.6) yoo ta'an Abbaltiiwwan garaagaraan walqabatee barattoonni 26(%31) fedhii qabaachuu isaanii yoo himan barattoonni 38(%45) ta'an immoo Seerluga fi hiika jechootaa jechuun yaada isaanii akka armaan olii kanatti walduraa duuban haala fedhii isaanii ibsanii jiru.Gabatee armaan olii kana irraatti xiyyeeffannoon shaakalli barreeffamaa dhimmoota adda addaa keessatti gama barattootatiin jiru shaakala gochuun of fooyyeessuuf carraaqqin jiru baay'ee laafaa ta'uu isaati. Gilgaalonni seerlugaa fi hiika jechootaa ta'an hedduun isaanii sasalphoo fi gaggabaaboo waan ta'anif kana malees,walirraa garagalchuufis ta'ee dafanii deebii kennuufis mijataa waan ta'eef barattoonni %45 ta'an filataniiru. Kun immoo gama dandeetti barreessuu barattoota horachiisuurratti baay'ee laafaa ta'uu isaati. Barreeffamoonni seerlugaa fi hiika jechootaatin alatti jiran sababa bal'ina qabiyyee fi yeroo gaafatuuf jecha akkasumas,deebiin isaa illee waan rakkisuuf nuffuu irraa kan ka'e barattoonnis shaakaluu dhiisu. Kanaafuu, kaka'umsa akka hin qabne ni hubatama. Dhimma kanaan walqabatee gaaffilee afaanii barsiisota gaafachuun, odeeffannoo dabalataa qaaccessuun danda'amee jira.Yaanni barsiisota mana barumsichaa irraa waraabames dandeettii barreessuu shaakalchiisuuf gilgaalonni qabiyyeen isaanii bal'ina qaban kan akka: xalayaa barreessisiisuu, dandeettiwwan afaani arfan dalaguu ,abbaltiiwwan ad/ad, fi kkf barattootaf akka baay'ee hinkennamneedha.Sababni isaa jedhu gilgaalonni kun barattootaaf yoo kenname yeroo kennameefitti deebisuu dhabuun, barattoota baay'ee biratti harca'ee

hafuun,barreeffamoonni barattootaa baay’ee waan hin dubbifamneef jecha irra caalaatti gilgaala seerlugaan walqabatu kenninaaf yaada jedhu kaasu.Kanarraa ka’e barattoonnillee gilgaalota qabiyyee babal’aa qaban akka hin amaleeffanne taasise jechuun yaada isaanii kennanii jiru.

Haa ta’u malee gochoonni harkifannaa kun irra deddeebin itti fufa yoo ta’ee fi fedhii fi kaka’umsi barattootaa ogummaa kana horachuu irratti isaan qaban laafaa yoo ta’e egeree isaaniillee miidhaa akka deemu nama hubachiisa.

### 4.3.1.7. Dogoggora Barreeffamaa Dhimmoota Adda Addaa Barreessuu Keessatti

Gabatee 7: Barreeffama Adda Addaa Barreessuu Keessatti Dogoggora umaamu Ilaalchisee

| TL | Gaaffii | Safartuu | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 7.1 | Yemmuu Barreeffama Dhimmoota Adda addaa Barreessitu Dogoggorri Barreeffamaa Ni Uummama Jettee Yaaddee Beektaa? | Eeyye | % | Lakki | % | Ida’ama | % |
| | | 21 | 25 | 63 | 75 | 84 | 100 |
| 7.2 | Barreeffama Keessatti Dogoggorri Barreffamaa Ni Uummama Yoo Ta'e Ni Gulaaltaa (madaaltaa) ? | 6 | 7 | 78 | 93 | 84 | 100 |

Akkuma gabatee 7ffaa armaan olii irraa hubannutti barreeffama keessatti dogoggorri barreessuu ni uumama barattoonni jedhan 21(%25) yoo ta’an barattoonni barreeffama isaanii keessatti dogoggorri hin uumaamu kan jedhan barattoota 63(%75) akka ta’an ni agarsiisa. Kanaaf, akka odeeffannoo gabatee kana irraa hubannetti barattoonni hedduun isaanii barreeffama Afaan Oromoo barreessuu keessatti dogoggorri akka hin uumamnetti waan lakkaa’aniif jecha dogoggora uumame kana sirreeffachuuf hubannoo hinqaban.Sababni isaa barattoonni kun akka waan sirrii barreessaniitti ofitti amanuun irra deebi’anii akka hin ilaalle ta’uu isaaniti. Barreeffama barattootaa kana keessatti ga’umsa dandeettii barreessu barattootaa horachiisuu irrtti barsiisonni isaaniis seera isaa eeganii barreessuu irrattis ta’ee, shaakalchiisuu irratti, akkasumas,yeroo yeroon deeggaraa deemuu, hordofuu walqabatee barsiisota birattis akka hanqinni jirutti kaasu.

Dogoggora barreeffama keessatti uumamu gulaaluun walqabatee barattoota iddattoo fudhataman keessaa 6 (%7) qofti kan gulaalan yemmuu ta’an barattoonni 78(%93) immoo barreeffama isaanii tasuma kan hin gulaalle ta'uu isaanii gabateen kun ni agarsiisa.Osoo akkasitti ilaaluu baatanii barreeffama isaanii dogoggorri tasa akka hin dhabamneetti fudhatan ta'ee, irra deebi’anii ilaaluun of madaaluun dandeettii barreessuu isaanii illee yeroo yeroon of fooyyeessaa deemuu ni danda'u turan.Elbow ,(1973:38). “Gulaaluu jechuun dhuguma maal jechuu akka barbaadde adda baasuu,mataa kee keessatti ifa gochuu ,tokkoomsuu,caasaa qindaa’e keessa galchuu,achiis jechoota hundarra gaarii ta’anitti galchuu fi kan hafe guutuu jechuudha” jedha.Akka yaada hayyuun kun jedhetti barreeffamni kamuu barreeffamee erga xumuramee booda ilaaluun wantoota itti hanqatan itti guutuu,kan seeran ala dabale yoo jiraate keessaa baasuun gulaaluun murteessaa akka ta’e hubanna.

Kana ta'uu baannan dogoggorri waan uumamuuf barreeffamni keenya ergaa yaadame dhiisee faallaa sanaatti nama geessa.Kanaaf, barattoota mana barumsaa Saqqaa sadarkaa lammaffaa lak.1 keessatti dogoggorri guddaan gama kanaatin akka uumamu nama hubachiisa.

Walumaa galatti barattoonni mana barumsichaa keessa jiran hedduun isaanii akkaataa seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii barreessuu irratti rakkoo guddaa kan ta’e barreeffama isaanii keessatti dogoggorri akka hin uumamneetti waan of ilaalanii fi barreeffama isaanii irra deebi’anii gulaalun waan hin jirreef dogoggora barreeffamaa uumuu jechaadha.

Akka Keh, (1990). ibsetti barreeffama tokko keessa deebi’anii fooyyessuun wantoota hedduu of keessatti qabata. Wantoonni kunniinis: barreeffamicha keessatti yaadni hinbarbaachifne yoo jiraate, keesssaa haquu, kan baay’ee murteessaa ta’ee keessaa hafe itti dabaluu, yaada tokko iddoo tokkoo kutanii yookiin haqanii iddoo biroo galchuu fa’idha.Kanamalees, sadarkaa kanatti barreeffamicha keessa deebi’anii dubbisuun dogoggoroota akka qubeessuu, sirna tuqaalee, qubguddeessa, irra deddeebii jechootaa, seerlugaafi qindoomina himootaa gulaaluun ni barbaachisa jechuun ibsa.Kanaan walqabatee afgaaffii barsiisota mana barumsichaaf dhihaateen odeeffannoon biraa qaacceffameera. Kunis sababni isaa barattoonni kun kutaa 1-8ffaatti Afaan Oromoo(afaan ittiin hiikkataniin) baratanii waan dhufaniif akkuma dubbatanitti waan barreessan itti fakkaachuun gulaaluu dhiisu.Kun immoo akka isaan dandeettii barreessuu sirriitti hin gonfanne taasiseera. Kana jechuun guutuummaa guututti eeganii hin barreessan jechuu osoo hin taane barreeffamni barattootaa kun dogoggora barreeffamaa of keessaa hindhabu

jechuudha.Sababni isaas osoo hin gulaalin waan barreessan sana dhimma barbaadan sanaaf oolchuun waan irraa mul'atuuf jechuun yaada kaasu.Kanas immoo barattoonni of eeggannoodhaan akka barreessaa hinjirree bargaaffii sakatta'ame irraa mirkaneeffachuun danda'ameera.

### 4.3.1.8 Haala Ulfaatina Dandeetti Barreessuu

Gabatee 8: Ulfaatina Dandeetti Barreessuu Ilaalchisee

| Gaaffii | Ulaagaa madaallii | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettin Barreessuu Dandeetti Ulfaataa /xaxamaadha/ Jedhama. Maaliif Jettee Yaadda? | A | % | B | % | C | % | D | % | I | % |
| | 18 | 21.4 | 41 | 48.8 | 16 | 19 | 9 | 10.7 | 84 | 100 |

**Hub**: A.Yeroo hunda shaakala barreessuu waan hingoonef

B. Xiyyeeffannoo addaa waan itti hinkennineef

C.Dandeettiwwan afaanii bakka tokkotti waan ilaalamaniif

D.Uumamumaan ulfaataa waan ta'eef

Odeeffannoo bargaaffii armaan olii kana irraa ulfaatina dandeettii barreessuu ilaalchisee maalif kan jedhuuf gaafatamanii barattoonni 18(%21.4) ta'an Yeroo hunda shaakala barreessuu waan hingoonef ulfaata yeroo jrdhan barattoonni 41(%48.8)ta'an immoo Xiyyeeffannoo addaa waan itti hinkennineef yaada jedhu qabaatu.Akkasumas, barattoonni 16(%19) immoo Dandeettiwwan afaanii bakka tokkotti waan ilaalamaniif yoo jedhan barattoonni 9(%10.7) ta'an immoo Uumamumaan ulfaataa waan ta'eef jechuun haala ulfaatina dandeettii barreessuu odeeffannoo bargaaffiin kennanii jiru.Haaluma kanaan barattoonni dendeettii barreessuu akka hinfooyyeeffanne kanneen taasisan keessaa tokko akka ragaan olii kun ibsutti xiyyeeffannoo addaa kennuu dhabuu isaanii akka ta'e hubanna. Kana jechuun barattoota 48.8% kan ta'an sababa xiyyeeffannoo hinkennineef akka ta'e agarsiisu isaati.Gama biraatin immoo barattoonni 18(%21.4) ta'an sababa irra deddeebiin shaakallii barreessuu hingooneef dandeettii kana gonfachuu akka hindandeenye ibsu. Hayyuun Byrne,(1988). Rakkoowwan hubannoo jalatti

yemmuu ibsitu, “barreesuun dandeettii afaanii.Yaada hayyuu kanaarraa kan hubatamu dandeettin barreessuu kun sababa yeroo hunda hinshaakalleef,guyyaa hunda hin barreessineef irraa fagaachaa deemuun ga’umsi dandeettii barreessuu akka namatti hanqatu ta’uu isaa nama hubachiisa.

Kanaaf, baay’een isaanii dandeettiwwan afaanii akka ogummaa tokkootti ilaalanii keessumaa dandeettin barreessuu ulfaataa akka ta'etti yaadanii irra deddeebin shaakaluun of fooyyeessuun waan hin jirreef dogoggora barreeffamaa hedduun isaan mudata.

Akka Elbow, (2000). ibsetti, ulfaatina dandeettii barreessuuf ka’umsi isaa namootuma bira akka jirutti eera.Kunis, namoonni baay’een dandeettii barreessuutiif ilaalcha gaarii ta’e hin qaban.Namoota qubaan lakkaawwaman qofatu fedhii guutuudhaan itti seenu.Akkasumas, barreffama gaarii qopheessuun muuxannoo yeroo dheeraan booda haa argamu malee, barreessuun eenyumaafuu ulfaatadha.Kanaaf, ilaalchi nuti barreeffamarratti qabnu kallattiinis ta’e karaa biraan, dhiibbaa nurraan gahuun isaa waan hin hafneedha.Haata’u malee, dandeettii barreessuutiif ilaalcha gaarii qabaannee, fedhii fi kaka’umsa guutuudhaan yoo itti deemne, dhumni isaa bareedaa ta’uu danda’a.Akkasumas, barreeffama gaarii qopheessuu dandeenya.Haata’u malee,ilaalchi keenya faallaa kanaa yoo ta’e,fedhiifi kaka’umsaan ala dirqama barreessuu waan qabnuuf yoo jalqabne, barreeffama keenya namni biraa dubbisuun haa hafuutii nutiyyuu dubbisuuf hin feenu.Dabalataanis Richards(1990:21) yoo ibsu, Danddeettiin barreessuu afaan dhalootaanis ta’ee afaan lammaffaan barachuun hojii cimaa barattoota kutaa keessatti mudatan keessaa isa duraati jechuun dandeettiiwwan afaanii keessaa barattootatti kan ulfaatu ta’uusaa dubbata. Kana malees,rakkoon biroo dandeettiwwan afaanii bakka tokkotti waan ilaalamaniifi umamumaan ulfaata jedhanii waan yaadaniif rakkoo dandeettii barreessuu kanaaf baay’ee saaxilamanii jiraachuu isaanii hubanna.

Odeeffannoo dabalataaf afgaaffii barsiisotaaf dhihaate keessaa yaada kana irratti barsiisonni mana barumsichaa sababoota dandeettii barreessuun ulfaatuf ykn akka hin gonfanne isaan taasiiseef yemmuu ibsan, afaan kamiiyyuu seera mataa isaa qaba. Kanaaf,dandeettii kana gonfachuuf seera kana beekuu fi hojiirra oolchuuf xiyyeeffannoo guddaa barbaada.Akkasumas,shaakallii walirraa hin cinne barbaada. Isaan kanneen hojiirra oolchuuf kaka’umsaa,fedhii,shaakala irradeddeebii fi kkf qabaachu fi gochuun barbaachisa ta’a.Dandeettiin barreessuun hojii sammuu waan ta’eef xiyyeeffannoo barbaada.Kanaan

walqabatee barsiisonni dandeettii barreessuu barattoota shaakalchiisuu irratti akka isaan hafu ibsu. Kuns: irra caalaatti qabiyyewwan biroo kan akka seerlugaa,barannoo dubbisuu kitaaba barataa keessa jiru irratti malee dandeettiwwan afaanii akka irratti hinxiyyeeffanne jechuun yaada dhiyeessu .

Walumaagalatti, yaada barsiisonni kennan irraa kan hubannu, dandeettiin barreessuu cimaa fi walxaxaa ta'uusaa fi barattoota 48.8% biratti immoo rakkoon kun itti mul'ate sababa xiyyeeffannoo addaa hin taasifnee akka itti ulfaatu yaada dhiyaate kanarraa hubanna.

### 4.3.1.9 Shaakala Dandeettii Barreessuuf Xiyyeeffannoo Kennamuun Walqabatee.

Gabatee 9: Shaakala Dandeettii Barreessuu Gonfachuuf Godhamu Ilaalchisee

| Gaaffii | Qabxii Madaalliif Kenname | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii Barreessuu Gonfachuuf Hagam Shaakallii Goota? | A | % | B | % | C | % | D | I | % |
| | -- | -- | 23 | 27 | 61 | 73 | -- | 84 | 100 |

**Hub**:A. yeroo hunda B. yeroo baayyee C. yeroo muraasa D. baay'ee muraasa I.Ida'ama

Odeeffannoo gabatee 10ffaa kana irraa akkuma arginutti barattoonni ga'umsa dandeettii barreessuu gonfachuuf shaakallii yeroo hunda kan godhan akka hin jirre yoo ta'u, barreeffama ga'umsa qabu barreessuuf yaalii yeroo baayyee kanneen jedhan immoo barattoota 23(%27).Akkasumas,barattoonni barreeffama ga'umsa qabu barreessuuf yaaliin isaan godhan yeroo muraasa ta'e immoo barattoota 61(%73) yoo ta'an, kanneen barreeffama ga'umsa qabu barreessuu irratti baay'ee xiqqoodha kanneen jedhan akka hin jirre odeeffannoon gabatee 10ffaa kun ni agarsiisa.Walumaagalatti odeeffannoo gabatee 10ffaa irraa argamerraa wanti nuti hubannu barreeffama ga'umsa qabu barreessuuf yaaliin barattootaa akka jiru kan agarsiisu ta'uus harki caalaan isaani shaakalliin isaan taasisan yeroo muraasa ta'uu isaati.Kunis barreeffama hin barreessan jechuu osoo hin taane ga'umsa dandeettii barreessuuf shaakallin isaan taasisan laafaa ta'uu isaa nu hubachiisa.

Odeeffannoon bargaaffii kanarraa kan agarsiisu barattoonni dandeettii barreessuu cimsachuuf osoo hintaane yeroo yaadannoo adda addaa barreessanii fi yeroo gilgaalota biroo yaalan barreessuu isaanii akka ta'e ragaan jiru mul'isa.Garuu hayyoonni dandeettiin barreessuu kun xiyyeeffannoon akka shaakalamuu qaban dubbatu.Barreessuun dhimma altokkoo osoo hin ta'in dhimma shaakala barbaaduudha. Hayyuun Hall fi Birkerts,(1991).akka ibsanitti, barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa tokkodha.Dandeettiin kunis akkuma dandeettiiwwan biroo yoo irra deddeebi'anii shaakalan fooyyeffachuun akka danda'amuudha.Barreessuun dandeettii ogummaa ta'uusaatiif akkuma dandeettii kan biroo kan akka:gosoota ispoorti garaagaraa,bishaan daakuu,farda gulufsiisuu fi kkf yoo irradeddeebi'anii hinshaakalle ogummaa kana gabbifachuun kan hindanda'amne ta'uu isaa yaada hayyuu kanaarraa hubachuun ni danda'ama. Kanaafuu, dandeettii barreessuu kana irra deddeebi'anii shaakaluun gonfachuun akka danda'amuudha.Yaduma kanaan kan walqabatu Italo, (1999: 36). yoo ibsu, "The best way to learn any skill is to practice," jedha.Yaadni olii kun kan agarsiisu karaan baay'ee gaarii ta'ee fi dandeettii barreessuu gabbifatan shaakala ta'uu isaa hima.Kanaafuu,barreessuun dandeettii ogummaa waan ta'eef, xiyyeeffannoon shaakaluun murteessaa akka ta'e walnama hingaafachiisu.

### 4.3.1.10. Shaakallii Gochoota Garaagaraa Xiyyeeffannoon Shaakalchiisuu .

Gabatee 10: Shaakallii Gochoota Garaagaraa Xiyyeeffannoon Shaakalchiisuu Ilaalchisee

| Gaaffii | Hanga Shaakallii | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| ShaakalliiGaraagaraa Dandeettii Barreessuu irratti xiyyeeffatu Barsiisonni Hagam Isinii Kennu? | 1 | % | 2 | % | 3 | % | 4 | % | I | % |
| | 2 | 2.4 | 54 | 64 | 28 | 33.3 | --- | --- | 84 | 100 |

**Hub** ; 1.yeroo hunda 2.darbee darbee 3.muraasa 4.baay'ee muraasa

Afaan baruu fi barsiisuu keessatti dandeettii barreessuu barattootaa cimsuuf dalagaalee garaagaraa shaakalchiisuun murteessaadha.Gabatee 11ffaa kanarraa akka mul'atutti barattoonni akka iddattootti dhiyaatan keessaa 2(%2.3) xiyyeeffannoon shaakalchiisuun yeroo hunda akka ta'e yoo ta'u,barattoonni 54(%64) immoo haalli gilgaalota shaakalchiisuu barsiisotaa darbee

darbee akka ta'e himu.Gama biraatiin immoo barattoonni lakkoofasan 28 (%33.3) ta'an immoo muraasa jechuun yaada isaanii kennanii jiru.Akkasumas,barattoonni shaakalliin gilgaalotaa baay'ee muraasa shaakalchiisu kanneen jedhan kan hin jirre ta'uu gabatee kanarraa ni hubanna.Kana jechuun barsiisaan gochaalee shaakallii ga'umsa dandeettii barreessuf ta'u xiyyeeffannoon barattoota shaakalchiisuurratti hanqinni sirriitti akka jiru mul'atu.Kana malees,afgaaffidhaan odeeffannoon argames akka mul'isutti xiyyeeffannoon shaakalchiisuun hanqina akka qabu kaasu.

Kanaafis, akka sababaatti kan isaan kaasan hanqina yeroo irraa kan ka'e barsiisuu qofa irratti xiyyeeffanna jechuun yaada kennu.Kunis wayiitin barnootichaaf torbanitti kenname kan kutaa 9 fi 10ffaa tokko yoo ta'u kan kutaa 11 fi kutaa 12ffaa immoo torbanitti wayiitii lama qofa ta'uun isaa gilgaalota qabiyyee bal'aa ta'an akka hin kennineef nu daangessee jira jedhu.Kana qofa osoo hintaane haala kanaan bara barnootaa sana keessatti qabiyyee kitaabichaa hunda barsiisanii xamuruun isaa ulfaataa akka ta'e dubbatu.Dabalata barsiisoonni baay'een keenya qabiyyee seerlugaarratti waan xiyyeeffannuuf jecha mala od-ibsatti fayyadamna jechuun yaada kaasu.Kanaaf, haala kamiiniyyuu kitaabicha fixuun dirqama waan ta'uuf nus barsiisonnis rakkoo kana jalaa ba'uuf qabiyyeewwan yeroo dheeraa fudhatan kitaaba barattootaa sana keessatti kenname xiqquma xuqanii ykn bifa yeroo isaanii qusatuun barsiisanii darbuufi qabiyyee kitaabichaa hunda haguuguun xumuruu barbaadu waan ta'eef. Kaan immoo barreessuu shaakalchiisuun sababa yeroo dheeraa gaafatuuf sodaa qabanis ni ibsu. Kanaaf xiyyeeffannon isaanii kitaabicha xumuruu irratti jechuun himu.Akkasumas,hojiin barreessuu waliin walqabatu tokko tokkoon ilaaluuf yeroo kan gaafatuu fi barattoonni kutaa gadiitti sirnaan baratanii waan hindhufneef, kan sadarkaan lammaffaan barbaadurraa baay'ee fagoo jiru.Kanaafuu, gadifageenyaan shaakalchiisuun baay'ee rakkisaadha jedhuun dubbatu.Yaada kanarraa kan hubatamu hanqina yeroo qofa osoo hintaane barattoonni kutaa gadiitti sirriitti shaakalanii waan hindhufneef gad bu'anii waa'ee barreessuu jalqabarraa qabanii barsiisuu (shaakalchiisuun) akka gaafatuu fi hanqina yeroo dabalatees rakkoo hamaa ta'ee mul'ata.

Walumaa galatti Yaada barsiisota kanarraa kan hubatamu barsiisonni kun xiyyeeffannoo guddaa kan isaan kennaniif inni guddaan akkamitti qabiyyee kitaabichaa barsiisnee xumuruu dandeenya yaada jedhu irratti xiyyeeffatu malee barattoota kana akkamitti haala kamiin barsiisna yaadni jedhu akka hinjirreedha.Manni barumsaas barsiisonni qabiyyee kitaabichaa barsiisanii

xumuruu isaanii irratti qofa hordofu malee haala ittiin barsiifaame hordofuun akka hinjirre yaada barsiisotaa kanarraa hubachuun ni danda'ama

#### 4.3.1.11 Haala qabiyyee Kitaabilee Wabii Mana Barumsaa

Gabatee.11: Kitaabilee Wabii Mana Dubbisaa Keessa Jiruun Walqabatee.

| Gaaffii | Safartuu | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Kitaabileen Wabii Qabiyyee Dandeetti Barreessuu Cimsu Mana Barumsaa Kee Jiraa ? | A | % | B | % | C | % | I | % |
| | 12 | 14.28 | 49 | 58.33 | 23 | 27.38 | 84 | 100 |

**Hub**: A. Jira B. Hin Jiru C. Hinhubanne

Gabatee 12ffaa ilaalchisee kitaabilee wabii qabiyyee dandeettii barreessuu barsiisu mana barumsaa keessa jiraachuu fi dhiisuu isaa odeeffannoon gabatee armaan olii akka agarsiisutti kitaabileen kun jira barattoonni jedhan 12(4.28) yoo ta'an,barattoonni 49(%58.33) immoo guutummaan guututti kitaabileen wabii kan dandeettiwwan afaanii barsiisan akka hin jirre lafa kaa'u.Akkasumas,barattoonni 23(%27.38) immoo kitaabichumti jiraachuu isaa hinhubanne /adda baase hinqabu jechuun gabatee kanarraa hubachuun ni danda'ama. Kitaabileen wabii akkuma beekamu irra caalaan isaanii seerluga afaanii irratti xiyyeeffatu malee kan dandeettii afaanii arfan barsiisan baay'inaan hinargaman.Kanaafuu,kitaabileen wabii dandeettii afaanii irratti xiyyeeffatan akka mana barumsa kanaatti akka hin jirree fi qabiyyee kitaaba barataa keessa jiru cimsuuf kan oolu ta'uu isaa barattoonni lafa kaa'u.Odeeffannoon afgaaffiin argame akka agarsiisuttis kitaabileen wabii dandeettiwwan irratti osoo hin taane seerluga barsiisuu irratti jechuun dubbatu.Kanaaf, manni barumsaas kitaabileen wabii barnoota Afaan Oromoo ,afaan kaan waliin walsimachaa adeemu isaaniitu ilaalama malee waa'ee seerlugaa fi dandeettii afaanii barsiisan kan jedhu adda baasanii ilaaluun akka hin jirreedha.

.

### 4.3.1.12 Haala Itti Duubdeebiin (Feedback) Barattootaaf Kennamu.

Gabatee 12: Haala Ittiin Duubdeebii Barattootaaf Kennamuun Walqabatee

| Gaaffii | Safartuu | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Filannoo kenname | Lak. | % | Yaada |
| Barsiisonni Keessan Duubdeebii (Feedback) Shaakala dhimmoota adda addaa (Gilgaalotaa) Irratti Hagam Isiniif Kennuu? | Yeroo hunda | — | | |
| | Darbee darbee | 16 | 19 | |
| | Muraasa | 55 | 65.47 | |
| | Baay’ee muraasa | 13 | 15.47 | |
| Ida’ama | | 84 | 100 | |

Gabatee 13ffaa kanarraa akka mul’atutti barattoonni akka iddattootti dhiyaatan keessaa duubdeebiin ga’aan yeroo hunda nuuf kannama barattoonni jedhan akka hinjirre yoo ta’an barattoonni darbee darbee nuuf kennama kanneen jedhan immoo 16 (%19) yemmuu ta’an gama biraatiin, barattoonni 55 (%65.47) ta’an immoo muraasa yoo jedhan barattoonni 13(15.47) ta’an immoo baay’ee muraasa jechuun yaada isaanii kennanii jiru. Kun kan agarsiisu immoo barsiisonni mana barumsichaa xiyyeeffannoon shaakallii barattootaa irratti duubdeebiin kennamaa jiru baay’ee laafaa akka ta’e nama hubachiisa. Haa ta’u malee, dalagaa barattootaa shaakalan sorooruun hojii ijoo ta’uyyuu duubdeebin sirreeffamaa barattootaaf haala walitti fufiinsa qabuun kennamaa hinjirre odeeffannoo kanarraa hubatamee jira. Sababnisaa barreeffama barattootaarraa yeroo yerootti duubdeebii hin kennine yoo ta’e, barattoonni dogoggora uuman irraa akka waa barataa hin deemne isaan taasisa ykn dandeettii barressuu isaanii fooyyeeffataa akka hindeemne isaan godha. Hayyuun Raimes,(1983). Yoo ibsu, “barsiisaan barreeffama barattootaa seemisteera dhumaarratti ilaala yoo ta’e ofumaa madaallii mataasaa kennuuf gargaara malee akka barataan dandeettii barreessuusaa caalaatti fooyyefatu gumaachi inni godhu muraasa” jedha. Kanaafuu, waan barataan kutaa keessatti barreessu ilaalanii gargaaruun bu’a qabeessa.Yaada gabatee armaan olii kanarraa kan hubatamu duubdeebiin shaakallii gilgaala barattootaaf kennamu darbee darbee akka ta’eedha.Yaada kanaan walqabatee afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate irratti barsiisoonni, akka mana barumsaatti haala walitti fufiinsa qabuun

barreeffama barattootaa sirreessuu dhabuun jira.Haa ta'u malee shaakalliiwwan gilgaalotaa kan akka hojii daree, hojii manaafi abbaltii barreessuun akka hojjetan darbee darbee barattootaaf ni kennina. Garuu gilgaalota kana ilaallee ofumaa madaalla malee ga'umsa barreessuu isaanii ilaallee hinqeeqnu jechuun ibsu. Haata'u malee, afaaniin waan dogoggoran akka sirreeffatan darbee darbee itti ni himna jechuun yaada isaanii dubbatu.

Walumaagalatti, duubdeebii kennuun dogoggora barattoonni barreessuu irratti uuman akka sirreeffatan gochuu keessatti shoora ol'aanaa qabaachuu isaa hayyun Keh,(1990).Akkanatti ibsa."Duubdeebiin yaada ijaarsaa dubbisaa irraa barreessaaf akka gaaffiifi yaadaatti kennamu jedha.Yommuu kana ta'us barreessaan barreeffama yaaduma ofiisaa qofarratti osoo hin taane, dubbisaarratti xiyyeeffatee akka barreessuf gargaara" jedha. Kanaafuu, xiyyeeffannoon dandeettii barreessuu barattoota gonfachiisuu keessatti duubdeebiin barattootaaf kennamu ga'aa akka hin taane gabateen armaan olii fi odkenniitoonni kennan irraa ni hubatama. Haa ta'u malee,,Barsiisonni shaakala barattootaa ilaaluun duubdeebii kennuun dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuu keessatti baay'ee murteessaa fi barbaachisaa akka ta'eedha.Haaluma kaminuu barsiisaan barreeffama barattootaarratti duubdeebii kennuun akka dirqamaatti akka t'e ni hubatama.

### 4.3.1.13 Rakkoolee Irra Deddeebin Keeyyata Barreessuu Keessatti Mul'atan

Gabatee 13: Rakkoolee Irra Deddeebin Keeyyata Barreessuu Keessatti Mul'atan

| T.L | Keeyyata Barreessuu Keessatti Rakkoo Baay'inaan Si Mudatu Sadarkeessun Kaa'i | Safartuu Sadarkaa Rakkoon Irratti Mul'atu | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | A | % | B | % | C | % | D | % | I | % |
| 1 | Yaada maddisiisuu | 33 | 39.28 | 28 | 33.33 | 19 | %22 | 4 | 4.76 | 84 | 100 |
| 2 | Walqabatiinsa yaadaa | 41 | 48.8 | 17 | 20.23 | 23 | 27.38 | 3 | 3.57 | 84 | 100 |
| 3 | Ijaarsa himaa | 46 | 54.76 | 17 | 20.23 | 21 | 25 | -- | -- | 84 | 100 |
| 4 | Sirna tuqaalee | 38 | 54.23 | 13 | 15.47 | 24 | 28.57 | 9 | 10.7 | 84 | 100 |
| 5 | Filannoo jechootaa | 22 | 26.2 | 45 | 53.57 | 17 | 20.23 | -- | -- | 84 | 100 |
| 6 | Qubeessuu | 52 | 61.9 | 13 | 15.47 | 19 | 22.6 | -- | -- | 84 | 100 |
| 7 | Qubguddeessaa | 19 | 22.6 | 36 | 42.85 | 29 | 34.52 | -- | -- | 84 | 100 |

**Hub**:lak. A,B,C fi D'n Haala Sadarkaa ulfaatina barreessuu armaan olii mul'isa.

Akka gabatee 14ffaa kanarraa argamutti qabxiilee yeroo baay'ee barreessuu keessatti rakkoo baay'inaan isan mudatu sadarkeessun yemmuu kaa'an

1. **Yaada maddisiisuu:** Yaada maddisiisuu ilaalchisee barattoonni 33(%39.28) ta'an rakkoo cimaa sadarkaa tokkoffaatti isaan mudatu ta'uu ibsu. Kanneen 28 (%33.33)ta'an immoo rakkoo kana akka sadarkaa lammaffaatti yoo fudhatan, 19(%22.6) akka rakkoo sadarkaa sadaffaatti yoo fudhatan barattoonni 4(%4.76) immoo akka rakkoo arfaffaatti fudhatanii jiru.Kun immoo barattoonni irra caalaan isaanii %39.28 rakkoo sadarkaa 1ffaa godhanii waan jiraniif rakkoo cimaa akka ta'e hubatama. .

2. **Walqabatiinsa yaadaa**: walqabatiinsa yaadaa eeguu irratti haala rakkoo qabaniin yoo sadarkeeffatan barattoonni 41(%48.8) sadarkaa tokkoffaa yoo jedhan 17(%20.23) lammaffaa jedhanii jiru.Barattoonni 23(%27.38) immoo rakkoon kun akka sadaffaatti yoo fudhatan 3(%3.57) immoo akka rakkoo arfaffaatti isaan mudatu ta'uu isaanii sadarkeessun kaawwatanii jiru. Haalli kun rakkoo barattootaa cimaa ta'uu ifatti mul'isa.

   Kanuma waliin walqabatee irra guddeessi isaanii walqabatiinsa yaadaa eeguu akka hindandeenye ragaan kun calaqqisiisee jira.Akka hayyuun Broadmanfi frynberg,(2008). ibsanitti keeyyanni tokko akkaataa dubbistoonni yaadasaanii hubachuu danda'aniin qindaa'ee taa'uu qaba.Kunis, yaadonni keeyyata keessatti dhihaatan walqabatiinsa qabachuun keeyyata tokkoo kan beekamu, himoonni garagartuun hima ijoo keeyyata tokkoo yoo ibsaniidha jedhu.Wantoota dandeettii barreessuu keessaa tokko baay'inaan rakkoon isaan mudatu keeyyata Afaan Oromootin barreessuudha.

3. **Ijaarsa himaa:** Ijaaarsa keeyyata tokkoo keessatti akkaataan itti hima ijaarru beekuun barbaachisaadha.Sababnisaa, keeyyanni tokko tuutota himootaarraa waan ijaaramuuf,caasaalee keeyyataa sadan beekanii bakka isaa galchuun babal'ina keeyyata sanaa fi ergaa darbuu qabu sana osoo hin harcaasin dabarsa waan ta'eef. Haata'u malee, barattoonnii 46 (%54.76),sadarkaa 1ffaatti ijaarsi himaa akka itti cimu yoo dubbatan, barattoonnii 17 (%20.23) immoo sadarkaa 2ffaa, barattoonni 21 (%25) sadarkaa 3ffaa irratti yemmuu Afaan Oromootiin keeyyata barreessan itti fayyadama ijaarsa himaa eeganii barreessuurrattii rakkoo cimaa akka qaban ragaan gabateerraa nu hubachiisa.Afgaaffii

barsiisotaaf dhihaate dhimma kanaan walqabatee odeeffannoon dabalataa qaacceffamee jira.Haaluma kanaan barsiisonni mana barumsichaa yemmuu yaada kennan barreeffama dhimmoota adda addaa keessatti yemmuu keeyyata barreessan akkaataan itti fayyadama ijaarsa himaa baay'ee akka isaan hafu dubbatu.

4. **Sina tuqaalee**: Itti fayyadama sirna tuqaalee keessatti barattoonni 38(%54.23) ta'an akka sadarkaa tokkoffaatti isaan mudatu yoo himan, barattoonni 13(%15.47) ta'an immoo rakkichi akka sadarkaa lammaaffatti isaan mudatu yoo agarsiisan,barattoonni (%28.57) immoo akka sadaarkaa sadaffaatti kaa'uun agarsiisanii jiru.Haaluma kanaan barattoonni 9(%10.71ta'an immoo akka rakkoo sadarkaa arfaffaatti kaa'aniiru.Haata'u malee,barattoonni harki caalmaan isaanii rakkoon sirna tuqaalee barattoota mudataa akka jiru ifatti eera.
5. **Jecha filachuu**: Barattoonni akkaataa gabatee armaan olii irratti mul'atuun yemmuu keeyyata Afaan Oromootiin barreessan rakkoon isaan mudatu keessaa kan biraa jecha filachuu dhabuu isaanii ta'uusaa ragaan gabateerraa nutti agarsiisa.Haaluma kanaan barattoonni 22 (%26.2)ta'an jecha filachuuf kan rakkisu sadarkaa 1ffaa yoo jedhan barattoonnii 45 (%53.57) sadarkaa 2ffaa, barattoonni 17 (%20.23), sadarkaa 3ffaa akkaataa ulfaatina rakkoo isaan mudatuun kaa'anii jiru. Barreeffama qulqullina qabu haalan barreessuf filannoo jechootaa beekuun barattootaaf barbaachisaadha.

6. **Gama qubeessuutin**: Qubeessun walqabatee barattoonni 52(%61.9) ta'an akka rakkoo sadarkaa tokkoffaatti yoo kaawwatan barattoonni 13(%15.47) immoo sadarkaa lammaaffaatti, barattoonni 19( %22.6) kanneen ta'an immoo akka rakkoo sadarkaa sadaffaatti kaawwatanii jiru. Barattoonni hunduu rakkoon kun akka isaan mudatu ifatti kaa'anii jiru.Kanaafuu barattoonni qubeessuu sirnaan fayyadamuuf sagalee jechootaa beekuun (,jabeessuu fi laffisuu ,dheerresssuu fi gabaabsuu,irra butaafi hudhaa,qubee tokko kan biraan bakka buusuun rakkoowwan kun barattoota biratti kan mul'atuudha.Walumaagalatti qubee seeran fayyadamuu dhabuun bal'inaan barattoota biratti ni mul'ata.

7. **Gama qubguddeessatin**: Qubguddeessa sirnaan fayyyadamuu dhabuu irratti barattoonni 19(%22.6) ta'an akka sadarkaa tokkoffaatti kan isaan mudatu yoo ta'an barattoonni 36(%42.85) akka sadarkaa lammaffaatti barattoonni 29(%34.52) immoo akka sadarkaa sadaffaatti kaa'aanii jiru. Akka ragaa kanaatti barattoonni kun akka shallaganitti haa

sadarkeessan malee rakkoo bal’aa isaan mudatu ta’uu ifatti mul’ata.Akkaataa odkennitoonni gaafatamaniin yaada yoo kennan, “Barattoonni mana barumsichaa seera barreeffamaa eeganii barreessun walqabatee yaada maddisiisuu mitii jecha qubeessuurratti illee rakkoo guddaa akka qaban yaada kennu. Akkasumsa,odkennitoonni biroo immoo haalli barattoonni sadarkaa gadii itti baratan rakkoo kan qabu ta’uu isaati. Kana jechuun barsiisaa isaan barsiisee kaasee,haalli deeggarsi godhamee fi hordoffiin haalli kenniinsa daree barnootaa akka rakkoo qabu kaasu.

Yaadonni odkennitootaa kun akka gabatee 14ffaa irratti kennameen waliin yaada waltumsu akka qabuudha .Kunis,kan agarsiisu,dhimmoota dandeettii barreessuu keessatti barbaachisan, qubeessuu, kaasee hanga yaada guutuu keeyyata tokkootti barattoonni akka hanqina qaban karaa bargaaffii fi afgaaffitiin kaa’amee jira.

## 4.3.1.14 Qabxiiwwan Dandeettii Barreessuu Irratti Dhiibbaa Fiduu Danda’an.

Gabatee 14: Wantoota Dandeettii Barreessuu Irratti Dhiibbaa Uumuu danda’an.

| Gaaffii | Safartuu | |
|---|---|---|
| | Lak. | % |
| Sadarkaa 1ffaatti qixaan barachuu dhabuu barattootaa dandeettiwwan afaanii arfan | 40 | 47.6 |
| Baruu barsiisuu keessatti mala barataa giddu galeeffate fayyadamu dhabuu b/saa | 25 | 29.76 |
| Wayiitiin barnoota Afaan Oromoof ramadame gahaa ta’uu dhabuu. | 16 | 19 |
| Haalli dhihaannaa daree barnoota Afaan Oromoo mijataa ta’uu dhabuu. | 3 | 3.37 |
| Ida’ama | 84 | 100% |

Gabatee 5ffaa: Haala odeeffannoo gabatee armaan olii kanarraa hubatamutti akka madda rakkoo kanaatti

barattoonni Sadarkaa 1ffaatti qixaan barachuu dhabuu dandeettiwwan afaanii arfan barattoonni jedhan 40 (%47.6) yoo ta’an kanneen baruu barsiisuu keessatti mala barataa giddu galeeffate fayyadamu dhabuu barattoonni jedhan 25(%29.76) yemmuu yaada ibsan akkasumas, wayiitiin barnootichaaf ramadame gahaa waan hitaaneef

kanneen jedhan barattoota 16 (%19)yeroo ta'an.Kanneen Haalli dhihaannaa barnoota Afaan Oromoo mijataa ta'uu dhabuu kanneen jedhan 25(%29.76) ta'uu isaanii haala kanaan hubachuun ni danda'ama.Kanaaf,barsiisonni barattoota dandeettii barreessuu isaanii cimsuu, qaruu fi dandeettii itti horuuf rakkoowwan armaan olitti ka'an kun hubatamuu qaba.Richards, (1974). akka yaada hayyuu kanaatti haala barachuu barattootaan walqabsiisee yeroo ibsu "haalli barachuu mataanisaa dogoggoraaf madda ta'uu danda'a; kana jechuun fakkeenyaaf haalli barsiisaan ittiin barsiisuu haalli dhihaannaa qabiyyee barnootichaa fi kkf dogoggoraaf karaa banuu danda'u" jechuun kaa'a. Odeeffannoon bifa afgaaffitiin odkennitoota irraa argame yemmuu ibsu akka barsiisonni mana barumsichaa afgaaffii irratti ibsanitti barsiisonni sadarkaa 1ffaa barsiisan hedduun isaanii gosa barnootaa ittiin leenji'aniin waan hin barsiisiniif ga'umsa barnootichaa irratti hanqina qabu jechuun dubbatu.Akkasumas, barsiisoonni manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa keessatti barsiisan hedduun isaanii naannoo bara 2005 irraa eegalee haala mijeessaan qacaramuun leenjii barsiisummaa tokko malee haala mijeessaa barsiisaa jedhamanii manneen barnootaa naannoo Oromiyaa keessa jiru hedduu isaa irratti ramadamuun barsiisuun isaanii dhiibbaa ammana hin jedhamne uumuu danda'ee jira jechuun yaada isaanii dubbatu.

Haaluma kanaan malli baruu barsiisuun mataan isaa daree keessatti gaggeeffamu yeroo baay'ee haala barataa giddu galeeffateen osoo hintaane mala barsiisaa giddu galeeffateen barnoonni akka kennamaa jiru itti dabaluun odkennitoonni yaada kennu. Kana jechuun barsiisonni mala od-ibsaa fayyadamuu dabalatee, daree barnootaa keessatti harka caalmaa kan dubbatu barsiisaa waan ta'eef. Yaada kanarraa kan hubatamu dogoggora barreeffamaa uumamu keessatti barsiisonni qooda akka qabanii fi sababa garaagaraatin ga'umsi barsiisotaa barnoota afaanichaatif ga'aa akka hintaane nama hubachiisa.Kanaaf,barreessuuf dursa sirnaan qubeessuu,itti fayyadama qubguddeessa,dhamjechootaa fi sirna tuqaalee,seera afaan tokkoo,sagaleewwan jechootaa,qindoomina yaadaa eeguu,ijaarsa himaa fi keeyyataa fi kkf sirriitti beekuu fi hojiirra oolchuun barsiisotaa barbaachisaadha.

# BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA

Boqonnaan kana jalatti mataduree garguddoo lamatu jira. Isaanis guduunfaa fi yaada furmaataati.Guduunfaa jalatti ragaalee qorannicha keessatti qaacceffaman bu'aaleen argamanii fi qabxiileen qorannicha keessatti adda bahan gabaabinaan dhiyaatanii jiru.Akkasumas,ragaalee qaacceffaman irraa rakkoolee mul'ataniif yaadni furmaataa kaa'ameera.

## 5.1. Guduunfaa Qorannichaa

Qorannoon kun mataduree Madaallii Dandeettii Barreessu Barattootaa Dhimmoota Addaa Addaaf: Haala mana barumaa Saqqaa sad.2ffaa lak.1keessatti.Kaayyoon qorannichaatis barreeffama barattotaa barreeffama ga'umsa qabu madaaluun dhumarratti rakkoolee qorannichaan adda bahaniif yaada furmaataa kennuudha.

Odeeffannno kennitoonni qorannoo kanaa akka madda ragaa tokkoffaatti sakatta'a dookumentii (barruuwwan) barattootaan baeeffame yoo ta'an akka madda ragaa lammaffaatti barattoota Afaan Oromoo sad.2ffaa baratanii fi basiisota qorannichi ilaallatu ta'u.Barattoota Afaan Oromoo sad.2ffaa baratan dhi 648 du 808 Ida 1456 keessaa, mala miti carraa fayyadamuudhaan filatamaniiru. Baay'inni barattoota iddattoo qorannichaa ta'anii adda bahan kun 84dha. Akkasumas, barsiisonni Afaan Oromoo sad.2ffaa barsiisan mala akkayyootti fayyadamuun filataman iddattoo qorannichaa ta'anii jiru. Qorataanis, kaayyoo qorannichaa fiixaan baasuuf meeshaalee funaansa ragaa kan akka bargaaffii barattootaa, afgaaffii fi bargaaffii barsiisotaa irraa odeeffannoo walitti qabuun qaaccessee jira. Qorataan odeeffannoo kallattii garaagaraa irraa argate kanniin mala makaa fayyadamuun qaaccesee hiikuun dhi'eessee jira.
Akka walii galaatti dogoggora barreeffamaa barattoonni kun uuman madda dogoggoraa barreeffama barattoota kanneenis maal akka ta'an bira ga'ameera. .

## 5.2 Argannoowwan

1. Barattoonni mana barumsaa Saqqaa sad.2ffaa lak.1 keessatti baratan dandeettiiwwan afaanii keessattiyyuu dandeettii barreessuu cimsachuuf fedhii fi kaka'umsi isaan qaban gad'aanaa akka ta'e ni mul'ata. Kunis shaakallii barreeffamaa irra deddeebiin taasisuurratti,barreeffama barreessan tokko keessatti dogoggorri akka hin uumamnetti

ilaaluu,barreeffama isaanii irra deebiin gulaaluu dhabuu, xiyyeeffannoo kennuu dhabuu, barreeffama/gochaalee isaanii irra deebi'anii madaaluu dhabuun isaan biratti ni mul'ata.

2. Barattoonni mana barumsa Saqqaa sadarkaa lammaffaa lak.1 ga'umsa dandeettii barreessuu isaan qaban kanneen akka: qubeessuu, qubguddeessuu eeguu,sirna tuqaalee, qindoomina himaa fi keeyyataa eeganii barreessurratti, barreeffama tokko guutuu taasisuu keessatti yaada maddisiisuu, seerluga afaanichaa eeguurratti akkasumas, barreeffama barruu barattootaa keessatti hanqina qubeessuu guddaan mul'achuu dabalatee walsimannaa himaa,qindoomina yaadaa, irra deddeebii jechootaa akka hiika dhabuu fi hubachuuf nama rakkisu qorannoo kanaan hubatameera.

3. Barattoonni gochaalee gilgaalota adda addaa dandeettii barreessuu gabbifachuuf shaakalanii fi barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisan dandeettii barreessuu kana akka barattoonni gabbifatan taasisuu irratti hangi isaan barattoota shaakalchiisan ga'aa miti.Kunis shaakalliin gilgaalotaa barattootaf kennamu irra caalaati qabiyyee seerlugaan kan walqabatuufi malli barsiisonni Afaan Oromoo ittiin barsiisaa jiran mala barataa giddugaleeffate ta'uu dhabuu isaati.

4. Yaaddeebiin barsiisonni dhimmoota adda addaa irratti barattootaf kennan irra deddeebii kan hinqabnee fi hanga barbaachisaa ta'ee gadi ta'uu isaati.Gama biraatiin haalli qabiinsa barattootaa kutaa gadiirraa itti baratanii dhufanii fi ga'umsa barsiisaa dandeettii barreessuu horachiisuu keessatti inni qabu rakkoo kanaaf akka sababa tokkootti kan uumamuufi wayiitiin barnoota Afaan Oromootif kenname hojii barreessuu kanaaf ga'aa akka hintaane ragaalee jiran irraa hubachuun danda'ameera.Innis torbanitti kan kutaa 9 fi 10 tokko yoo ta'u kan kutaa 11 fi 12 torbanitti 2 qofa ta'uun isaa rakkoof akka isaan saaxile ta'uu isaa isaa.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Afaan Oromoo yeroo ammaa afaan barnootaa, afaan hojii mootummaa naannoo Oromiyaa ta'ee tajaajiluu erga eegalee oolee buleera. Haata'u malee, barreeffamoonni barattootaa dhimmoota adda addaa kanneen akka: xalayaalee barreeffamaa, deebii gilgaalatoo ,qormaata barreeffamaa ,yaadannoo barulee isaanii tokko tokko keessaa barreeffamanii jiran yoo ilaalaman seera afaanichaa eeganii barreessuu,qubeessuu irratti,sirna tuqaalee eeguurratti, keeyyata tokko guutuu

taasisanii barreessuu irratti hanqina qabu. Kun immoo dogoggoraan qubeessuus ta'ee,yaada guutuu barreessuu dhabuun immoo dhaamsa ergaa barreeffamaa harcaasuu caalaatti, guddina afaanichaa irrattillee dhiibbaa mataasaa qaba. Kanaafuu, ragaalee gaaffilee bu'uuraa irraa argamanii qaacceffaman irratti hundaa'uun yaada furmaataa kaa'uun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, madaallii dandeettii barreessuu barattootaa dhimmoota adda addaaf:haala mana barumsaa Saqqaa Sad.2ffaa lak.1 mata duree jedhu irratti qorannoo geggeeffameen hanqinaalee dogoggora qubeessuu irraa eegalee hanga keeyyata ijaarutti mul'ataniif yaanni furmaataa haala itti aanuun kaa'amee jira. Isaanis:-

1. Barattoonni dandeettiwwan afaanii arfan keessaa addatti dandeettii barreessuu akka ogummaa tokkootti ilaalanii akka fooyyessaniif shaakallii walitti fufaa ta'e irra deddeebiin akka shaakalaniif barsiisonni yeroo dheeraa fi tooftaa adda addaa fayyadamuun xiyyeeffannoo itti kennanii gochoota shaakala qabiyyee bal'aa qaban kennaniifi akkasumas, fedhii fi kaka'umsa keessoo isaanitti uumuun akka isaan xiyyeeffannoo kennanii barnooticha hordofan taasisanii gaarii ture.
2. Barsiisonni barattoota isaanii akka seera barreeffama Afaan Oromoo beekan gochuun dandeettii barreeffama gaarii akka horataniif barruuwwan (seenaa jireenyaa,xalayaa,baacoo…)garaagaraa akkasumas, sagaleewwan jechootaa (sagalee dheeraa,gabaabaa,jabaa fi laafaa) daree barnootaa keesssatti shaakalchiisanii dandeettii barreessuu kana akka isaan horatan gochuun ni danda'ama ture.
3. Sadarkaa.1ffaa kutaa 1-8ffaa keessatti barsiisonni barnoota Afaan oromootin leenji'aniin barnootichi osoo kennamee akkasumsa,xiyyeeffannoo dandeettiwwan afaanii irratti xiyyeeffachuun akka isaan dandeetti barreessuu irra deddeebin shaakalaniif irratti hojjatamee gaarii ture.
4. Barattoonni sadarkaa kam jiraniiyyuu barnoota Afaan Oromoo yemmuu baratan qabiyyee seerlugaa qofa osoo hintaane dandeettiwwan afaanii kitaaba barataa keessa jiru irrattis hundaa'uun akka baratan osoo gayee isaanii bahatanii gaarii ture.
5. Barattoonni qabiyyee barnoota Afaan Oromoo dandeettiwwan afaanii irratti xiyyeeffannoo itti kennuun gochaalee shaakalaa kitaaba keessa jiru dhiisuu fi bira darbuu osoo hintaane walitti fufiinsan akka shaakalan taasifamee fi barsiisonni isaanis gilgaalotaa kitaaba keessa jiru irra deddeebiin kennuufin akkasumas,barruulee adda addaa kanneen akka ogbarruu, gaazexaa,barruulee, xalayaa,galmee jechootaa fi k.k.f kennuufin

dubbisanii gabaasa hojjatanii akka isaan dareedhaaf gabaasa barreeffamaa qopheessanii akka dhiyeessan taasisanii gaarii ture.

6. Barsiisonni barattoota dandeettii barreessuu shaakalchiisuu qofa osoo hin taane seera afaanii ykn saayinsii afaanii sirritti osoo hubachiisanii gaarii ta'a.
7. Barsiisonni shaakala kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti kennamee jiru bira darbuun osoo hin taanee gochaalee barreessuu irratti xiyyeeffatu hunda shaakalchiisanii gaarii ture.
8. Yeroo barattoonni barreeffama tokko barreessan barsiisonni duubdeebii (feedback) ga'aa fi itti fufaa ta'e kennuun akka barattoonni bakka ciminaa fi hanqina isaanii adda baafatan taasisanii silaa barattoonni akka of fooyyeessanii fi irra deddeebin hojjetan isaan taasisa waan ta'eef osoo ta'ee baay'ee gaarii ture.
9. Barattoonni yemmuu dhimmoota adda addaa shaakalan dogoggora uumamuuf dhimma dhabuu dhiisanii barreeffama isaanii madaaluun xiyyeeffannoo itti kennaa deemanii gaarii ture.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa, (2011). Akkamtaa:Yaadrimee Qorannoo hujoo.Finfinne: Efficient Printing Press

Addunyaa Barkeessaa. 2014. Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi AfoolaOromoo Finfinnee: Far East Traeding PLC

Adrian,D.1988.Teach English. ATraining Course for teachers.Cambridge University press.

Argon Jimenez and et. Al. (2013). An analysis of the writing skills difficulties of the English compotion I students at the foreign language department of theuniversity ofElsalvador

Atkins, J. et al. (1998). Skills Development Methodology. Part II Addis Ababaa: Addis Ababaa university press.

Atkins, J., Hailom, B., & Nura, M. 1996.Skills Development Methodology.part II. Addis Ababa: Addis Ababa University Printing press.

Babbie ,E.R. (2005). The basic of social research [with CDROM and infotrac ],Wadsworth-

Baddiluu Waajjiraa.(1996).BesineTsihuuf Quwaanquwaan Mastamaar.Finfinnee: Commercial PrintingPress.

Berg, B. .(2001). Qulalitative Research Methods Staff for the Social Sciences. California State university.

Bittinger ,J. et.al. (1993). Staff development video : The teaching ESL learners Guid.Massachusettis: Addis –Wesley publishing Company.

Broadman, A. and Frynberg, J. .(2008). Writing to communicate: Paragraph and essay (3rd ed). USA. Person Longman press

Brown, G, Bull, J. and pendlebury. M. (1997) Assessing student learning in highereducation. London : Routledge.

Brown, D. .(1993). Principle of Langauge learning and Teaching London: printice Hall,Inc

Brown. H. D. (1987). Princeples of language learning and teaching. 2nd ed.

Byrne.D. (1988).teaching writing skills.London. Longman group Ltd.

Chris Hart (1998).Doing a literature review: using your working bibilograph to structure a literature review.Sage publications London.

Cohen ,L.,Manio,L.and Morrison,K.(2000 )Research Methods in Education.5th Edition,Routledge Farmer,London

Darajjee Gabree.1996. Betemariwochi yebetsira yemamihiranina yewelajochi mina. Addis Abeba: Addis Abeba University press

Dastaa Dassaaleny,. (2002). Bu’uura Qorannoo.AddisAbaba:Boolee printing Entrprise.

____________.(2013). Bu’uura Qorannoo. Addis Ababa:Maxxansa 2ffaa,Printed far East

Dastaa Dassaalany. (2013). Bu`uura Qorannoo.Dhaabbata maxxansa

Descombe,M.(2007). The Good Reseach Guide for small scale social Reseach projects.3 rd Edition,open

Dr.Ibrahim Mohammed (2015). Univrsity students English writing problems: Diagnosis and Remedy. published by European centre for Research Training anddevelopment Uk

Elbow, P. .(2000). Every one can write. New York: Oxford University press.

Gadaa Melbaa. 1988. Oromia: An Introduction. Khartoum, Sudan.

Geetaachoo Rabbiraa 2003. Furtuu. Finfinnee: Kuraz Printing Press.

Geetaachoo Rabbirraa (2005).Furtuu.Seerluga Afaan Ormoo kutaa 9fi 10. Dhaabbatamaxxansaa Kurraaz Intrnaashinaal. Addis Ababaa.

Geetaachoo Rabbirraa. 2008. Furtuu: Seerlua Afaan Oromoo Finfinnee: Kuraz International Publishing Interprises.

Geetaachoo Rabbirraa 2015. Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9 fi 10. Gulalii 4ffaa, Dhaabbata Maxxansiisaa Kurraaz Intarnaashinaal Finfinnee.

Glazier, J.F. 1991.The Least You Should Know About English Writing Skills (4th ed)., New York:

Glencoe, T. 1996. Writer’s Choice. Grammar and Composition.Printed in USA.

Hall, D. and Birkerts, S. .(1991). Writing well (7thed.). Harper Collins Publishers.

Hedge (1988).written, Oxford. Oxford university press.

Italo, B. 1999.A Comparision of the effectivinness of teachers versus peer Feedback on Addis Ababa University students writing Revisions.Addis Ababa: Addis Ababa University unpublished PhD. Dessertation.

Keh, C. .(1990). Feedback in the writing process: Amodel and methods for implemention ELT

Kelly,W. and Lawton. D. .(2006). Odyssay: from paragraph to essay (4th ed. Pearson Longman press.

kumar,R.(1996) Research Methodology AStep-ByStepGuide for Beginners.Sage Publications,London.

Kutmeyer, W.and Claw, A. (1976). Basic Goals in Spelling. New York. Hill Book Campany

Leki,.(1989). Academic Writing: Techniques and Tasks. New York: St. Martin‟s press.

Mekuria Bulcha. (1995). Onesimos Nasib's pioneering contributions to Oromo writing. University of Uppsala, Sweden. Nordic Journal of African Studies 4(1): 36-59.

McCrimmon, J.M. .(1963). Writing with the purpose Afirst course in college composition (3rded). New York: Houghton Mifflin.

McDonough and Shaw, C. (1993).Materials and Methods in ELT. A Teacher‟s Guide,.1st Edition. Oxford: Black well.

Mercer, N.(1988).Language and Literacy from an Educational Perspective. Great Backinmgham: Open University press.

Michael, C. 2002. Teaching Through Text: Reading and Writing in the content Areas. A Pearson Education Company. Boston: USA.

Misgaanuu Gulummaa,(2011).Kattaa.Ogummaa barreessuu.Finfinnee.Mega printing press.

Monika Ciesielkiewicz and Elena Marquez (2015).Error analysis and its relevance to teaching ESL composition.

Norrish J. (1982). Language learners and their errors. London. Macmillan publishersLtd.

Norrish J. (1983).define the concept of error asa learner their errors.London

Nunan,D. (1990). Language teaching methodology:A Textbook for Teacher.Upper Saddle River,NJ:prentice Hall.

Nunan,D.(1992). Research Method in Language Learning. Cambridge: Cambridge University Press

Raimes, A. (1983). Techniques in teaching writing.Oxford University press. New York.

Richard, V. 1990.Writing, Reading and Research.Second Edition.Printed in USA.

RichardsJackC.(1974).Error analysispers pectiveso second language acquisition: London:Longman group

Robert W.Bly, .2004. Letter Writing Handbook: By Wiley publishing, Inc., Indianapolis.Indiana.

Sarantakos, S. (2005). Social research (3rded.). Hound mills: Palgrave MacMillan.

Sesnan, B. (1997). How to Teach Enlish. Oxford: Oxford University press.

Tafarii Ayyaanaa. (1999). AfaanOromookutaa 7-10: printed by brannnapp 45-87.

Ur, P. (1991) A Course in Language Teaching,practice&Theory Cambridge press, Cambridge.

Ur, P. 1996. A Course in Language Teaching. Cambridge: Cambridge University Press.

Walvord,B. (1980). Helping students writing well.A Guide for teachers in all Disciplins. New York: Modern language Association of America.

Wasanee Bashaa,.(1996). Seer-lugaa Afaan oromoo Finfinnee Far – East Trading PLC.

Whroter, K. J.1997.A Pargagaph and Esssay Tex with reading New York

# Dabalee A


## Xalayaa Barreessuu

Qaaccessa Dandeettii Barreessuu, Xalayaalee Barattootaan barreeffaman

Qajeelfama: Shaakala Xalayaa barreessuu

Xalayaan dhuunfaa hiriyaa yookiin firaaf kan barreeffamuudha. Kanaaf, bifa xalayaa dhuunfaa eeggatee fi akkaataa ergaa guutuu qabaachuu danda’uun xalayaa firaaf ,hiriyaa yookiin maatiif kan jedhu irratti hundaa’ii xalayaa keeyyata tokkoo hanga lamaa hin caalle barreessi.

Xalayaa lak.1ffaa : Barreeffama baratanaa ‘A’


Guyyaa 08/09/016

Xalayaa Hiriyaa


Akam jirta? jechaa nagaa kotin egala naga kooti dansuun torban darbe dhufen ture garuu, si argun hin dandenye sif, bilbiluu filee lakkofsa bilbilaa ke argachuu hin dandenye Kanaafuu, dhima cimaf, waan si barbaadeef. daftee hatattamaan akka na qaqabdu dhaamsa koo si biraan gaq'uun barbada.

Nagaa Wajjin

Dureessaa Lammii irraa

Qu:- Qubeessuu
St:- Sirna tuqaalee
Qq = Qubqudeessa

Xalayaa lak.2ffaa: Barreeffama barataa ‘B’



Guyyaa 8/8/2016


Xalayaa Jaalalaa

Duran dursa haa gaiu nagaa koo kan jalalefi
kabajaa egaa akkume armaa oliti ibsamuuf
yaalame dhimma jaalala keeyme sanaa
kan dureen waliin haasowfne maatii kee
si iollan adaan Kennest siena an si duse
osoo in taane rafo maatin gidduugalaniin
yeroof addaa akkee tuure amma garuu
Jaalali kee waan nati cimeef gannaa
kana yeroo barnooni dhaabbate
wal argine waaree Jaalala keeyme
waliin hasofne jechen yaada

Nagaa wajjin
Wayyeessaa Guutu

Qu:- Qubeessuu
St:- Sirna tuqaalee
Qq= Qubqudeessa

Xalayaa lak.3ffaa : Barreeffama barataa ‘C’


Guyyaa 8/8/016

Xalayaa maatii

Nagaa koo Hunda dursee isin ha gagabu
Maati hundi nagaadha abban koo hati koo obboleeyan koo
hundu nagaadha Ati nagaa kooti. Waaqayyof naa galatu
nagaakos Firofa koo Hunduma biran naf Gaha
Nagaa kooti. danse dhimma waliin hasofne Sana waa'ee
Gaa'ila koo bara dhufu barnoota koo Xumure achuma fudha
wan ta'ef akka qaphoftan isin jedha.
haga ijan walarginut nagaa turaa.

Nagaa waliin

ilma kessan Turaa Qalbessa irraa

Qu:- Qubeessuu
St:- Sirna tuqaalee
Qg:- Qubqudeessa.

## Dabalee B

### Shakala Keeyyata barreessuu

Qajeelfama: Barreeffama gabaabaa shakala barreessuu mata-duree si kenname keessaa tokko filachuun keeyyata tokko barreessi.

1. Seenaa namoota gumaacha guddina Afaan Oromootif godhaan
2. jijjiirama qilleensaa
3. Faayidaa barnootaa
4. Gosoota afoolaa keessaa mammaaksa hiika isaa waliin barreessi
5. Faayidaa nyaataa

## Dabalee "C"

### Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa Fi Namummaatti

Damee Barnoota Afaaan Oromoo Fi Ogbarruu

Bargaaffii Barattootaaf dhihaate.

Kabamaa/Kabajamtuu Barataa/ttuu Kaayyoon guddaan bargaaffii kanaa waraqaa ittiin guuttannaa digirii lammaffaa( MA) tiif, mataduree, Madaallii Dandeettii Barreessuu Barattootaa Dhimmoota Adda Addaa f:Haala mana barumsaa Saqqaa sad.2ffaa lak.1 keessatti jedhuun hojjachuuf ragaa funaanuufi. Kunis waantota dandeettii barreessuu barattoota Afaan Oromootiin baratan irratti dhiibaa fidan adda baasuun, rakkoo adda baheef furmaata kennuu yaala.Kanaafuu, hirmaannan isin gootan milkaa'ina qorannichaatiif murteessaa waan ta'eef,ragaa dhugaa fi qabatamaa ta'e akka kennitan kabajaan isin gaafadha. Iccitiin isaas dhimmuma qorannoo kanaa qofaaf kan oolu ta'uu isaa isinii mirkaneessa. Gaaffiilee armaan gadii haala gaafatamteen deebii ifaa fi qulqulluu barreessi. Gargaarsa naa gootaniif hedduu galatoomaa!

1- Odeeffannoo Dhuunfaa

Sadarkaa barnootaa: kutaa _______ daree_____ koorniyaa ______ umurii ___

1. Barnoota sadarkaa 1ffaa kutaa 1ffaa-8ffaatti afaan kamiin baratte?

   A Afaan Oromoo B Afaan Amaaraa C Afaan Ingiliffaa D kan biroo

2. Beekumsa seera afaanii ilaalchisee Afaan Oromootin barreessuun hagam cima ?

   A. Baay'ee Cimaa B. Cimaa C. Salphaa D. Baay'ee salphaa

3. Gosoota gilgaalotaa ilaalchisee irra deddeebin kan isiniif kennamu kami?

   A ,Dandeettiwwan afaanii arfaniin kan waalqabatu

   B, Gabaasa Falmii dhiheessuu

   C, Ogbarruuwwan Shaakala barreeffamaan dhiheessuu

   D, Shaakala Caaslugaan kan walqabatu dhiheessuu

   E, Marii garee gaggeessuun gabaasa isaa dhiheessuu

4. Barreessuu Dhimmoota adda addaa keessatti mata dureewwan armaan gadii keessaa ni ulfaata kan jettu kami?

   A. Qormaata barreeffamaa

   B. Xalayaa barreessuu

   C. Abbaltiiwwan garaagaraa barreessuu

   D. Gilgaala kitaaba irraa /hojii manaa/

5. Qabiyyeewwan barnoota afaan oromoo maal irratti kan xiyyeeffatuudha ?

   A. Dandeettiwwan afaanii arfan (dubbachuu, dhaggeeffachuu,dubbisuu fi barreessuu)

   B. Seerlugaa fi hiika jechootaa

6. Shaakallii gilgaalotaa (activit)'n walqabatee dandeettii barreessuu keetii daran fooyyeessuuf isa kam feeta ?

   A .Xalayaa barreessuu B Dandeettiwwan afaan arfan C Abbaltiiwwan garaagaraa D.Seerluga afaanii

7. Yemmuu barreeffama dhimmoota adda addaa barreessitu dogoggorri barreeffamaa ni uummama jettee yaaddee beektaa? A Eeyyee B Lakki

8. Barreeffama keessatti dogoggorri barreffamaa ni uummama yoo ta'e ni gulaaltaa (madaaltaa)?

A Eeyyee B Lakki

9. Dandeettin barreessuu dandeetti ulfaataa /xaxamaadha/ jedhama maaliif jettee yaaddaa?

A.Yeroo hunda shaakala barreessuu waan hingoonef

B.Xiyyeeffannoo addaa waan itti hinkennineef

C. Dandeettiwwan afaanii bakka tokkotti waan ilaalamaniif

D. Uumamumaan dandeetti ulfaataa waan ta'eef

10. Dandeettii barreessuu gonfachuuf hagam shaakallii goota?

A.yeroo hunda B.yeroo baay'ee C.yeroo muraasa D. Baay'ee muraasa

11. Shaakallii garaagaraa dandeettii barreessuu irratti xiyyeeffatu barsiisonni hagam isinii kennu?

1.yeroo hunda 2.darbee darbee 3.muraasa 4.baay'ee muraasa

12. Kitaabileen wabii qabiyyee dandeetti barreessuu cimsu mana barumsaa kee jiraa ?

1. Jira 2. Hin Jiru 3. Hinhubanne

13. Barsiisonni keessan duubdeebii shaakala dhimmoota adda addaa(gilgaalotaa)irratti hagam isiniif kennuu?A.Yeroo hunda B.Darbee darbee C.Muraasa D.Baay'ee muraasa

14. Keeyyata barreessuu keessatti rakkoo baay'inaan si mudatu sadarkeessun kaa'i

A. ______Yaada maddisiisuu (1) _______Sirna tuqaaleetti fayyadamuu (5)

B. ______Walqabatiinsa yaadaa(2) ________Filannoo Jechoota (6)

C. ______Hima ijaaruu (3) _______ Qubguddeessa (7)

D. ______Qubeessuu (4) _________Keeyyata ijaaruu (8

15. Akka qabxii tokkootti wantoota dandeettii barreessuu irratti dhiibbaa uumuu danda'an

A Sadarkaa 1ffaatti qixaan barachuu dhabuu barattootaa dandeettiwwan afaanii arfan

B Mala Baruu barsiisuu keessatti mala baratаa giddu galeeffate fayyadamuu dhabuu barsiisaa

C Wayiitiin barnoota Afaan Oromoof ramadame gahaa ta'uu dhabuu.

D Haalli dhihaannaa daree barnoota Afaan Oromoo mijataa ta'uu dhabuu.

## Dabalee D

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa Fi Namummaatti

Damee Barnoota Afaan Oromoo Fi Ogbarruutiif Kan Dhiyaate

Gaaffilee qorannoo Barsiisotaaf kan dhiyaatan

Kabajamoo barsiisaa/tuu gaaffilee qorannoo kanniin naa deebisuuf hayyamamaa ta'uu keessaniif isinin galateeffadha. Kaayyoon af-gaafii kanaa Madaallii Dandeettii Barreessuu Barattootaa Dhimmoota Adda Addaaf:Haala Mana Barumsaa Saqqaa sadarkaa 2ffaa lak.1 keessatti mata duree jedhu irratti qorannoo adeemsifamuuf odeeffannoo argachuuf.Egaa isinis dhimma kana ilaalchisee gaaffilee dhiyaataniif deebii quubsaa naa deebisuudhaan odeeffannoo barbaachisu akka naaf kennitan abdiin qaba. .

Afgaaffii Barsiisotaaf Dhiyaate

1. Akka mana barumsaa keessanitti kaka'umsii fi fedhiin barattoonni barnoota Afaan Oromootif qaban isin biratti maal fakkaata? Maaliif jetta ?

   ____________________________________________________________

   ____________________________________________________________

2. Barattoota dandeettii barreessuu shaakalsiisuuf xiyyeeffannoo gaarii akka hinkennine maaltu isindaangessa?____________________________________________

   ____________________________________________________________

   ____________________________________________________

3. Qabiyyeen barnoota Afaan Oromoo dareetti barsiiftan irra caalaatti maalin walqabata? Maaliif ?______________________________________________________

   ____________________________________________________________

   ____________________________________________________

4. Barattoonni sad.1ffaa muuxannoo barreessuu hagam fudhatanii dhufan? sitti fakkaata? Maaliif ta'i?______________________________________________________

____________________________________________________________________

____________________________________________________________________

____

5. Dandeettii barreessuu barattoota sirnaan shaakalchiisuuf waanti danqaa ta'e jiraa? Eeyyee yoo ta'e maalif?______________________________________________________

## Dabalee E

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa Fi Namummaatti

Damee Barnoota Afaan Oromoo Fi Ogbarruutiif Kan Dhiyaate

Gaffilee qorannoo kan Barsiisotaaf dhiyaatan

Kabajamoo barsiisaa/tuu gaaffilee qorannoo kanniin naa deebisuuf hayyamamaa ta'uu keessaniif isinin galateeffadha. Kaayyoon af-gaafii kanaa Madaallii Dandeettii Barreessuu Barattootaa Dhimmoota Adda Addaaf:Haala Mana Barumsaa Saqqaa sadarkaa 2ffaa lak.1 keessatti mata duree jedhu irratti qorannoo adeemsifamuuf odeeffannoo argachuuf.Egaa isinis dhimma kana ilaalchisee gaaffilee dhiyaataniif deebii quubsaa naa deebisuudhaan odeeffannoo barbaachisu akka naaf kennitan abdiin qaba

**Bargaaffii Barsiisotaaf Dhiyaate**

Sadarkaa barnootaa__________ Saala________Umurii________

1. Barattoonni Sadarkaa 2ffaa A/O baratan Dandeettii barreeffama gaarii Afaan Oromootiin barreessuu irratti maal fakkaatu?________________________________________________

________________________________________________________________________________

1. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti barattoonni dandeettii barreessuu xiyyeeffannoo itti kennanii akka hordofaniif maal maal taasiftu?

________________________________________________________________________

______________________________________________________________________

Barattoonnii yommuu dhimmoota adda addaa barreessan dogoggora tokko tokko ni uumu. Maddi dogoggora kanaa maal ? akka barsiisaa tokkootti maal jetta? ________________________________________________________________________________

2. Shaakala gilgaalotaa barattoonni hojjatan irratti duubdeebii kennuuf fedhii hagam qabda?Maalii?______________________________________________________________

________________________________________________________________________

3. Barattoonni barnoota Afaan Oromoo qabiyyee dandeettii barreessuu barachuu irratti fedhii hagam qabu jetta ? Maaliif ?___________________________________

___________________________________________________________________________

4. Ilaalcha Dandeettiin barreessuu irratti barattoonni qaban akkamitti ilaalama?

   ___________________________________________________________________________

   ___________________________________________________________________________

   ___________________________________________________________________

5. Fedhiin barreeffama gaarii barattoota shaakalchiisuuf gama keessaniin jiru maal fakkaata?___________________________________________________________________

   ___________________________________________________________________________